# Barumsa

# Amantii Cimsannaa

# Kan

# Waldaa Amantoota Wangeelaa Makaana Yasuus

## (Waldaa Amantootaa BIiftuu Boolee)

(Tekiluu Tesfaayee tiin Fooyyeffamee kan dhiyaate)

Caamsa 2009
Finifnnee

# Barumsa Amantii Cimsannaa

**Kan**

# Waldaa Amantoota Wangeelaa
# Makaana Yasuus
# Biiftuu Boolee

**(Tekiluu Tesfaayee tiin**
**Fooyyeffamee kan dhiyaate)**

**Caamsaa 2009**
**Finifnnee**

Baafata

1. Seensa Barumsichaa ........................................ 8
1.1. Utubaalee Amantii ........................................ 8
1.2. Fayyina Offii Dhugoonfachuu ........................................ 12
1.3. Karoora Fayyinaa ........................................ 12
1.4. Xiinxallii Karoora Fayyinaa ........................................ 14
*1.4.1. Nuti Hojiidhaan hin fayyine ........................................ 14*
*1.4.2. Nuiti Ayyaana Waaqayyootiin Karaa Amantii Fayyine ...... 18*
*1.4.3. Nuti Hojiidhaaf Fayyine ........................................ 19*
2. Barumsa 1ffaa. Seenaa Uumama ........................................ 20
3. Barumsa 2ffaa. Kufaatii namaa ........................................ 23
4. Barsiisa 3ffaa. Waa'ee Waaqayyo ........................................ 27
4.1. Waaqayyo eenyu? ........................................ 27
4.2. Waaqayyo jiraachuu isaa attamitti beeknaa? .............. 27
4.3. Waaqayyoon maaltu adda Godha? ........................................ 30
4.4. Amaloota Waaqayyoo (God's attributes) .................... 33
5. Barumsa 4ffaa. Barsiisa Sadan-tokkummaa (Trinity)... 39
5.1. Yaad-rimee Sadan-tokkummaa ........................................ 39
5.2. Sadan-tokkummaa, Kakuu Moofaa keessatti .............. 40
5.3. Sadan-tokkummaa, Kakuu Haaraa keessatti .............. 42
6. Barumsa 5ffaa. Yasuus Kiristoos (Waaqayyo Ilma) ..... 46
6.1. Yasuus Waaqayyo dhugaa ti. ........................................ 46
6.2. Yasuus Nama dhugaa ti. ........................................ 47
6.3. Macaafni Qulqulluun waa'ee Yasuus maal jedha? ......... 48
7. Barumsa 6ffaa. Hafuura Qulqulluu ........................................ 49
7.1. Hafuurri Qulqullun Eenyu inni? ........................................ 49
7.2. Hojii Hafuura Qulqulluu ........................................ 50
8. Barumsa 7ffaa. Macaafa Qulqulluu ........................................ 52
8.1. Macaafa Qulqulluu kitaabota biroo irraa maaltu adda godhaa? ........................................ 52
8.2. Wantoota sagaleen Waaqayyoo itti fakkeefaman ......... 54
8.3. Barbaachisummaa dhubbiiffachuu/dhaga'uu Wangeelaa 54
9. Barumsa 8ffaa. Abboommii Kurnan ........................................ 54
9.1. Bu'aan Abboommii/seeraa Maal? ........................................ 55
9.2. Ibsa Abboowwiiwanii ........................................ 56
*9.2.1. Abboommii Tokkoffaa: ........................................ 56*
*9.2.2. Abboommii Lammaffaa: ........................................ 57*

*9.2.3. Abboommii Sadaffaa:...............................................58*
*9.2.4. Abboommii Afraffaa:................................................59*
*9.2.5. Abboommii shanaffaa: .............................................59*
*9.2.6. Abboommii ja'affaa.................................................60*
*9.2.7. Abboommii Torbaffaa:..............................................62*
*9.2.8. Abboommii Saddeettaffaa: .......................................63*
*9.2.9. Abboommii Sagalii fi Kudhan.....................................65*
9.3. Xumura Abboommii kurnanii: ................................. 66
10. Barumsa saglaffaa. IRBAAATA QULQULLUU ........... 67
10.1. Seensa:............................................................ 67
10.2. Irbaatni Qulqulluun Maal Inni? Yoomis Jalqabame? .... 67
10.3. Wahiyyoota Irbaata Qulqulluu keessaa..................... 67
10.4. Kaayyoo Irbaata Qulqulluu fudhachuu...................... 68
10.5. Bu'aa Irbaata Qulqulluu irraa hirmaachuu................. 68
10.6. Kennaa Irbaata Qulqulluu eenyutu fudhata? ............. 69
10.7. Namni tokko yoom Irbaata Qulqulluutti dhiyaachuu danda'a? ..................................................................... 70
10.8. Irbaata Qulqulluu fudahchuu booda akkamitti jiraanna? 70
11. Barsiiisa 10ffaa: Cuuphaa Qulqulluu........................ 72
11.1. Cuuphaan maal inni?............................................ 72
11.2. Waa'ee cuuphaa wantoota hubatamuu qaban. .......... 72
11.3. Eenyutu cuuphuu danda'aa?................................... 73
11.4. Kakuu Moofaa keessatti gaaddidduuwwan cuuphaa qulqulluu .................................................................... 73
11.5. Eenyutu cuuphama: Daa'ima moo Nama ga'eessa?.... 74
11.6. Namni tokko si'a meeqa cuuphama?........................ 75
12. Barumsa 11ffaa. Kadhata (prayer) ......................... 76
12.1. Kadhannaan Maali? .............................................. 76
12.2. Maaliif Kadhanna?................................................ 76
12.3. Attamitti kadhannaa? ........................................... 77
12.4. Yeroo Attamii Kadhanna? ...................................... 78
12.5. Kadhata Gooftaa Yasuus barsiise............................ 79
13. Barumsa 12ffaa. Kurnoo......................................... 88
13.1. Kurnoon maal? Yoomis jalqabe?............................. 88
13.2. Kurnaffaa Eenyufaatu Baasaa?............................... 90
14. Barumsa 13ffaa. Seexana..................................... 92

14.1. Seexanni Eenyu? Essaas Dhufe? ............................ 92
14.2. Tooftaalee Seexanaa: .......................................... 95
14.3. Maqootaa Seexanaa ............................................ 97
14.4. Amanaan tooko Seexana akkamitti mo'ata?............. 99
15. Barumsa 14ffaa. Soortummaa (Stwardship) .......... 100
15.1. Hiikaa fi madda yaadrimee Soortummaa ................100
15.2. Gosoota hojii soortummaa ..................................103
*15.2.1. Namummaa sooruu ........................................... 103*
*15.2.2. Lubbuu Sooruu ............................................... 104*
*15.2.3. Soortummaa Yeroo ........................................... 107*
*15.2.4. Sortummaa qabeenyaa/leeccalloo ykn Maallaqaa....... 108*
16. Barumsa 15ffaa. Waldaa Kiristaanaa (church)........ 109
16.1. Waldaa kiristiyaanaa jechun maal jechuu dha?.........109
16.2. Amaloota Waldaa ishee Dhugaa taatee ..................112
*16.2.1. Tokkummaa ..................................................... 112*
*16.2.2. Qulqullummaa (holy)......................................... 113*
*16.2.3. Guutummaa ykn hundumaa kan of keessatti hammattu 114*
*16.2.4. Ergamtummaa (Apostilic).................................... 114*
16.3. Hundeeffama Waldaan Kiristaanaa .........................115
16.4. Bulchiinsa waldaa ...............................................115
*16.4.1. Caasaa Bulchiinsa Waldaa (gadii hamma oliitti) ......... 115*
16.5. *Xumura.* ............................................................117
17. Barumsa 16ffaa. Dhugaa Bahuu Amantii Kiristaanaa 119
17.1. Dhuga Bahuu Amantii isa kan Ergamootaa .............119
*17.1.1. UUmuu ............................................................ 121*
*17.1.2. Faayisuu ......................................................... 122*
*17.1.3. Qulqulleessuu .................................................. 123*
17.2. Dhugaa bahuu Amantii Niiqiyaa .............................124
17.3. Dhuga bahumsa Amantii isa kan Atenaatewoos........125
18. Barumsa 17:Deebi'ee Mul'achuu Gooftaa fi Guyyaa Dhumaa ........................................................................ 128
18.1. Seensa ...............................................................128
18.2. Sababoota Deebi'ee dhufuu Gooftaa .......................128
18.3. Yeroon isaa .........................................................130

18.4. Bifa akkamiitiin Dhufa? ......................................131
18.5. Du’aa Ka’uu ...............................................132
18.6. Du’aa ka’uun foonii ti......................................132
18.7. Firdii dhumaa ...............................................132
Kitaabilee Wabii: ...................................................... 133

# 1. SEENSA BARUMSICHAA

## 1.1. UTUBAALEE AMANTII

Barumsa amantii cimsannaa isa jedhamu kana keessatti, maal akka amannee fi amantii keenya immoo jabeeffachuuf wantoota nu barbaachisan baranna.

Akka nama reef amaneetti(gooftaa fudhateetti) wanti beekuun nu barbaachisan hedduutu jiru. Tokko tokkoon wantoota beekuun siif ta'an barachuutti otuu hin darbin dura garuu, dhimmoota gurguddoo jireenya amantii keetiif barbaachisaa ta'an afur seensa barumas kanaa keessatti baratta.

Isaanis:

1. **Waaqayyo Namoota in Jaallata:** _siinis Waaqayyo si jaalata._

**<[]>**Jaalalli Waaqayyoo immoo irra caalaatti Karaa Yasuus Kiristoosiin Mul'ate.

*Yoh.3:16 Waaqayyo tokkicha Ilma Isaa hamma keennutti guutummaa biyya lafaa jaallate*

*Rom.5:8 Kiristoos nuuf du'uu isaatiin Waaqayyo jaalala nuuf qabu agarsiise*

**<[]>**Jalalli gaarummaatti gammada malee miidhama isa jaallatuutti hin gammadu. Mitii? Waaqayyo cubbuu hin jaal'atu. Cubbamaan immoo akka du'u hin barbaadu.

*Hisqeel 18:23, 32; Hisqeel 33:11*
*Faaruu Erm 3:33*
*Hos 11:8*
*2Xim.2:4*
*2Phex 3:9*

**<[]>**Kutaa kana irra dhaabadhuutii Waaqayyo jaalala Inni siif qabuuf Isa galteeffadhu! Utuu Inni siin hin jaalatu ta'ee, yeroo ati cubbuu hojjette, yeroo diinonnii kee si irratti ka'an, yeroo namoonni hamaa si irratti yaadan, Yeroo atumti immoo of irrattti hamaa yaadde, badiisa guddaa badda turte. Jireenyas otuu hin argatin hafta turte. Ulfina otuu hin ta'in, dhiphina barabaraatu qooda kee ta'a ture. Jaalalli Waaqayyoo garuu kunoo abdii jireenya barabaraa siif laateera.

**2. Hundumatu Yakke:** *Atis nama cubbamaa/mtuu dha*

**<[]>**Waaqayyo siin si jaalata malee, cubbuu kee ijaa ba'uu barbaada. Cubbuun seera irra daddarbuu dha. Cubbuun Namaaf Waaqayyo gidduutti gargar bahumsa uuma.

*Lallba 7:20- namni cubbuu hin qabne tokko illee hin jiru*
*Rom 3:19-23 Hundumatu yakke*
*Gal.3:22 Hundumtuu cubbuu jala galee jira*
*1Yoh.1:8 Cubbuu hin qabnu yoo jenne of sossobna*

3. **Gatiin cubbuu du'a:** *Yasuus Kiristoos keessa hin jirtu taanaan atis du'a/tu dha*

**<[]>**Duuni kunis barabaraan Waaqayyottii gargara bahuu dha. Duuni gosa sadiitu jira.

- *Du'a foonii*===isa foonnii fi lubbuun gargar bahu. Duuni akkasii kun gaaf Addam cubbuu hojjete jalqabee nama irratti mo'e.
- *Du'a hafuuraa*===Isa otuma fooniin jiranii, hafuuraan garuu Waaqayyoottii gargar bahanii jiraatani. Addaan cituu wal-qunnamtii namaa fi Waaqayyo gidduu jiru irraa kan dhufu. Namni tokko utuu gara Gooftaa Yasuus dhufee Isa Gooftaa jireenya isaa hin godhatin dura, karaa hafuuraa du'aa dha. (Efe.2:1-5; 4:18; 1Xim.5:6; Mul. 3:1)
- *Du'a lubbuu===* Kun isa guyyaa dhumaatti, warri karaa Kiristoositti amanuu araara Waaqayyoo hin fudhatin Seexanaa fi ergamoota isaa wajjin galaana abiddaatti darbataman kan agarsiisu dha (Mul.20:11-15). Kunis barabaraan Waaqayyoo, Isa gammachuu fi nagaa akkasumas boqonnaa namaaf kennuu, irraa gargar bahuu dha. Abdii tokko malee dhiphina xumurama hin qabne keessa jiraachuu!
- 

**<[]>**Warreen kun sadeen walumaa galatti **du'a** jedhamu. Yoodhuma hundi isaanii gatii cubbuu ta'an iyyuu, isa jalqabaa nama hundumaatu dhandhama. Inni lammaffaan immoo isa sadaffaatti ceesisa. Kana jechuunis, namni tokko Yasuus Kiristoosiin amanuudhaan du'a hafuuraa keessaa hin dammaqu taanaan dhiphina bara baraa jalaa karaa ittiin hafuu danda'u tokko illee hin qabaatu.(Efe.5:14)

**<[]>**Wantoota cubbuun nama irratti fidu keessaa inni guddaan Waaqayyotti gargar baasuu dha. Kunis karaa biraa du'a jechuu dha. Waaqayyottii gargar bahuun immoo, jireenyattii, nagaattii, ulfinattii, gammachuuttii gargar bahuu dha. [*Mee atumti halkan itti waa sodaattee ykn dhiphattee halkanni sitti dheerate yaadadhu: "Yoom bar'aa?" halkan itti jette. Bara baraaf nagaattii adda bahuun hoo hammam caalaatti ulfaataa ta'uu danda'a ree?*]

*Isa.48:22 Nama cubbumaadhaaf nagaan hin jiru*
*Hisq.18:4,20; Luubuuu cubbuu hojjetutu du'a*
*Roma. 6:23 Gatiin nama cubbuu hojjetuu du'a*
*Rome.5:12—Hundumtuu waan yakkaniif duuni nama hundumaatti dhufe*
*Yaaqob 1:15 cubbuun du'a deessi*
*Mul'ata 21:8—cubbuun galaana abiddaatti gatamuutti nama geessa*

4. **Karaa Kiristoositti amanuu abdiin jireenyaa dhala namaatiif jira:** <u>*Atis Yasuusiitti Amanuudhaan Fayyite!*</u>

AKkuma armaa olitti arginetti, cubbuun nama ajjeesa. Cubbamaanis ni du'a. Garuu kun seenaa isa dhumaa miti. Ammallee nama cubbamaadhaaf abdiin jireenyaa waan jiruuf.Eessaa?

**<[]>** Cubbuun dhala namaa akka galaanaatti liqimsee jira. Namni galaanaan liqimsfame kan biraa kan isa baasu barbaada. Kanaa achi du'a ooluu hin danda'u. Akkasuma namni cubbamaan du'a jalaa olluu kan inni danda'u gargaarsa yoo argate qofa. Garagaarsi galaana cubbuu keessaa nu baasuu danda'u immoo <u>fayina karaa Gooftaa Yasuus mul'ate qofa</u>. Namni Yasuusitti amanauudhaan dhiiga Isaatinis dhiqachuudhaan qulleeffama. (1Qor.6:11; HoE. 26:14-18, 1Phex.1:2).

Dhugaan ati amantee, itti cimuuf deemtu egaa isa kana.

**<[]>**Ati gaafa Yasuustti amantee kaaftee wantoota hedduu argatte keessaa warren gurguddoon:

i. <u>**Mucaa Waaqayyoo tate**</u>

*Yoh.1:11-12- Warra isa simataniif ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif gooftummaa isaaniif kenne; isaanis warra Maqaa isaatti amananidha*

Warri Ijoollee Waaqayyoo ta'an immoo mootummaa abbaa isaanii ni hirmaatu.

*Rom.8:17Ijoollee Waaqayyoo erga taanee warra waan hundumaa isaa wajjin argatan in taana.*

*Galatiyaa 3:29—sanyii Abriham erga taatanii waan Waaqayyo abdachiise ni argattu*

Yoh.1:11-12- Warra isa simataniif ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif gooftummaa isaaniif kenne; isaanis warra Maqaa Isaatti amanan dha.

ii. *Dhiifamuu cubbuu keetii argatte*

*Qol. 1: 12-14 Ilma Isaa kanaan furamuu, dhiifamuu cubbuus arganneerra.*

*Rom.8:1 Warra Kiristoositti amananitti firdiin itti muramu hin jiru*

*HoE.10:43-Namni isatti amanu hundinuu Maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu in argata*

*HoE.13:38-39 Yasuusitti kan amanu hundinuu hiikama ni argata*

*HoE.26:18 Yasuus, "Anatti amanuudhaan dhiifamuu cubbuu isaanii argaranii…"*

*Ibiro.9:22,28 –Dhiiga malee dhiifamni cubbuu hin jiru*

**iii. Jireenya barabaraa qabaatte**

*Yoh.5:24 Namni anatti amanu du'aa gara jireenyaatti darba*

*Rom.5:21-Karaa Yasuus jireenyi barabaraa mo'a*

*Tit. 3:7 Waaqayyo, ayyaana Kirstoosiin qajeelotatti lakkaa'amenee, abdii jireenya barabaraa akka argannuuf kana nuuf godhe*

*1Yoh.2:24-25- Abdiin Waaqayyo nuuf kenne jireenya barabaraa ti.*

iv. **Kennaa Fayyina fudhatte**

Namni tokko gaafa Gooftaa Yasuusiin jireenya isaa irratti moosisu yookiin immoo fayyisaa jireenya isaa godhee fudhatu, fayina argata. (Rom3:23-26; Efe2:4-5;2Tes 1:8-10)

Akka kutaalee kana keessatti arginutti:

- Namni tokko gaafa sagalee Waaqayyoo dhaga'ee, Yasuusiin garaa isaa guutuu gara jireenya isaatti affeeru, Gooftaan gara jireenya isaa ni dhufa.

- Namni Yasuusiin jireenya isaatti affeeruudhaan isa simate immoo Mucaa Waaqayyoo ta'uuf gooftummaa (aboo) argata.
- Namni Yasuusiin amanuudhaan mucaa Waaqayyoo ta'e kun immoo jirenya bara baraa qabaata(1Yoh.5:10-12)

### 1.2. Fayyina Offii Dhugoonfachuu

Namni tokko amantii isaa cimsachuuf, bu'aa amanuun isaa isa irratti fide beekuu fi dhugoonfachuu qaba. Haaluma kanaan, amanaan tokko jireenyicha isa Yasuus Kiristoositti amanuudhaan argate mirkaneeffachuu hin danda'u taanaan jabaachaa fi guddachaa deemuu hin danda'u. Yeroo hundumaa mamaa fi sodaataa jiraata.

Kanaaf, kutaa jalqabaa kana keessatti amanaan tokko akkam godhee fayina isaa mirkaneeffachuu akka danda'u ilaaluuf yaalla. Utuu gara mirkaneeffachuu hin deemin dura garuu gaaffilee barbaachisummaa qaban sadii deebisuudhaan haa jalqabnu. [Deebii kee ofuma keetiif yaadannoo ofii kee irratti qabadhu.]

1. Gaafa duutu, 'Mootummaa Waaqayyootti nana gala' jettee ni yaaddaa?__________
2. Ni galalta haa jennu. Yeroo mootummaa Isaatti si galchu 'Waaqayyo maal faa ilaalee ana galcha' jettee yaadda?
3. Ani Mootummaa Waaqayyootti galuu koo dura kana siirreessuutu ana irraa eegama wanti ati jettu ni jiraataa?

Gaaffileen kunniin hubannoo ati Karoora fayyinaa Waaqayyo siif qabuuf qabdu sakkata'uuf si gargaara. [Deebii sagaleen Waaqayyoo gaaffilee kanaaf deebisu itti fuftee yeroo dubbiftu argachuu dandeessa.]

### 1.3. Karoora Fayyinaa

Amantaalee mit-Kirstaanaa ta'an mara keessatti waa'een fayyinaa icciitii gaafa Guyyaan Firdii ga'u bakkeetti bahu qofa godhamee ilaalama. Akka isaan jedhanitti, Waaqayyo erga hojii isaanii madaallii irra kaa'ee ilaalee booda kan baramu dha. Macaafni Qulqulluun garuu bifa biraadhaan barsiisa. Mee 1Yoh. 5:11-13 irra deebi'ii dubbisi.

> *"Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jireenyi barabaraa kunis Ilma Isaa keessatti argama. Namni Ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni Ilama Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu. Isin warri maqaa Ilma*

*Waaqayyoottiamantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe."* 1Yoh. 5:11-13

Kutaa kana keessatti yaadota fayyina keenya mirkaneeffachuuf nu gargaaran sadii argachuu dandeenya.

1. Waaqayyo jireenya barabaraa nuuf *kenne*.

Jireenyi barbabaraa kennaa Waaqayyoo biraa namni argatu dha. Kennaan immoo mindaa ykn gatii itti dadhabne waan argannu miti. Kennaan arjummaa isa kennuu irratti hundaa'ee kan godhamu dha. Kennaan kunis kan amma fudhachuu dandeenyu dha. Asuma biyya lafaarra otuu jirruu jireenyicha jalqabna.

2. Namni Ilama Waaqayyoo qabaatu Jireenyicha qaba

- Yasuusitti kan amanuu fi Isa kan simatutu, Isaa wajjin jireenya bara baraa qabaata; sababni isaa jireenyichi Yasuus Keessatti waan argamuuf
- Jireenyicha har'aa jalqabnee kan qabaannu yoo ta'u, guyyaa booddetti immoo gutummaatti dhaalla/keessa galla.

3. "Jireenya barabaraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe" (lk13)

    - Warri Yasuusitti amanan ammuma iyyuu jireenya barabaraa argachuu isaanii **beekuu** ni danda'u. Kana jechuunis, Kennaa jireenya bara baraa akka fudhatan beekuun ni danda'amaaf jechuu dha.
    - Kanaafuu, amanaan tokko jireenya bara baraa argachuu fi hin argannee isaa baruuf dirqamatti guyyaa firdii eeguun isa irra hin jiru. Sababni isaa immoo jireenyi bara baraa kun Ilma Waaqayyoo- Yasuus Kiristoos- keessatti argama waan ta'eef, Yasuusiin of keessaa qabaachuu isaa beeknaan, Isa keessatti jireenya argachuu isaa ni beeka waan ta'eef.
    - Waaqayyo nu jaallatee gatii guddaa nuuf baase –tokkicha Ilma Isaa du'atti dabarsee kennee. Basii hammana ga'u erga nutti baasee booda, jireenya shakkiin guute akka jiraanu hin fedhu. Sababni isaa immoo, Inni waan nurraa barabaadu ibsee lafa kaa'eera. Nus isa Inni nurraa barbaadu kana gochaa jiraachuu keenya fi dhiifnee jiraachuu keenya beekuu ni dandeenya. Yasuus karaa jireenyaa, buddeena jireenyaa, bishaan jireenyaa,

du'aa ka'uu fi jireenya... akka ta'e Macaafni Qulqulluun nutti hima. Egaa karaa Yasuus Waaqayyo duratti ija jabina guddaa qabna.

- Garuu as keessatti hubachuun kan nuuf ta'u jira. Daawwaa dhukkuba ofii manaa qabaachuun dhukkubichattii fayyuu jechuu akka hin taane, Yasuusiin fayyuun keenya Yasuusitti jiraachuudhaanis akka mul'atu dagachuun nurra hin jiraatu (Yoh.15:4).

### 1.4. Xiinxallii Karoora Fayyinaa

Jireenya bara baraa qabaachuu fi yeroo duunu(asii godaannu) Waaqayyo bira akka dhaqnu maaliin beeknaa?

- Macaafni Qulqulluun Waaqayyo karoora namoota fayyisuu akka qabu barsiisa. Waaqayyo namni hundinuu gara Isaatti deebi'ee araara akka argatu barabaada. Kanaaf jedhees, maal gochuun akka nuuf ta'u mul'ise; Waaqayyo wanta fedhu nu hin dhoksine.
- Haal-dureen fayyinaa karoora Waaqayyoo kana keessatti addeeffamee jira. Karoorichis furmaata rakkoo dhalli namaa keessa galee jiruu ti. (Rom.3:23, 6:23a).
- Waa'ee karoora kanaa ergamichi Phaawuloos yeroo ibsu wantoota inni jedhu mee **Efe.2:8-10** keessaa dubbisi.

  Kutaa kana keessatti, Xuqaalee xiyyeeffannoo sadii ilaaluu dandeenya.

  1. Nuti Hojiidhaan hin fayyine.
  2. Nuiti ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyine
  3. Nuti hojiidhaaf fayyine

Mee sedeen kana tokko tokkoon haa ilaallu.

#### *1.4.1. Nuti Hojiidhaan hin fayyine*

Amantaalee lafa kana irra jiran heduun namni hojiidhaan qofa akka fayyu barsiisu. Hojii fuula Waaqayyoo duratti faara tolaadhaan akka ilaalamnu nu godhu ga'aa qabaachuun akka namarra jirus cimsanii barsiisu. Kun karaa biraan immoo, kan Waaqayyo, "Nama kanaaf fayyinni ni ta'a" jedhu hojii keenyaan garaa Isaa mo'annee yeroo argamnudha jechuutti nu geessa.

Akka barsiisa Macaafa Qulqulluutti garuu, yaadni yookiin ilaalchi kun rakkoo guddaa of keessaa qaba. Akka nuti yaada/ilaalcha kana hin fudhanne kan nu godhan saboonni lama maqaa dhahamuu ni danda'u. Tokkooffaan, Waaqayyo qulqulluu ta'uu isaa yoo ta'u, inni lammaffaan, immoo Namni cubbamaa ta'uu isaa ti.

- **Qulqulluu ta'uun Waaqayyoo** akkamitti hojii keenyaan akka hin fayyine nu daangessa? Waaqayyoof qulqullummaan amala Isaa ti. Qulqullummaa Isaatiinis Waaqayyo mudaa hin qabu. 1Yoh. 1:5 "Waaqayyo ifa dukkanis Isa bira raawwatee hin jiru" jedha. Kanaafuu, namni hojii isaatiin fayyuu danada'a taanaan safartuu qulqullummmaa Waaqayyoo kana guutuutu isaaf ta'a. Cubbuun tokko iyyuu garuu keessatti argamnaan namichi kun gara Waaqayyootti dhiyaachuu hin danda'u. Yaaqob 2:10 keessatti namni abboommii tokko cabse akka hundumaa cabsetti akka lakkaa'u dubbifna. Waaqayyo immoo qajeelaa (kan firdii hin jal'ifne) waan ta'eef nama seera Isaa hundumaa cabse utuu hin adabin hin dhiisu. Kanaafuu, dhalli namaa hojii isaa isa guutummaatti gaarii ta'een Waaqayyo duratti dhiyaachuu danda'a jechuun guutummaadhumatti nama abdii jireenyaa irraa fageessuu ta'a.
- **Jirenyi namaa cubbuudhaan guutuu** dha. Kana jechuunis, namni namummaa cubbuun dhaale qaba. Kanaafuu, ni cubbama; seera Waaqayyoo guutee eeguu hin danda'u. Safartuu qulqulluummaa Waaqayyo irraa barbaadu irraa kufeera.(Rom3:23). Kana irraa kan ka'e, firdiin/dheekkamsi Waaqayyoo nama cubbamaa irra jira. (Efe.2:3). Cubbuun Waaqayyottii akka adda nama baasu armaa olitti ilaaluun keenya ni yaadatama. (Isa 59:2).

Kanaafuu egaa, ammuma iyyuu hojiin keenya fuula Waaqayyoo dura nu dhaabachiisuuf ga'a miti. Kana jechuun garuu, 'Hojii gariin nuuf barbaachisaa miti; waanuma feenes hojjechuu ni dandeenya' jechuu akka hin taane daballe yaadatti qabachuun barbaachisaa dha.

Hojiidhaaf fayyine malee hojiidhaan hin fayine. Namni tokko yeroo barreessu akkas jedhe: Waan hin ta'in ta'uu hin dandeenyu (*We cannot be what we are not!*). Otuu hin fayyin dura, uumaama(nature) keenyaan nuti cubbamoota. Yeroo fayyinu Hafuurri Qulqulluun nu keessa jiraachuu jalqaba.

Inni Keessa keenya waan geddaruuf, ergasii hojii garii godhachuu dandeenya.

1Yoh.3:7-10 'kan Waaqayyo irraa dhalate cubbuu hojjechuu itti hin fufu' jedha.

Jijjiiramni akkaataa jireenya keenyaa irratti dhufu fayyinaaf ragaa ta'a. Jijjiiramichis kan itti fufu malee, kan al tokko qofa ta'ee dhaabatu miti. Haa ta'u iyyuu malee, inni guddaan yeroo Yasuusiif of laannu ta'a. Jijjiiramoota gurguddoo yeroo namni tokko Yasuus Kiristoosiin gooftaa jireenya isaa godhatee fudhatu ta'an keessaa sadii caqasuun barbaachisaa ta'ee nutti mul'ata. Isaanis:

1. Waaqayyoof jiraataa ta'uu: Wantoonni Waaqayyoo wajjin wal-qabatan (kanneen walitti dhufeenya keenyaa fi kan Isaan wal hidhatan jedhuu dha) kan akka waldaa dhaquu, sagalee Waaqayyo dubbifachuu, kadhachuu fi tokkummaa obbolootaa keessatti qooda fudhachuu amma nutti toluu jalqabu. Dhimmoota iddoon kennamuufiif ta'an ta'anii nutti mul'achuu jalqabu. Wantoonni dur nuti akka gowwummaa fi yeroo gubuutti lakkoofnu amma nuuf barbaachisoo fi kan gatii nu argachiisan ta'anii nuuf mul'atu.

2. Cubbuu hubachuu: cubbuun dur tuffannu(yoo goone salphaa nutty fakkaatu) amma nutti ulfaachuu jalqaba. Isa yoo goonee argamne, hafuurri Waaqayyoo inni nu keessa jiru baay'ee nu ceepha'a.

3. Yasuusiin fakkaachaa adeemuu. Akkuma Kiristoos Abbaa Isaa gammachiisuuf tajaajilaa ture, nus wantoota Waaqayyoon gammachiisantu qalbii keenya qabataa adeemna. Amala bara dheeraaf irraa cituu dadhabde yoo qabaanne illee, yeroo gabaabaatti dhiifna. Suuta suutaan amalli keenya geddaramaa adeemuu qofa otuu hin taane, geddarmni keenya gara Kiristoosiin fakkaachuutti ta'a.

Egaa bu'uurri fayyina keenyaa miira (feeling) keenya otuu hin taane, dubbii Waaqayyo ta'uu mala. Fayyina keenya kan amma mirkaneeffachuu dandeenyus isumaan. Dubbiicha irratti hundoofnee.

Seera Lakkoofsaa 32:19 yeroo dubbifnu akka tasumaa Waaqayyo hin sobne dhugaa baha. Kanaafuu, Sagalee Waaqayyoo dhageenyee, otuma gowwumma fakkaatullee taanaan Isa amanuun, isa Waaqayyo jedhe nu argachiisa.

Keennaa Fayyinaa Waaqayyo nuuf kenne kan ofii keenyaa godhachuuf wantoota lamatu nurraa barbaadama: qalbii diddiirannaa fi Amantiidhan fudhachuu.

**Qalbii diddiirannaa**

- Qalbii diddiirannaan, cubbuu dhiifnee Waaqayyotti deebi'uuf, murtii yaada garaa geddarachuuf godhamu dha. HoE.2:19 "himachuu fi irraa deebi'uu"
- Namni qalbii diddiirannaan dhugaa godhatu tokko wantoota sadii raawwata. Isaanis:

    1. **Cubbutti gaabbuu (conviction), (2Qor.7:10):** Itti gaabbuu dhugaan akka Waaqayyoon yakkine beeknee, itti yeella'uu dha. Kunis cubbuu hojjennetti, itti ceepha'amuu of keessaa qaba. Cubbuutti akka ceepha'amnu kan nu gargaaru Hafuura Qulqulluu dha. Namni hojii inni hojjete sirrii akka hin taane otuu hin beekin 'cubbuu himachuun' isa rakkisa. Duraan dursa ofii isaatii yakki inni godhe yakka ta'ee itti mul'achuu fi sirrii akka hin taane itti dhaga'amuutu irra jiraata.

    2. **cubbuu himachuu (confession) (1 Yoh. 1: 9):** Himachuun waa'ee cubbuu itti gaabbine sanaa, baafnee Waaqayyotti dubbachuu dha. Waaqayyos kan Inni dhala namaa irraa barbaadu isa kana. Akka namni cubbuutti gaabee Isatti himachuudhaan araara gaafaatu barbaada. Waaqayyo nama cubbuu isaa dhokfatutti hin gamadu; namni akkasii Waaqayyo biraa fayyina hin argatu(Fak.28:13)

- UUmama 3: 12-13 Addaam himachuu dhiisee Hewaanitti quba qabuun isaa Jannata keessaa isa baase
- 1Samu'el 15:13-18; 24-25 saa'ol cubbuu isaa dhokfachuu yaalee abaaramaa ta'e

- Faars.32:3-5 'ani cubbuu koo himadhee jennaan Waaqayyo anaaf dhiise jedha Daawit
- Fakkenya 28:13 Cubbuu isaa kan dhokfatu fayyummaa hin argatu
- Erm. 2:22-23 Waaqayyo maaliif himachuu dhiiftanii dhoksituu jedhee saba isaa komate
- Maat. 23:25-28 Yasuus Warra Fariisotaa qulqulloota of fakkeessanitti dheekame
- Lewwoota 26 :39-42; 1Mootota 8:47-49; Far51:1-5,10; Erm 3:12-13;Dan 9:20-23; Luq 15:18-24; 1 yoh 1:8-10

3. **Cubbuu irraa deebi'uu (conversion) (2Xim. 2:19):** Karaa cubbuu fi jireenya cubbuu irraa gara Kiristoositti deebi'uudhaan, karaa jireenyaa haaraa jalqabuun qalbii diddiirannaa keenya dhugaa fi fiixaan bahaa godha. Kana jechuun garuu, deebinee yakkuu hin dandeenyu jechuu miti. Garuu dhugaadhaan Waaqayyoof hojjechuuf akkasumas cubbuu irraa deebi'uuf barbaaduu keenya kan agarsiisuudha malee.

- Erm 7: 3-7; 26:13 karaa keessan sirreeffadhaa
- Maat. 3:6-10 Cubbuu himachuun qofaan ga'aa akka hin taanee fi ija godhachuun akka barbaachisu
- HoE 26:20 qalbii diddiiratanii irraa deebi'uu
- Gal. 5:22-23
- Filip. 1:11

### *1.4.2. Nuiti Ayyaana Waaqayyootiin Karaa Amantii Fayyine*

Fayinni wanta nuti hojii keenyaan arganne miti. Kana jechuudhaan garuu nuti fayina keenya keessatti ga'ee tokko illee hin qabnu jechuu miti. Nus taanee Waaqayyo fayina keenya keessatti qooda qabna. Haa ta'u iyyuu malee garuu, shoora isa guddaa Waaqayyotu haasa'e.

*Ga'ee Waaqayyoo*: Fayyina nuuf **kenne**. Inni Karaa fayyinaa, Ilma isaa Yasuus Kiristoosiin, nuuf erge. Yasuus immoo bakka keenya du'uudhaan gatii cubbuun nutti fidu hundaa baase. Isa irraa kan ka'e cubbamoonni amma fayyina Waaqayyo kennu argaachuu ni danda'u.

*Ga'ee Keenya*: Nus immoo ***amantiidhaan*** harkaa fudhachuun ga'ee qabna. Amantii akkamii?

- Nuti Yasuu Kiristoositti amantiidhaan fayyine. Kunis Wangeela Kiristoosiin amannee simachuudhaan jechuu dha. Marq.1:5

- Amantiin itti walii galuu fi irratti of gatuu of keessaa qaba. 'Waan kun akkas' isa jedhutti walii galuu qofaan amantii hin jedhamu. Fakkeenyaaf: 'Waaqayyo danda'aa dha' yaada jedhutti waliif galuu otuu hin ta'in, hala rakkisaa keessa dhaabatanii Waaqayyo haalicha dabarsuu akka danda'u fudhachuutu amantii dha.

  Fkn. Ayyana Fannoo fi du'aa Ka'uu Yasuus biyya guutuutu ayyanefata. Garuu biyyi keenya guutummaatti Yasuusiin qaba?
- Namoonni baay'een Yasuus karaa fayyinaa akka ta'e utuu beekanii garuu hin fayyan (Yaaq.2:19).
- Abdii fayyina ofii hojii ofii irra utuu hin ta'in, hojii araarsuu Isaa irra ta'uu beekanii, Gooftaa Yasuus irraa ija kaa'achuun ammantiidhaan fayyuu jedhama.

### 1.4.3. Nuti Hojiidhaaf Fayyine

Nuti akka hojii gaarii hojjechuu dandeenyuuf fayyifamne. Kanaafuu, erga fayyinee booda, wanti akka hojjennuuf nurraa barbaadamu ni jira. Innis hojii gaarii dha. Hojii gaariin kan nuti ittiin fayyine otuu hin ta'in, kan erga fayyinee booda fayyuu keenya mulísuuf hojjennu dha.

Yaada kana sirriitti hubachhuuf, mee luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu kanatti aananii dhiyaatan qayyabadhu: Maat 5:16; HoE. 9:36; 2 Qor 9:8; Qol 1:10; 2 Tes 2:17; 1 Xim 2:10; 5:10; 5:25; 6:18; 2 Tim 2:21; 3:17; Titos 2:7; 2:14; 3:1; 3:8; 3:14; Ibr. 10:24; 13:21; 1 Phex 2:12

## 2. BARUMSA 1^FFAA^. SEENAA UUMAMA

Waaqayyo Inni nuti Waaqeffannu Isa waan hunumaa uume dha. *Uume* yeroo jennu, waan hin jirre tokko gara jiraachuutti fide jechuu keenya. Waanta hin jirree fi duwwaa ta'e irratti dubbatee, wanta jiruu fi guutuu ta'e tokko mul'ise jechuu keenya.

Jechi *uumuu* jedhamee Macaafa Qulqulluu keessatti hiikame, jecha Afaan Ibiraayisxii, '*Bara*' jedhu irraa dhufe. Kana jechuun waan hin jirree jiraachisuu yaad-rimee (concept) jedhu of keessaa qaba.

Jechi kun Waaqayyo qofaaf jecha fayyadu dha. Sabani isaa wanta namni hojjetu hunumtuu waanta jiru irraa ka'ee, waan jiru tokko bifa tokko irraa bifa biraatti geddaruu waan ta'eef in uume jechuu hin dandeenyu.

Fakkeenyaaf, Namni Waraqaa muka irraa hojjete. Kana jechuun uumama isa tokkotti fayyadamee wanta biraa tokko tolche malee waan hin jirre irraa waraqaa uume miti. Kanaaf Waraqaa hojjechuun namaa, uumuu isa Waaqayyo raawwatee wajjin wal bira qabamuu hin danda'u.

Seera Uumamaa 1:1-2:4 dubbisi. Akka kutaa kana keessaa dubbifnutti, Waaqayyo guyyoota[1] ja'a keessatti wantoota nuti hara'a arginu fi hin argine, wantoota nuti beeknuu fi hin beekne, wantoota nuti bira hin ga'in jirruu baay'ee illee uume ykn jiraachise (brought to existance)!

Tartiibni inni ittiin waantoota hunumaa kana uumes kan ogummaa fi beekumsa dinqisiisaan guute dha. Isa keessatti Waaqummaan isaa, jabinni isaa, dandeettiin isaa, akkasumas guddinni isaa mul'ateera. Mee tartiiba uumamaa akkaataa salphaatti haa ilaallu.

**Guyyaa tokkoffaa (uum.1:1-5)**

- Bantii Waaqaa tii fi lafa (heavens and the earth) uume
- Dukkana fi Ifaa (halkanii fi Guyyaa) uume. "*Ifni haa ta'u!*" jedhee.

**Guyyaa lammaffaa (1:6-8)**

[1] Beektonni tokko tokko isa guyyaa jedhamee barreeffame kana jaarraa baay'ee ta'uu akka danda'utti dubbatu.

- Bantii akka waciitii gombifame tokko uume [firmament(eng)/Xefer(Amah.]. Bantii akka Waciitii gombifame kana 'Waaqa'(SKY) jedhee moggaase
- Bishaanota 'Waaqaa' gadii fi isa olii addaan qoode

**Guyyaa sadaffaa (1:9-13)**

- Bishaanota bantii akka waciitii gombifame kana jala jiran walitti akka qabaman abboome. Lafti gogaanisa akka mul'atu godhe. Bishaan walitti qabameen 'Galaana' jedhee, lafa isa gogaadhaan immoo 'Lafa' jedhe moggaase.
- Lafa irratti biqiloonni gargaraa akka qomoo qomoo isaanitti akka biqilaniif abboome.

**Guyyaa afraffaa (1:14-19)**

- Guyyaa fi halkan gargar haa baasaniif ibsoota bantii waaqaa keessatti sagalee isaatiin uume. Isaanis: Aduu, ji'aa fi urjoota. Ibsoota kanas lafa irratti akka ibsaniif wantii waaqaa keessa kaa'e.

**Guyaa Shanaffaa (1:20-23)**

- Lubbu qabeeyyii bishaan keessa jiraatan akkasumas
- simbirrootaa fi allaattota qilleensa keessa balali'an uume. Isaanis akka baay'ataniif eebbise.

**Guyyaa Ja'affaa (1:24-31)**

- Lubbu qabeeyyii lafarra jiraatan (horii qe'ee, bineensa lafaa, wantootal lafa irra munyuuqan hundumaa) uume.
- Dhuma irrattis nama uume.
    - Akka bifaa isaa fi fakkeenya ofii isaatti uume.
    - Dhiiraa fi dubartii godhee isaan uume.
    - Mootummaa haa qabaataniif isaan uume.
    - Isas in eebbise
        - *Bifa Waaqayyoo yeroo jennu, Waaqayyotu adiidha ykn gurraacha jechuu utuu hin taane, akka amala isaatti akka ta'e barra. Fakkeenyaaf: Waaqayyo Mootii/bitaa waan hunumaa ti. Inni ogummaa, dandeettii, tokkummas of keessaa qaba. Nama uume kanas ofiin yoo qixxeesuudhaa baate illee uumama irratti mootummaa akka inni qabaatu godhee, ogummaa akka qabaatu godhee, dandeettii kenneefii, tokkummaa-walii wajjin jiraachuu akka danda'u godhee isa uume*.

- *Egaa kana irraa kan nuti arginu*: Waaqayyo namoota ofitti aansee adda godhee uume. Akka uumama warra kaanittis 'ta'aa' jedhuu otuu hin taane, harka isaatiin biyyoo lafaa irraa tolchee hafuura jiraataa itti baafate. **(uum. 2:7-8; 15-25)**

**Guyyaa Torbaffaa (2:1-3)**

- Waaqayyo hojii hojjete hundumaa raawwatee in boqote.
- Guyyaa torbaffaa sanas in eebbise in qulqulleesses. Waaqayyo Guyyaa boqonnaa namootaaf kennuudhaan akka isaan isa fakkaatan godheera. (Seera Bahuu 20:8-11)

**Barumsa Uumaa kana irraa har'aaf maal barruu dandeenya?**

- Waaqayyo uumaa waan hundumaa ti. Kana jechuun immoo waan hin jiru jedhamuu fi duwwaa dha jedhamu irratti hojjetee miidhagsuu ni danda'a. Kanaafu, haaluma hin fakkaanne keessattillee Waaqayyoon amanachuun ogummaa dha.
- Waaqayyo otuu ibsoota hin uumin (G4) ifa uumuun isaa (G2) dandeettii diqisiisaa qabaachuu isaa nutti agarsiisa. Wanti namaaf hin danda'amne Waaqayyoof ni danda'ama.
- Waaqayyo otuu nama hin uumin dura wantoota namaaf barbaachisan uume. Har'as jireenya keenyaaf waan barbaachisu Waaqayyo duraan dursee qopheessera. Waaqayyo waa'ee wantoota namoonni irra jiraatanii fi ittiin jiraatanii, waan isaan nyaataniifis yaadee waan tureef dursee uume; in eebbiseefis. (1:29)

### 3. BARUMSA 2[FFAA]. KUFAATII NAMAA

Waaqayyo yeroo nama uume, qulqullootaa fi qajeelota godhee uume. Lalaba.7:29. Waaqayyo nama uume kana callisee irra lafaarra bakkuma tokko hin buufne. Garuu biyya gara ba'a biiftuutti keessaa Edenitti iddoo dhaabaa adda ta'e tokko qopheesseefii achi keessa kaa'e. Iddoon kun irruma lafaa yoo ta'e iyyuu, jireenya isaaniif akka mijatutti kan adda baafamee harka Waaqayyootiin namaaf qophaa'e ture.  Caalaadhumatti immoo gammachuun jireenya isaanii guutuu haa ta'uuf jedhee Waaqayyo yeroo yerootti dhaqee isaan daawwata ture.(uum.3:8-9). Inni isaaniif jaalalaa fi kabajaa guddaa waan qabuuf akka michuu amanamaatti dhaqee isaan haasofsiisa ture.

Waaqayyo inni nama jaallatuu fi kabaju kun namootnis fedha isaanitiin akka isaan isa jaallatanii fi kabajan irraa barbaada. Yoo humna hundumaa qabaate illee Inni namootni fedha isaaniitiin galeefii akka isaan Isa Waaqessan, jaallatanii fi kabajan irraa barbaada. Kanaaf  jedhee inni namootaaf dandeettii waan filatan gochuu isaaniif kenne. Dandeettii sanaa wajjin immoo abboommiis isaaniif kenneera. Abboomichi kan Waaqayyo isa isaan uumee fi isa isaan jaallatuu yoo ta'e illee, namoonni yoo fedhan eegu. Waaqayyo akka isaan wallaalummaan homaa hin murteessineef jedhee immoo yoo isaaf abboomamuu didan maal akka ta'an isaanitti himee ture. "Gaafa kanattii nyaattan du'a in duutu"jedhee. Abboommii Gooftaa eeguun mallattoo jaalalaa ti.

*Gooftaan Yasuus yoo ana jaallaan abbomota koo in eegdu jedheera. Yoh.14:15.*

Guyaa tokko Hewaan Bofa (isa meeshaa Seexanaa ta'ee dhufee) wajjin haasaa jalqabde. (Uum.3:1-5). Hammuma isheen gurra ishee laatteefitti Seexanichi immoo yaada isaa isa hamaa garaa isheetti facaase. Sanyii hamaa waan tureef akka isheen abboommii Waaqayyoo tuffattuuf sababii ta'eef.

> *[Har'uma iyyoo seexanni mirga harka keenya qabee cubbuu nu hojjechiisuu hin qabu. Haa ta'u  iyyuu malee iddoodhuma jiruu sagalee isaa dhageesisuu ni danda'a. Yoo nuti sagalee isaa dhageenyee isaa wajjin haasaa jalqabnef, affeerrii nuti goonuufiin yaada isaa nu irratti raawwachuu irraa duuba hin deebi'u. Dubbii Waaqayyoo Seexanaaf karaa hin kenninaa jedha. (Efesoon 4:27).]*

Seexannis yeroo itti dubbate dubbiin isaa dhugaadhaan haguugamee waan dhufeef gowwoomsaa hin fakkaatu ture. "*Hin duutan; isin ija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyoo akka isin taatan, Waaqayyo in beeka*" jedhe(Lak.4-5). Hewaan ergasii booda Sagalee kanaa dura Waaqayyo itti dubbatte dagattee isa kan bofaa irratti yaaduu jalqabde.

> [*Namni waanuma inni jireenya isaa keessatti iddoo fi yeroo kennuuftu jireenya isaa bita.*]

Kana boodas mukichi inni Waaqayyo, "Ija isaa hin nyaatinaa" ittiin jedhe ishee gojomaasisuu jalqabe.

> *Kajeellaan hamaan erga iddoo ga'ee cubbuu in dhala; cubbuunis erga raawwatamee du'a in dhala. Yaaqoob 1:15*

Hewaan ija muichaa irra deebitee ilaalte→in hawwite→kuttee nyaatte→Abbaa manaa isheefis in kennite. Isaan kana booda qullaa ta'uu isaanii of argan. Ulfinni Waaqayyoo irraa godaane.

> [*Sossobbaan diinaa yeroo hundumaa qullaatti nama hambisuuf malee gaarummaaf miti. Namni dubii Waaqayyoo garaa isaa keessatti qabatee yoo itti yaade garuu gowwoomsaa diinaa kana mo'uu ni danda'a.]*

Cubbuun seera irra daddarbuu dha.(1Yoh.3:4). Egaa namoonni kun abboommii Waaqayyoo erga darbanii jechuunis cubbuutti erga kufanii booda jireenya isaaniirra wantoota baay'eetu ga'e.

1. Qullaa ta'an (Ayyaana Waaqayyootu irraa sokke; qofaatti hafan)
2. Walii isaanii baqatan (yaadadhu: yeroo sana dhalli namaa isaanuma lamaan qofaatu ture; isaan immoo abbaa manaa fi haadha manaa dha).
3. Baala harbuu hulluuqsanii qullaa ittiin dhokfachuu yaadan (uumamaa biraa irrattis dhibee uumuu jalqban; Ayyaana bara baraan isaan golguuf gahu gatanii, baala harbuu sa'atii tokko booda harca'u ofitti qabatan)
4. Waaqayyoo isaanii (isa isaan uume,isa iddoo jireenyaa gaarii kenneef, isa jaalalaan isaa daawwachuu dhufu) baqatan.

    a. Waaqayyo namicha waamee, "eessa jirta?" jedheen. Waaqayyo akka inni iddoo ulfina isaa gad dhiise hubachuusuuf; qalbii

diddiirachuu danda'a yoo ta'e carraa laachuufiif kana isa gaafate. Karaan cubbuu ofii beekanii himachuu karaa Waaqayyotti deebi'uu ti. Jarri lachuu garuu walii fi uumama hammeessuu irraa kan hafe yaadni qalbii diddiirrannaa isaan keessa hin jiru ture. [Nuti iddoo dhadhabnee jirrutti dhufee Waaqayyo 'Eeessa jirta? Maal hojetta?' uoo nuun jedhe maal jennee deebifnaa?

b. Addaam yeroo Waaqayyo isa waame, "nan dhokadhe" jedheen. –Namni eessatti Waaqayyoon dhokataa? (9-10)

5. Cubbuun abarsa gotottee itti fidde—Waaqayyo isaan abaare. Cubbuu isaan hojjetan irraa kan ka'e dhaloonni isaan irraa dhufe hundinuu abaarsaa fi du'a dhaale. *[Nuti har'a dhaloota nu teellaa dhufu maal dhaalchifna---Eebba moo abaarsa?*]

6. Iddoo Waaqayyo kenneefii turee gad baafamuu. Lafa eebbifamaadhaa gad bahuu qofa otuu hin taane, lafa qorattii fi kosorruu akka biqilchutti abaarametti gad bahuu jireenya namoota kanaa hadhaa'aa hin godhin hin hafne.

Akkasitti namoonni jalqabaa, Addaamii fi Hewaan, sera Waaqayyoo irra daddarbuudhaan cubbuutti kufan.

**Har'a hoo nuuf cubbuun maal inni?**

Waaqayyo nuun immoo maal hin godhinaa nuun jedha? Seexanni waa'ee maalii nutti asaasaa? Cuubbuun seera malee jiraachuu dha.

- o Ammuma iyyoo dubbii Waaqayyoo irratti hammaachuun cubbuu nama ajjeesudha. Cubbuun immoo namaa nama dhabsiisa. Isa.48:18.
- o Waaqayyo irratti amantii dhabuun cubbuu dha (Rom.14:23; 2Ximo.3:5; 2Teselon.2:12)
- o Dhibaa'ummaan iddoo ulfina Waaqayyootii nama baasisa (Mul'ata 3:15)

Waa'ee cubbuu Dubiin Waaqayyoo maal jedhaa?

- hundumatu yaakke. Rom.3:23;
- Beenyaan nama cubbuu hojjetuuf kennamu du'a (Rom6:23; Efe.2:1-3)
- Namni Karaa Yasuus Kiristoositti amanuu cubuu isaattii qullaa'ee qajeelaa ta'a. Rom3:19

- Dhiigni Yasuus cubbuu hundattii nama qulleess 1Yoh.1:7)
- Nuti Cubbamoota ta'uu keenya beeknee gaabbiidhaan Waaqayyooti himachuu 1Yoh.18-10
- Cubbuu irraa deebi'u—cubbuu itti fufuu dhiisuu (1Yoh.3:---)

# 4. BARSIISA 3FFAA. WAA'EE WAAQAYYO

## 4.1. WAAQAYYO EENYU?

Uumaa, Gooftaa, Danda'aa waan hundumaa, jiraataa barabaraa, kan hin geddaramne…

## 4.2. WAAQAYYO JIRAACHUU ISAA ATTAMITTI BEEKNAA?

1. *Waaqayyo Uumama keessaan of beeksiseera?*

Uumamni jiru marti uumaan jiraachuu isaa hima. Sababni isaa wanti hojjetame tokko yeroo hundumaa waan isa hojjete of duubaa qabaata waan ta'eef. Akkuma kana uumamni uumamee lafa kana irra jiru martis kan isa uumee fi akka inni amma jirutti akka jiraatu godhe tokko jiraachuu isaa ofuma isaa odeesse.

Rom.1:19-23;

Keessa deebii 4:19 isaan kana Waaqayyotu uume

Qol.1:16-17 wanti hundumtuu isaan uumame. Uumama yeroo jennu wantoota uumaman jechuu keenya akka ta'e isaanis warra waan hin jirre irraa jiraachifaman jechuu dha.

Iyyob 12:7-25 uumamni Waa'ee Waaqayyoo dhugaa bahu

2. *Qalbii (Garaa keenyaan) keenyaan beekna.*

Keessi namummaa namaa inni Waaqayyo uume (Far.139:13) Seera Waaqayyoo beeka. Kana irraa kana ka'e, namni hundumtuu uumama isaatiin wanta Waaqayyon gammachiisu qalbii isaa keessatti beeka; yoodhuma isaaf abboomamee jiraachuun isa rakkise iyyuu. Yoo isa kamiin akka waaqeffatan wallaalan iyyuu, namoonni hundumtuu ofii isaanii keessaa fedhaa fi barbaacha waaqeffannaa qabu.

Rom.2:12-15

Yeroo tokko barsiisaa 'Waaqayyo hin jiru' jedhee barsiisu tokkotu, Gabatee gurraacha "WAAQAYYO HIN JIRU! HIN JIRU! HIN JIRU!...' jedhee gutnaan barataan isaa tokko aaree, "Barsiisaa! Tokko hin jiru jettee barreesiteetta. Gabatee gurraacha kanaan guutuun kee immoo maal jechuu dhaa?" jedhee gaafate. Barsiisichi garuu, "Eeyyee Waaqayyo hin jiru. Garuu akkas jedhee barreessee gara keessanitti yeroon deebi'u qalbiin koo immoo, INNOO JIRA'naan jedha". Egaa sammuu koo kana amansiisuufan hamma kana barreesse." Jedhe jedhama.

3. *Karaa gurguddaa ittiin namootatti dubbate keessaa inni guddaan kundumaa karaaa Yasuus Kiristoos*

Macaafni Qulqulluun 'Waaqayyyoon namni arge tokko illee hin jitu ilma isaa isa bobaa isaa jalaa bahee dhufe irraa kan hafe' jedha.(Yoh.1:18). Waaqayyo jalqaba uumamamaatii jalqabee karaa garagaraa dubbachaa ture. Bara gara dhumaatti garuu Karaa Yasuus Kiristoos ilma isaa nitti dubbate (Ibr.1:1-3).

Yoh.1:14

Yoh.1:17-18

Luqa. 10:22 "…isa ilmi itti mul'ise malee abbaa kan beekuu danda'u hin jiru"

Yoh.17:26 Yasuus, "siin itti beksiseera, ammas ittan beeksisa…" jedhe.

Yoh.8:38 Waanan Abaakoo biraa arge isinitti himeera

Yoh.12:49

4. *Karaa Macaafa Qulqulluu fi dubbii Waaqayyoo*

Macaafni Qulqulluun jalqabaa amma dhumaatti Waa'ee Waaqayyo isa jiruu dubbata. Waa'ee jiraachu Waaqayyoo shakkii waan hin qabneef Macaafni kun Hojii isaa irraa jalqabee seenessa.

Faar. 53:1 Macaafichumtuu, "Gowwaan Waaqayyo hin jiru jedha" jedheera.

Bahuu 3:14 "Ani isa jiraataa dha. Ati immoo saba Isiraa'eliin 'Inni jiraataanisinitti ana ergeera in jetta'"

Ermiyas 10:10 Inni Waaqa isa jiraataa dha.

5. *Karaa Hafuura Qulqulluu*

Hafuurri Qulqulluun jiraachuu Waaqayyoo dhugaa nuuf baha.Yasuus Waa'ee Waaqayyoo dubbatee mul'iseera. Hafuurri Qulqulluun immoo Waa'ee Yasuus Kiristoos dhugaa baha.

Yoh. 16:13-15

Yoh.7: 16-18;

Yho.14:26 Wanti Yasuus barsiise Hafuurichi immoo yaadachiisa. Gara dhugaa hundumaattis geessa.

1Qoro.2:10-13

1Yoh.2:20;27

6. Karaa Kadhannaa

Kadhannaa Waaqayyoo wajjin duddubachuu dha. Namni amanee kadhatu tokko deebii Kadhaa isaatiin jiraachuu Waaqayyoo ofiifis ta'ee namootatti agarsiisuu dhanda.

Bara Eliyaas keessa namoonni Isiraa'el Waaqolii namoonni naannoo isaanii jiran Waaqeffatanitti goranii Waaqayyoon isa dhugaatti dudda gatanii turan. Isatti dudda gatuu isanii irraa kana ka'e, waaqolii biroos of irratti moosisuu isaanii irraa kan ka'e Waaqayyoon isa dhugaa wallaalanii turan. Inni sababii akka waaqolii warra kaanii ijaan hin mul'anneef akka hin jirretti lakkaa'anii tura. Eliyaas garuu Iddoo arsaa ijaaree sabicha duratti Waaqayyoon kadhuchuu isaatiin Inni jiraataa akka ta'ee fi Waaqolii biroon kan wal bira hin qabamne ta'uu isaa mirkaneeffachiisee ture. 1Moot. 18:36-39

Mee Ati/isin guyyaa kadhattanii Waaqayyo biraa deebii argattanii beektan yaadadhaa. Gartuu keessanittis himaa.

*7. <u>Karaa Waldaa Kiristaanaa</u>*

Waldaan Kiristaanaa tokkummaa namoota dhiiga Kiristoosiin bitamaniti. Isheen tokkumma namoota bifa, qomoo, afaan, adaa gargaraa irraa dhuganii ti. Garuu sababii dhiiga Kiristoosiin dhiqatanii qullaa'aniif miseensota tokkummaa kanaa ta'u. Mul.5:10.

Tokkummaan kun kan isheen lafa irra jirt, Waaqayyoon sabaa fi qomoo hundumaatti labsuuf. Karaa ishee biyyi lafaa guutummaatti jiraachuu Waaqayyoo qofa otuu hin ta'in fayyisuu fi hojii isaa isa dinqisiisaas dhaga'u.

> *Egaa barumsa kana irraa wanti nuti barannu inni guddaan: Waaqayyo jira. Waaqayyo inni jiraataa ta'e kun immoo kara garagaraa namootaatti of mul'iseera. Namoonni jiraachuu Waaqayyoo beekuun hin danda'mu waan ta'eef itti gaafatamomotta akka hin taanetti of lakkaa'an ykn immoo waaqolii gargaraatti goran Sababii qabaachuu hin danda'an. Nuti warri Kiristoositti amannes*

*dhugaa kana namoota hubachiisuuf lafa kana irra jiraataa jiraachuu keenya hubachuun barbaachisaa dha.*

### 4.3. WAAQAYYOON MAALTU ADDA GODHA?

Namoonni baay'een waaqni jira jedhanii amanu. 'Garuu isa kama akka ta'e beekuun hin danda'amu' jedhu. Sababni isaa immoo adunyaa keenya irra amantaa baay'eetu jira. Kanumaan walqabatee waaqolii baay'eetu waaqeffama. Kun immoo namootni tokko tokko, "Isa kamtu dhugaa ta'uu danda'a?" jedhanii akka gaafatan godha. Waaqayyoon isa dhugaa waaqolii fi uumama biraattii maaltu adda isa godhaa? Mata duree kana jalatti amaloota Waaqayyo inni dhugaan qabaatu kan nutti agarsiisan muraasa ilaalla. Waaqoliin amala kan guutanii qaban akka waaqa dhugaatti fudhatamuu danda'u. Haa ta'u iyyuu malee waaqa tokkicha isa nuti waaqeffannu qofaatu ulaagaa kana guutee argamuu danda'a. Kunis Waaqayyo isa tokkicha waaqolii biraattii adda baasa.

1. *Waaqayyo uumaa dha.*

Ummuu jechuun wanta hin jirre tokko jiraachuusuu dha. Umuu jechuun akkuma barumsa tokkoffaa fi lammaffa keessatti ibsametti waan hin jirre tokko gara jiraachuutti fiduu dha (bringing non-existant to existance). Kana jechuun immoo wanta jiru bifa biraatti geddaranii waa hojjechuu qofa kan ibsu miti. Garuu homaa irraa waa argamsiisuu dha.

Keessa Debii 32:6  Waaqayyo isa nuun uume.
Isa.40:28

Waaqayyolii biraan, seexanni fi namni illee (qulqullootas dabalatee) kana gochuu hin danda'an.

2. Waaqa barabaraa ti.

Kana jechuun jalqabaa fi dhuma hin qabu jechuu dha. Yaada kana hubachuuf sarara lakkoofsaa haa yaadannu. Sararri lakkoofsa (gama lachuun xiyya qaba; kana jechuun immoo gar negeetiviittis ta'ee gara pozetiiviitti dhuma hin qabu jechuu dha).

←――――――――――――――――――――→

Barru Waaqayyoos akkuma knana. Inni barri jireenya isaa jalqabaa fi dhuma hin qabu. Uum. 21:33 Abrhama Maqaa Waaqayyo waammate. Waaqa isaa

kana kan inni ittii adda baase Isa barabaraa ta'uu isaa agarsiisuun. Kana jechuun iddoon aarsaa Abriham bara kam keessatti iyyuu kan isa jalqaba hojjetameefitti jechuu dha.

Waaqayyo duwwaatu Waaqa barabaraati. Uumamni kan biraan kamuu jalqaba qaba. Ergamoota Waaqayyoos yoo ta'an, yeroo ta'e tokkotti kan uumamani dha. Seexannis isaan keessa tokko ture. Umamni ijaan argamuu fi hin argamne martuu jalqaba qabu. Yeroo itti darbanis qabu. Waaqayyo Inni tokkichi garuu barabaraan jiraata.

Keessa Deebii 32: 37-40 Ani Waaqa barabaraa ti.
Neh.9:5 Inni isa barabaraa hamma barabraatti jiraatu dha.
Faar. 102:24-27
Fak.8:23 Ani jalqaba bara durii duriituui.(Yasuus)
Isa.57:15 Inni barabaraan jiraatu
1Xim.1:17; Mootii barabaraa
Mul.1:4 isa ture isa jiru isa bar baraan jiraatu (Yasuus)

3. Kan hin geddaramne

Wanti uumame hundinuu yeroo fi haalaan ni geddarama. Inni har'a haaraa bor immoo ni moofa'a. Inni har'a beekamaa bor ni irraanfatama. Inni har'a jiru bor ni dhabama. Inni h ara'a mootii ta'e bor ni kufa. Kanaafuu amalli, jireenyi, fi adeemsi uumamaa ni jijjiirama. Waaqayyo garuu isa barabaraan otuu hin jijjiiramin hafee jiraatu dha.

1Ximo.6:15-16
Milk. 3:16
Yaaq.1:17

4. Hundumaa kan danda'u

Hiiki jecha 'waan hundumaa' jedhu kanaa bal'ina isaa irraa kan ka'e, yeroo baay'ee hubachuun isaa illee nama rakkisa. Namni waan tokko yoo danda'e, waan hin dandeenye immoo baay'ee qabaata. Maashiniin waan tokko hojjechuu danda'u waan biraa immoo hin danda'u. egaa uumamni hunduu humnii fi dandeettiin isaa daangeffamaa dha. Seexanni waan hundumaa kan danda'u of fakkeessuuf yaala. Garuu immoo hin danda'u. Waaqayyo inni tokkichi garuu, ulaagaa kana guutuudhaan Waaqolii hundumaa caalee barabaraan jiraata.

Uum. 17:1; 18:14
Iyyo.14:2
Isa.26:4
Erm.28:2
Erm.32:15-17
Mul.19:6

5. Yeroo tokkichatti iddoo hundumaatti argama

Uumamani kamuu yeroo fi iddoodhaan daangefamaa dha.Wanta asitti arginu yeroodhuma sanatti isumaa immoo iddoo biraatti arguu hin dandeenyu. Seexannis ta'ee ergamoonni Waaqa akkasumas qulqulloonni si'a tokko bakka mara jiraachuu hin danda'an.

Seexanni tokkichi si'a tokkichatti bakka maratti hin argamu. Garuu seexanni tokko asitti hojjeta yoo ta'e, seexanumti akka isaa kan biraan immoo amala sanaan bakka biraatti hojjechuu danda'a malee.Ergamoota Waaqayyoos yoo ta'an, saffisaan bakka tokkoo ka'anni bakka itti ergaman biraa dhaquu danda'u malee bakka maratti ofumaa mul'achuu hin danda'an. Kanaafuu ulaagaa waaqayummaa guutuu hin danda'an. Waaqayyo garuu si'a tokkicha bakka hundumaatti ergaan takkaa argamee hojjechuu waan danda'uuf warra waaqolii jedhaman hunumaa olitti Waaqayyo ta'ee jiraata.
Uuma.28:16
1Moot.8:27
Faar.139:7-12
Erm.23:23-24
HoE 17:24,27-78

6. Hundumaa kan beeku

Hundumaa beekuun amaloota Waaqayyoon adda taasisan keessaa tokko. Isa ammaa fi isa kaleessaa, isa dhuffu fi isa ganaa ta'u, isa lafa irraa fi isa lafa jalaa, isa qaaqa irraa fi isa galaana keessaa Inni wal-qixxeessee beeka. Kanaafuu, beekumsi Isaa daangaa yeroo, iddoo fi haalaa hin qabu. Kunis, Waaqayyummaa isaa adda godha.
1Seena.28:9
Faar.2:3
Rom.11:33

Ibr.4:13 --

### 4.4. Amaloota Waaqayyoo (God's attributes)

Waaqayyo amaloota namoota dhaalchisuu fi kan qofaa isaa qabatee jiraatu qaba. Amaloota Waaqayyo qabu kan inni namoonnis akka isaan qabaatan barbaadu keessaa muraasa mata duree kana jalatti qayyabanna.

1. *Waaqayyo Qulqulluu dha.*

Qulqulluu jechuun kan adda bahe, wanta hamaa ykn xuraa'aa wajjin tasumaa makata kan hin qabne; Safuu fi sansaka guutu ta'e (moral and ethical perfection ) kan qabu jechuu dha. Waaqayyummaa Waaqayyoo ilaalchisee, macaafni qulqulluun akkas jedha:

*Bahuu 15:11 Waaqayyolii keessaa kan akka kee eenyu? Yaa Waaqayyo, kan akka kee surraa qulqullummaa qabu eenyu? Kan akka kee hojii guddaa fi sodaachisaa hojjetu, wanta dinqisiisaas godhu eenyu?*

*Lewwoota 11:44-45:Ani Waaqayyo gooftaa keessan; ani qulqulluu waanan ta'eef, isinis of qulleessaa, qulqullootas ta'aa! Umama lafa irra munyuuqan kanaan namummaa keessan hin xureessinaa! Ani Waaqayyo isa gooftaa isiniif ta'uudhaaf biyya Gibxii isin baasee dha; kanaaf ani qulqulluu akkuman ta'e, isinis immoo qulqulloota ta'aa!*

*Lewwoota 19:2 Guutummaa waldaa Israa'elitti dubbadhu! Isaaniin, `Waaqayyo akkana jedha:- Ani Waaqayyo gooftaan keessan qulqulluu akkuman ta'e isinis immoo qulquIloota ta'aa!*

*Lawwoota 20:26* Ani Waaqayyo qulqulluu waanan ta'eef, isin kan koo akka taatanitti saba warra kaanittii addaan waanan isin baaseef, isinis immoo qulqulloota ta'aa!

Keessa Deebii 32:3-4 Ani maqaa Waaqayyoo nan labsa, isinis guddina Waaqayyo keenyaa beeksisaa![4] Inni kattaa jabaa dha, *wanti inni godhus mudaa hin qabu*, karaan isaa hundimms

_qajeelaa_ dha, inni Waaqayyo _amanamaa dha, jal'innis isa keessa hin jiru_, inni _dhuga-qabeessaa fi qajeelaa_ dha.

Faarsaa 11:7 Waaqayyo qajeelaa dha, inni hojii qajeelaa in jaallata; warri waan qajeelaa hojjetan fuula isaa arguuf jiru.

Hizq.39:25 Amma garuu Waaqayyo gooftaan, "Ani amma sanyii Yaaqoob boojuudhaa nan deebisa, mana Israa'el hundumaafis nan oo'a, _maqaa koo isa qulqulluu_dhaafis nan hinaafa.

Maat 5:48 "Egaa abbaan keessan inni waaqa irraa _mudaa malee_ akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa!" jedhe

Ibroota 1:8 Waa'ee ilmaa garuu, "Teessoon kee yaa Waaqayyo, baraa hamma baraatti, uleen mootummaa kees ulee _qajeelummaa_ ti.

Egaa kutaalee kanneenii fi kan biroo keessattis, Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo qulqulluu [jalinaa fi cubbuutti kan adda bahe] akkuma ta'e nutti dhugaa baha, nuunis safartuu qulqullummaa Isaatti guddataa akka deemnuuf karaa dubbii isaa waamicha nuuf godha.

*2. Waaqayyo jaalala*

Jaalalli Waaqayyoof amala isaa qofa otuu hin ta'in, eenyummaa isaa ti. Inni ofii Isaa jaalala waan ta'eef, kana immoo isa irraa baruun akka nuti of keessaa qabaachuu qabnu dubbiin Isaa nu abbooma.

1Yoh.4:7-8 Michoota ko! Jaalalli kan Waaqayyoo waan ta'eef, kottaa wal in jaallannaa! Namni jaallatu hundinuu mucaa Waaqayyoo ti, Waaqayyoonis in beeka. 8 Waaqayyo jaalala waan ta'eef, namni hin jaallatin, Waaqayyoon hin beekne.

Bahuu 34:5-7 Waaqayyo yommus duumessa keessaan gad bu'ee achi isa bira dhaabatee, maqaa ofii isaas "Waaqayyo isa jiraataa dha" jedhee in dhageessise. 6Gooftichi achumaan Musee dura darbee sagalee isaa dhageessisee, "Ani Waaqayyo gooftichi, Waaqayyo isa oo'a-qabeessaa fi araara-qabeessa; aariitti suuta-jedhaa dha; gaarummaan koo fi anianamummaan

koo guddaa dha. [7]Ani gaarummaa koo dhaloota kumaatamaaf jabeessee kanan eeguu dha; yakka, irra-daddarbaa, cubbuus namaaf nan dhiisa; haa ta'u iyyuu malee, isa yakkaa utuun hin adabin hin dhiisu; yakka abbootaa immoo hamma dhaloota sadiitti, hamma afuriittis harka ijoollee fi ijoollee ijoollee isaanii keessaa barbaadee nan adaba" jedhe.

Keessa Deebii 7:7-8 Waaqayyo sababii ati saba lafa irraa keessaa lakkoobsatti baay'attuuf *si jaallate* yookiis si fo'ate miti, ati saba lafa irraa keessaa lakkoobsatti muraasa. **8** Waaqayyo garuu waan si jaallateef kakuu abboota keetiif kakates waan eeguu barbaadeef, irree ja-baadhaan mana .garbummaa keessaa, harka Fara'oon mootii Gibxii jalaa si fure. **9** Egaa Waaqayyo gooftaan kee Waaqayyoo dha, isa beeki! Inni Waaqayyo amanamaa dha; inni warra isa jaallatanii abboommii isaa eeganiif hamma dhaloota kumaatti kakuu isaa in eega, gaarummaa isaas isaan in argisiisa.

Isaa 43: 3-4 Ani Waaqayyo gooftaan kee isa qulqulluu kan Israa'el, ani fayyisaa kee ti; ani Gibxin furee keetiif, Kuushii fi Saabaas qooda kee nan kenna; 4 ati ana duratti gati-jabeessaa fi ulfina-qabeessa waan taateef, waanan si jaalladhuufis qooda lubbuu keetii, saba warra kaan dabarsee nan kenna;

Ermiyaas 31:3 Ammas Waaqayyo fagootti anatti mul'atee, saba kanaan, "Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera; kanaafan gaarummaa kootiin ofitti si dhi'eesse; **4** ani deebisee sin ijaara, atis jabaattee in dhaabatta; yommus yaa durbee Israa'el, dibbee kee fudhattee, kaatee gammachuudhaan in sirbita.

Yohannis 3: 16 "Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo

isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa has qabaatuuf malee, has baduuf miti! **17** Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa isaan has fayyuuf ilma isaa biyya lafaatti erge malee.

Roomaa 5 :8 Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa. 9Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala'een qajeelota erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra!

➔ Egaa jaalalli Waaqayyoo kan inni mul'ate,

- cubbamoota jaallachuudhaan, (Maat.5:44-45)
- Karaa fayyinaa biyya lafaatiif qopheessuun (Yoh.3:16)
- Ilma isaa tokkicha du'atti dabarsee kennuun (Ibr.12:6)

Titoos 3:5-6 Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta'in, akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin, haaressuu Hafuura Qulqulluutiinis nu fayyise. 6Hafuurichis isa inni karaa Yasuus Kristos fayyisaa keenyaa arjum-maadhaan nu irratti dhangalaasee dha.

➔ Waaqayyos amala isaa kana akka irraa barruu fi jireenya keenya har'aa borii keessatti shaakalaa adeemnu barbaada. (1Yoh.4:7-8). Nama jaalalatti jiraatutu Waaqayyottis jiraata. Jaalalaan seera Waaqayyoo raawwanna waan ta'eef.

3. *Waaqayyo Amanamaa dha*

Amanamummaan Waaqayyoo kan inni bakkeetti baafame isa nan godha jedhee dubbate mara raawwachuu isaatiin. Inni Waaqa kakuu/sagalee isaa eeguu fi fiixaan baasu dha. Araara namootaaf godhuun, eegumsa isaa isa wal irraa hin cinneen, jalala isaa isa barabaraatiin amanamummaa namootaaf qabu mul'isa. Amanamummaa isaa irraa kan

ka'e:

Uumama 21:1-2 Waaqayyo akkuma abdachiisee ture, Saaraa in yaadate; akkuma dubbates isheedhaaf in godhe. [2]Erga Abrahaam dulloomee yeroo itti Waaqayyo, "Haati manaa kee ilma in deessi" jedhee isatti dubbatee turetti, Saaraan ulfooftee ilma in deesseef

Uumama 28:15 Kunoo, ani sii wajjinan jira, iddoo ati dhaqxu hundumaatti sin eega; biyya kanatti sin deebisa, waan ani sitti dubbadhe siifan raawwadha malee, si hin gatu!" jedhe.

Uumama 32: 10 Gaarummaanii fi amanamummaan ati ana garbicha kee argisiifte kun hundinuu anatti in guddate; anoo yommuun ba'e ulee koo kana duwwaa qabadheen Yordaanos kana ce'e; amma garuu buufata lama guutuu nan ta 'e

2 Samu'el 7:14-15; 2 Seenaa 6:4-15; Nehm.9: 7-8;

Faarsaa 89:33-36 Garuu gaarummaa koo isa irraa hin deebisu, amanamummaan koos kan sobaa hin ta'u. **34** Kakuu koo hin cabsu, dubbii afaan koo keessaa ba'es hin diddiiru. **35** Ani takkaa qulqullummaa kootiin kakadheera, matumaa Daawitin hin sossobu. **36** `Sanyiin isaa, bara baraan in jiraata, teessoon isaas hamma biiftuun fuula koo dura jirtutti in tura.

1 Qoronxoos 10:13 ; 1Teselonqee 5:24 inni isin waame amamanamaadha.

*4. Waaqayyo Araara qabeessa*

Waaqayyo isa nama cubuu isaa irraa kan ka'e duuni isaaf ta'uuf dhiifama godhee jireenyatti jiraachisu! Inni araara gochuutti beekamaa dha.

Bahuu 4:3

Faarfannaa 31: 10;

Faarfannaa 102: 8

Faarfannaa

Faaruu Ermiyaas 3:22 Kan nuti hin badin Araarri

Waaqayyoo baay'ee waan ta'eef

*5. <u>Waaqayyo qajeelaa dha</u>*

Jal'ina irraa kan fagaate. Kan hin sobne, kan friddii hin jal'ifne, hundumaafuu akka hojii isaatti kan gatii isaa kennuuf.

Inni karaa amala isaa wajjin waliif hin galle hin hojjetu. 1Samu'el 2:3; Uumama 18: 25

Fuula namaa ilaalee wal caalchisuun isa bira hin jiru. 1Sam.16:7

Haboowwan Waaqayyoo(the Authorities of God)

1. waan hin jirre irraa wanta hundumaa kan uume dha.

   Uum.1:1
   HoE.17:24-25
   Ibr.3:4
2. Waan hundumaa irratti fedha isaa qofa kan raawwatu dha

   Daaniel 4:35
   Isa.14:26-27
3. Bittaan isaa daangaa kan hin qabne mmootii barabaraati

(iddoon, yeroon, halaan, kkf) hin murteeffamu.
   Faar.29:10
   Daaniel 4:34-35

4. Abbaa murtii qajeelaa dha

   Faar.7:8
   Fakk.27:26;Yaq.4:12

# 5. BARUMSA 4FFAA. BARSIISA SADAN-TOKKUMMAA (TRINITY)

## 5.1. YAAD-RIMEE SADAN-TOKKUMMAA

Mee himoota kanatti aananii jiran essattii fi yeroo akkamii akka dhageesse yaadadhu.

- *"Nan amana Hundumaa kan danda'u Waaqayyo Abbaatti…tokkicha ilma isaa Gooftaa keenya Yasuus Kiristoositti… Nan amana Hafuura Qulqulluutti…"*
- *'Sin cuupha Maqaa Abbaatti, kan Ilmaatti kan Hafuura Qulqulluu, Sadan Waaqayyo tokkotti"*
- *Ulfinni Abbaadhaaf Iilmaaf Hafuurq Qulqulluudhaafis haa ta'u"*
- *"Ayyaanni Waaqayyo Gooftaa keenya Yasuus Kiristoos, Jalalli Waaqayyo Abbaa, tokkummaan Hafuura Qulqulluus hunduma keessanii wajjin haa ta'u"*

*Isaan kana faarfannaa, cuuphaa, kadhannaa fi eebbaa Waldaan Kiristoos keessatti argina.*

Aadaa tokko tokko keessatti Waaqayyo akka waan qama namummaa (personality) qabuutti (akkuma namni qaama(person) ta'e jechuu dha) otuu hin ta'in, akka humna ta'e tokkootti ilaalama.

Akka amantiin Kiristaanaa amanutti garuu Waaqayyo kan hojjechuu danda'u, kan dubbatu, kan beeku, fedha kan qabu, akkasumas waa murteessuu kan danda'u dha. Waaqayyo ofis in mul'isa. Inni "Abbaa", "Ilma" fi "Hafuura Qulqulluu" jedhamee waamama. Inni miira ni qaba. Ni jaallata, ni tuffata, ni gaabba, ni aaraa/gadda, in oo'a(garaa laafa), in inaafa akkasumas araara ni godha.
Egaa Waaqayyo yaada ta'e tokko ykn humna hafuurawaa ta'e tokko miti. Wanti jiraataa ta'ee, qaama hin qabaanne tokko wantoota akkasii agarsiisuu matummaa hin danda'u. Inni 'annummaa' (personality) ofii isaa qaba jechuu dha.

Akka Macaafni Qulqulluun barsiisutti, Waaqayyo Waaqa tokkicha qaama sadiin mul'atee jiraatu dha. Kun jecha gabaabaadhaan yeroo kaa'amu **Sadan-tokkummaa** (Trinity) jedhama. Kunis bu'uura barsiisa amantii Kiristaanaa ti.

Macaafni Qulqulluun Waaqayyo Waaqa Tokkicha ta'uu Isaa (keessa Deebii 6:4), Tokkichummaa Isaa kana keessa qaamni sadii akka jiru, Waaqota sadii otuu hin ta'in immoo Waaqa tokko ta'uu Isaa; Inni tokko Isa kaan amalaan, barabarummaan, haboodhaan kan hin caalle ta'uu barsiisa.

Yeroo waa'ee qaamaa (person) haasofnu waa'ee hojjaa, dheerinaa fi foon qabaachuu haasa'uu keenya otuu hin taane, waa'ee amaloota isaa jechuunis waa'ee beekumsa isaa, fedha qabaachuu, fi miiraa dubbachuu isaa akka ta'e yaadatti qabachuun baay'ee barbaachisaa dha.

Haa ta'u iyyuu malee, waa'ee dhoksaa Sadan-tokkummaa salphaatti hubachuun hin danda'amu. Kun akkas ta'uun isaas nuun dinquun irra hin jiraatu. Sababni isaa immoo, waa'ee Waaqayyoo Isa sammuu nama hundumaa gararraa ta'ee waan ta'eef. Kan nuti Isa beekuu dandeenyu hammuma Inni nuuf mul'ise qofaa dha. Namichi Melaakton jedhamu, kan jaarraa 16ffaa keessa waa'ee Sadan-tokkummaa qayyabataa fi barreessaa ture tokko, siree isaa irra ciisee du'a otuu eeggachaa jiru, "Waaqayyo bira yemmuu geessu, gaaffiin kee inni jalqabaa maal ta'uu danda'a?" ittiin jennan, "waa'ee dhoksaa Sadan-tokkummatiifan ibsa gaafadha" jedhe jedhama.

Jechi Sadan-tokkumma (trinity) jedhu barreeffamee Maacaafa Qulqulluu keessa hin jiru. Haata'u iyyuu malee, yaad-rimeewwan bu'uura barsiisichaa ta'an Isuma keessaa bahan.

### 5.2. Sadan-tokkummaa, Kakuu Moofaa keessatti

Waaqayyo Waaqa bara baraan Sadan-tokkuummaan jiraatu waan ta'eef, barsiisi Sadan-tokkumma Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti illee mul'atee argama. Haa ta'u iyyuu malee garuu Kakuu Haaraa keessatti irra caalaatti gad fageenyaan bahee mul'ata.

Mee Kakuu Moofaan waa'ee barsiisa Sadan-tokkummaa waan inni barsiisu akka armaa gadiitti haa qayyabannu:*Waaqayyo lakkoofsa baay'eedhaan waamameera.*

Uumama 1: 26 Kana booddee Waaqayyo, "Kottaa! Akka bifa keenyaatti, akka fakkaattii keenyaattis nama in umnaa! Isaan qurxummii galaanaa irratti, sing biraa fi allaattii qilleensa

keessa balali'an irratti, horii qe'ee irratti, bineensa lafaa hundumaa irratti, munyuuqaa lafa irra munyuuqu bundumaa irrattis mootummaa haa qabaatan!" jedhe

Uumama 3:22 Ergasii Waaqayyo gooftaan, "Kunoo, namni hamaa fi gaarii beekuu isaatiin nu keessaa akka isa tokkoo) ta'eera; ammas harka isaa hiixatee ija muka jireenyaa immoo fudhatee nyaachuun, bara baraanis jiraachuun isaaf hin ta'u!" jedhe. [23]Kanaafis Waaqayyo gooftaan nama iddoo dhaabaa Eden sana keessaa gad baase; namichis lafa isa ofii isaatti biyyoo isaa irraa kutame sana akka qotu in godhe. "Waaqayyo nama gad oofee, karaa isa gara muka jireenya kennutti geessu sanas in eegsise; isa eegsisuudhaaf bukkee iddoo dhaabaa Eeden gara ba'a-biiftuutiin Kiruubelii fi billaa akka ibiddaa boba'u isa gara hundumaatti nanaanna'u in dhaabe.

Uumama 11:6-7 inni, "Kunoo, isaan saba tokko, hundumti isaaniis afaan tokkicha dubbatu, kun wanta isaan hojjechuuf jiran keessaa isa jaiqabaa ti; egaa wanta isaan hojjeehuuf yaadaa qaban keessaa, tokko Mee kan isaan bira ga'uu dadhaban hin jiru. 'Kottaa gad buunee, inni tokko afaan isa kaanii akka hin dhageenyetti, afaan isaanii duraa waliin in malcnaa!" jedhe. [s] Achiis Waaqayyo guutummaa lafaa irra isaan bittimse; isaanis ijaarsa mandarichaa achumatti in dhiisan. Waaqayyo achitti afaan guutummaa biyya lafaa waan waliin makeef, maqaan iddoo sanaa "Baabel" jedhamee moggaafame; ("Baabel" jeehuun "Wa-llin makamaa" jeehuu dha) achiis Waaqayyo guutummaa irra lafaa bra namoota in bittimse.

Isa. 6:8 Yommus sagalee Waaqayyoo isa, "Eenyunan erga? Eenyutus ergaa nuuf dhaqa?" jedhu nan dhaga'e; achumaan ani immoo, "Kunoo, ani jira, ana ergi!" nan jedhe

Waaqayyo yeroo hojjiif waamicha godhu kana, "Kottaa akka bifa keenyaa fi fakkenya keenyaatti nama in uumnaa yeroo jedhu qaama isa irraa adda ta'e kamiinuu akka hin taanee Macaafni Qulqulluun nu hubachiisa. Waaqayyo waan hundumaa kan inni hojjete karaa ilma isaatii ti.
Yoh.1:3 ; Qola.1:15 ; Ibr.1:2-3 dubbisi.

### 5.3. SADAN-TOKKUMMAA, KAKUU HAARAA KEESSATTI

Yeroo Yasuus inni "Waaqayyoon akkuma jirutti mul'isu"(Ibr.1:3) fi "Waaqayyo nuu wajjin"(Maat.1:23) ta'e mul'atetti barsiisi Sadan-tokkummaa isa Kakuu Moofaa keessatti ibsame caalaatti ifa bahee mul'achuun isaa beekamaa dha.

> Maat. 3:16-17Yasuus cuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba'een, kunoo, bantiiwwan waaqaa hundinuu [isaaf] banaman; achumaanis hafuurri Waaqayyoo akka gugeetti gad dhufee isa irra bu'uu isaa in arge. Kunoo, sagaleen immoo, "Inni kun ilma koo isa jaallatamaa dha, gammachuun koos isatti in raawwatama" jedhee waaqa irraa in dubbate.

> Kutaa kana keessatti qammonni sadanuu ergaan takkaa otuu mul'atanii argina. Waaqayyo Abbaan waaqa irraa otuu dubbatuu, Hafuurri Qulqulluun bifa gugeetiin otuu irra bu'uu fi Ilmi otuu cuuphamuu!

Haaluma wal fakkaataa dhan, Maat.28:19 irratti, "*Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan Hafuura Qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! 'Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira' isaaniin jedhe.*" Jedha. As keessatti qaamonni sadan-tokkummaa (Trinity) walfaana walqixxumaan ibsamanii argina.

> 2Tesel.2:16 16 Ammas gooftaan keenya Yasuus Kristos Waaqayyo abbaan keenyas inni nu jaallate, ayyaana isaatiinis jajjabina bara baraa fi abdii gaarii nuuf kenne. 17 Innumti garaa keessan haa jajjabeessu, hojii gaarii fi dubbii gaarii hundumaattis isin haa cimsu.

Egaa xuqaa bay'ee barbaachisaa barsiisa kana keessatti qabachuun nuuf ta'u: **Waaqayyo tokko; Waaqayyo tokkichi kunis qaama sadiin ergaan takkaa jiraata. Qaama sadan kanaanis of mul'isa. Kana jechuunis, Abbaan, Ilmi fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa tokko;garuu Abbaan qaama ofii isaa qaba, ilmi qaama ofii saa qaba, Hafuurri Qulqullunis qaama ofii isaa qaba. Haa ta'u iyyuu malee Waaqa tokkichatu qaama sadaniinuu ergaan takkaa of**

**<u>mul'ise malee, Waaqa sadiitu jira miti.</u>**

Kanaaf jecha, Macaafa Qulqulluu keessatti, Ilmis ta'ee Hafuurri Qulqulluun maqaadhuama abbaan ittiin waamameen otuu waamamanii argina. Fakkenyaaf luqqisiiwwan armaa gadii qalbeeffadhuu dubbi:

- **A.** Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyotu (Yaahiwweetu) **Fayyisaa** jedhamee waamamaa ture. Kakuu Haaraa keessatti immoo maqaan kun kan Gooftaan keenya Yasuus ittiin Waamamu ta'ee argama. Faar.78:35; Isa.41:14; Luuq.1:76-79; 2:17; Titoos 2:13-14
- **B.** Kakuu Moofaa keessatti, Garaa Warra Waaqayyoon sodaatanii (Amantootaa) keessa kan jiraatu Waaqayyo (Yaahiwwee) dha. Kakuu Haaraa keessatti immoo Hafuura Qulqulluu dha. Faar.74:2; 135:21; Iyyuel 3:17-21; Zakk.2:10-11; HoE 2:33; Rom.8:9,11; 1Qor.3:16; Gal.4:6; Efe.2:22;

Kanaafuu Waaqayyo Waaqummaa (Devinity) fi uumaa (Nature) isaatiin tooko yoo ta'e iyyuu yeroo hundumaa qaamota (persons) sadiin jiraata. Sadanuus Waaqa guutuu dha: Waaqayyo Abbaa, Waaqayyo Ilma, fi Hafuura Qulqulluu. Sadan isanii iyyuu qaamaan garaagara. Kana jechuunis Abbaan qaamaan Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu irraa adda. Hafuurri Qulqullunis qaamaan Abbaa fi Ilma irraa adda jechuu dha. (Yoh.14:16-17,26; 16:7-15; 1Qor. 12: 4-6; 1Phex.1:2) Haa ta'u iyyuumalee garuu inni tokko isa biraa hin caalu. Sadanuu Waaqayyo jedhamanii waamamaniiru(Yoh.6:27; Ibr.1:8; HoE 5:3-4). Sadan isaanii iyyuu jireenya ni kennu (Yoh.5:21; Rom.8:11). Sadan isanii iyyuu kabaja Waaqummaa ni fudhatu (Yoh..5:23; 2Qor.13:14). Mee Gabatee kanaa gadii ilaali.

Mee wal bukkee qabnee ilaaluuf akka nuuf salphatutti gabatee armaa gadii keesstti qaamota Sadan-tokkummaa haa ilaallu.

| Sadan-tokkummaa | Abbaa | Ilma | Hafuura Qulqulluu |
|---|---|---|---|
| **Maqaa**: Waaqayyo/Waaqa | Yoh.3:16,HoE 3:13; Rom. 1:17 | Yoh.1:1-3; Ibr.1:8; Qol.2:9;Yoh.20:28; Rom. 9:5; Tito 2:13; 1Yoh.5:20 | HoE.5:3-9; 2Qor.3:17 |
| **Amaloota**: Barabaraa<br>➢ Hundumaa danda'uu<br>➢ Hin geddaramu<br>➢ Hundumaa beeka<br>➢ Bakka hundumaatti ergaan takkaa argamuu | ➢ Faar.90:2<br>➢ Uum.17:1;Yoh5:21<br>➢ Yaaq.1:17<br>➢ Erm.17:10;Maat.6:8; 10:29-30; HoE 1:24<br>➢ Erm23:23-24<br>➢ Mul.15:4<br>➢ Yoh 7:28;17:3 | ➢ Milk5:2; Mul.1:18<br>➢ Yoh 6:44;5:21; 1Xim.6:15<br>➢ Yoh.8:58; Ibr13:8<br>➢ Yoh.2:25; 18:4; Mul.2:23<br>➢ Maat.18:20;28:20<br>➢ HoE 3:14; Mul.3:7 | ➢ Ibr.9:14<br>➢ Zak.4:6;HoE1:8; Rom 15:19<br>➢ Yoh 14:16;Isa 11:2;<br>➢ 1Qor 2:11<br>➢ Faar.139:7<br>➢ "Hafuura Qulqulluu"<br>➢ Isa.63:10;Yoh.14:16; 1Yoh 5:7 |

| | | | |
|---|---|---|---|
| ➢ Qulqulluu<br>➢ Dhugaa<br>➢ Arjaa | ➢ Rom.2:4; Nahom.1:7 | ➢ Yoh.14:6; Mul 3:7<br>➢ | ➢ Neh.9:20 |
| Dalagaa: Uumuun<br>➢ Du'a fannoo irratti<br>➢ Du'aa ka'uu keessatti Kiristoos<br>➢ Jireenya kennuu | ➢ Faar 102:25<br>➢ Faar.22:15;Rom8:32<br>➢ Yoh.3:16<br>➢ HoE 2:24; Yoh5:21 | ➢ Qol1:16;Ibr1:2-3<br>➢ Yoh10:17-18<br>➢ Gal2:20<br>➢ Yoh.5:21 | ➢ Uum1:2<br>➢<br>➢ Ibr 9:14<br>➢ |

## 6. BARUMSA 5FFAA. YASUUS KIRISTOOS (WAAQAYYO ILMA)

Yasuus qaama Sadan-tokkummaa keessaa tokko. Inni Ilma Waaqayyo isa tokkicha. Macaafa Qululluu keessattti inni, Sagalee Waaqayyoo, Ilma Waaqayyoo, Fayyisaa biyya lafaa, Gooftaa, Mootii, Angafa nagaa,… jedhamee beekama. Inni Waaqa dhugaa fi nama dhugaa ti.

### 6.1. YASUUS WAAQAYYO DHUGAA TI.

- Mee luqqisiiwwan kanatti fufanii jiran sirritti qayyabadhu.

Yasuus waa'ee ofii isaa:

- Maat.13;41 'Ergamoota koo" vs Lyq,12:8-9;15:10
- Cubbu dhiisuu Maarq 2:5-7
- Biyya lafaatti faraduu Maat25:31-46
- Seera ofii isaa diiguu ykn fooyyessuu kan danda'u Waaqayyo qofa == > Sanbata Bahuu 20:8-11;Maarq 2:27-28
- Anii fi abbaan tokko Yoh.19:30;
- Dursee jiraachuu –Abriham dura Yoh.8:58; Bahuu 3:14-15
- Isa. 40:3 fi Maat 3:33 wal qabsiisii dubbisi.
- Faar 24: 7,10 fi 1 Qor 2:8; Yaaq.2:1 wal qabsiisii dubbisi. [Gooftaaa ulfinaa]
- Erm 23:5-6 fi 1Qor.1:30 [Qajeelummaa keenya]
- Isa 44:6 fi Mul'at 1:17-18; Isa 48:12-16 fi Mul'ata 22:13 Alfaa fi Oomegaa
- Faar 110:1 fi Maat.22:42-45
- Rom. 9:5 Waaqa Hundumaa ti
- Isa 7:14 fi Maat 1:23 Emmanu'eel =Waaqayyo nu wajjin
- Acts 20:28 *"Be on guard for yourselves and for all the flock, among which the Holy Spirit has made you overseers, to shepherd the church of God which He purchased with His own blood.* (NAS)

*"Therefore take heed to yourselves and to all the flock, among which the Holy Spirit has made you overseers, to shepherd the church of God which He purchased with His own blood.* (NKJ)

- Sagalee Waaqayyoo Yoh.1:1-3;14

### 6.2. Yasuus Nama dhugaa ti.

- Hidda dhalootaa sanyhii namootaa keessaa qaba. Maat 1:1-17; Luq.3:23-38
- Yasuus akka namaatti dhalate. Naqa (posture) namaas qaba ture. Luq. 2:1-52
- Nama tu'uu isaa irraa kan ka'es
    - Beela'eera. Mat. 4:2
    - Dheeboteera Yoh.19:28
    - Dadhabeeras Yoh4:6
    - Du'a du'eera

Kanaafuu Yasuus nama fakkaatee kan mul'ate otuu hin taane, namaa **ta'ee** kan mul'ate dha. 1Yoh.1:1

- Gooftaan Yasuus waa'ee nama ta'uu isaa ofuma isaa iyyuu yeroo mul'isu; gaafa Seexanaan qorame, "<u>NAMNI</u> buddeena qofaan hin jiraatu" jedhe. Mat.4:4
- Namoonni biroonis Inni nama ta'uu isaa ragaa bahaniiru.
    - HoE 2:22
    - Rom.5:15;17:19
    - 1Qor.15:21,47-49
    - 1Ximo.3:16
    - Yoh.1;14
    - Gal.4:4

- Nama ta'uun Yasuus du'aa ka'uu booda illee dhimma mirkannaan irratti kenname dha. Luq. 24:39

- Nama haa ta'u iyyuu malee gruu cubbuu hin qabu ture
    - Ibr.4:15; 7:26; 9:14;
    - Yoh 6:69
    - 1Phex 2:22
    - 1Joh 5:5
    - 2Qor 5:21

### 6.3. Macaafni Qulqulluun waa'ee Yasuus maal jedha?

1. Fayyisaa (Maat 1:21; Luq 2:11; HoE 13:23; Fiilp 3:20; Titus 1:4; Titoos 2:10,13; 3:4-6; 2 Pet 1:1,11; 2:20; 3:18; I Jn 4:14)
2. Araarsaa (Isa.53:12; Rom.8:34; 1 XIm.2:5; 1Yoh.2:1-2; Ibr 7:25; 8:6; 9:1
3. Mootii(Matt 28:18; Eph 1:20-22; 1 Tim 6:15; Rev 11:15; Rev 17:14; Rev 19:16
4. )Angafa Lubaa (Ibr.4:15; 5:5-6; 6:20)
5. Abbaa Firdii (Maat 16:27; 25:31-46; yoh 5:22-27; HoE 10:42; 17:31; Rom 2:16; 14:9-11; 1 Qor 4:4-5; 2 Qor 5:9-10; 2 Tes 1:7-10; Mul 20:11-15)

# 7. BARUMSA 6FFAA. HAFUURA QULQULLUU

## 7.1. HAFUURRI QULQULLUN EENYU INNI?

Hafuurri Qulqulluun qamota (Persons) sadan Waaqayyo inni tokkichi ittiin yeroo hundumaa jiraatu keessaa isa tokko. Hafuurri Qulqulluun ofu isaatii Waaqayyo dha. Akkuma kanaa olitti ilaalletti, Waaqayyo Waaqummaa (Devinity) fi uumaa (Nature) isaatiin tooko yoo ta'e iyyuu yeroo hundumaa qaama sadiin jiraata. Sadanuus Waaqa guutuu dha: Waaqayyo abbaa, Waaqayyo Ilma, fi Hafuura Qulqulluu. Sadan isanii iyyuu qaamaan garaagara. Kana jechuunis Abbaan qaamaan Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu irraa adda. Hafuurri Qulqullunis qaamaan Abbaa fi Ilma irraa adda jechuu dha.

Egaa Hafuurri Qulqulluun human ta'e tokko otuu hin ta'in kan anummaa ofii isaa qabuu fi hojjechuu, beekuu, gammaduu/gadduu, kennuu fi fudhachuu, akkasums dubbachuu kan danda'u dha.

*HoE.8:20 Hafuurri Qulqulluun Filiphoositti dubbachuu isaa*
*Hoe 13:2 Hafuurri Qulqulluun fedha isaa mul'isuuf fi namoota erguu isaa*
*Efe.4;30;* Isa.63:10 *Hafuurri Qulqulluun gadduu akka danda'u*
*1Qor 12:1 Hafuurri Qulqulluun akka fedhetti kennaa ni kenna*

*Mcaafa Qulqulluu keesatti Hafuurri Qulqulluun maqaa garagaraatiin waamameera. Isaanis: Hafuura Waaqayyoo, Hafuura Kiristoos, Hafuura Gooftaa, Hafuura Dhugaa, Jajjabeessaa, Isa nuuf dubbatu.*

Bara Kakuu Moofaattis ta'ee Kakuu Haaraatti, Hafuurri Qulqulluun akkaataa fi yeroo garagaraatti mul'achuudhaan hojjechaa ture. Duraan dursa, Hafuurri Qulqulluun hojii uumuu isa jalqabaa keessatti si'aayinaan qooda fudhataa ture.

Uum.1:1-2 "*Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan I waaqaa fi lafa uume; lafti bifa hin qabu, onaas ture; eallabboo gad fagoo irra dukkanatu ture, Hafuurri Waaqayyoos bishaan irra in sosocho'a ture.*"

Hafuurri Qulqulluun nama uumuu fi namaaf jireenya kennuu keessatti qooda fudhateera. (Uum.1:26; 2:7; Iyyoob 33:4)

Lammaffaa irratti, barreesitoota Macaafa Qulqulluu keessa waan isaa barreessan kaa'uudhaa (inspired) kan geggeesse Hafuura Qulqulluu dha. (HoE 28:25; Ibr.9:8; 10:15; 2Phex.1:21).

Bara Kakuu Moofaatti, hojii Waaqayyoo fiixaan baasuuf warra fo'aman qofaa irratti dhuffudhaan hojjeta ture. (1Sam. 10:6; Seera Lakk.11:17; Keessa Deebii 34:9)

Bara Kakuu Haaraatti immoo jireenya amantootaa keessa akka jiraatu Macaafni Qulqulluun ni barsiisa. Namni Hafuura Kiristoos of Keessaa hin Qabane kan Kiristoos akka hin taane (Rom 8:9). Namni tokko guyyaa Kiristoosiin akka fayyisaa jireenya isaatti fudhatee jalqabee Hafuura Qulqulluu of keessatti qabaachuu danda'a. Mallattoo Fayyina keenyaas nukeessa jiraachuu Hafuurichaa ti (Efe.1:13-14; 4:30; 2Qor.5:5). Hafuurri Qulqulluun yeroo nukeessa jiraatu akka kadhannuuf nu gargaara (Rom8:26-27).

### 7.2. Hojii Hafuura Qulqulluu

Hafuurri Qululluun hojiin isaa maal fa'ii? Hafuurri Qulqulluun akka Waaqummaa isaattii hojii Abbaanii fi Ilmi hojjechuu dana'an hundumaa kan hojjechuu danda'u yoo ta'e iyyuu, hojji yeroo baay'ee inni ittiin beekamu kan armaa gaditti kennama tga'u. Isaanis:

1. Waa'ee Gooftaa Yasuus Dhugaa bahuu. (Yoh.15:26; HoE 5:32)
2. Firdii dhufu jalaa baasuuf namoota gara qalbii diddiirrannaatti fiduu. Yoh 16:8;
3. Barsiisuu fi gara dhugaatti geessuu (Yoh 14:6)
4. Dubbii Waaqayyoo amntoota Yaadachiisuu (Yoh.14 26b)
5. Amantootaaf human kenna (Rom.15:8; 1Ximo.1:12; Efe.6:18; Yihuudaa 20b)

Erga Hafuurri Qulquklluun hammas amantootaaf barbaachisaa ta'ee attamitti isa fudhachuun danda'amaa? Namni tokko Hafuura Qulqulluu fudhachuuf duraan dursee Gooftaa Yasuusiin fayyisaa jireenya isaa godhee fudhachuutu isaaf ta'a. Karaa dubbii isaatti amanuu fi qalbii diddiirrachuu jireenya lammaffaa dhalachuu argachuu danda'a. Sagalee

Waaqayyootiif abboomamuu fi Hafuura Qulqulluu of keessatti dheebochuudhaan isa fudhachuun ni danda'ama.

Amanaan tokko Hafuura Qulqulluu of keessaa qabaachuun isaa ija inni godhataa adeemun beekama. Namni Hafuura Waaqayyoo of keessaa qabu ija hojii hafuuraa caalchisee godhachaa adeema. (HOE. 3: 3-8; Isa.63:10; Gala.5:22-23) Kunis jireenya qulullummaatii jiraachuudhaan, namootaa fi Waaqayyoo wajjin nagaa qabaachuudhaan, jireenya hafuuraa ofiitti guddachuudhaan, akkasumas hojii Waaqayyootiif of kennuudhaan mul'ata.

**Shaakala Human Hafuura Qulqulluu** (the experiences of the power of the Holy Spirit).
Guyyaa dhugaadhaan Gooftaa gara jireenya keenyaatti affeerree jalqabee Waaqayyo karaa Hafuura Qulqulluu waan nu keessa jiraachuu jalqabuuf Hafuura Qulqulluu of keessa qabana. Haa ta'u iyyuu malee garuu humna Hafuura Qulqulluu jireenyaa fi tajaajila keenya keessatti shaakaluun barbaachisaa dha. Shaakalli kunis namoota hunumaaf akkaataa tokkoon miti. Hafuurri tokkichi sun namoota hundumaaf kennaa gargaraa kennuudhaan akkaataa gargaraatti humna isaa kana akka isaan shaakalan godha. Afaan Haaraa dubbachuun isaan keessaa tokko. Amantoonni humna Hafuura Qulqulluu malee hojii Waaqayyoo akka isaan irraa barbaadamutti hojjechuu hin danda'an.

Kiristoosiin lallabuudhaan Mootummaa Waaqayyoo bal'usuuf akkasumas akka warra Waaqayyo isaan fayyiseetti ija gochaa adeemuuf humni Hafuura Qulqulluu baay'ee barbaachisaa dha. Humana Kana fudhachuuf immoo **turanii** *(Yeroo fudhatanii)* Waaqayyoon eeggachuun (*amantiidhaan*) karaa akka ta'e Gooftaan Yasuus dubbateera(HoE1:4, 8).

Waaqayyo warra isa gaafataniif Hafuura Isaa akka kennu Macaafni Qulqulluun dhugaa nuuf baha. Kanaafuu namni garaa isaatiin Hafuura Qulqulluu fudhachuu barbaadu Waaqayyo biraa argachuu ni danda'a. (Luuq. 11:13; Yoh.7:37-39). Waan ta'eefis, amanaan tokko yeroo hundumaa kennaa Waaqayyo kennu kana dheebochuu fi Waaqayyoon gaafachuutu irra jiraata, Waaqayyo isa dheebote dheebuu baasuutti in gammada waan ta'eef (Isa.44:3-4).

# 8. BARUMSA 7FFAA. MACAAFA QULQULLUU

## 8.1. MACAAFA QULQULLUU KITAABOTA BIROO IRRAA MAALTU ADDA GODHAA?

Biyya lafaa kana irra macaafota hedduutu jira. Macaafonni amantaaf namoonni itti fayyadamanis ni jiru. Kiristaanonni Kitaaba kana addatti ilaalanii maaliif amantaaf itti fayyadamuu? Litaabni Kuni maaliif kitaaba qulqulluu (adda bahe) godhamee fudhatamee?

1. Barreeffamuu Kitaaba kanaa keessatti ga'ee guddaa kan taphate Waaqayyo waan ta'eef. Akkuma maqaan isaa ibsutti Dubbiin Waaqayyoo kan Waaqayyo isa Gooftaa hundumaa gararraa ta'e biraa ba'e dha. Dubbiin kunis dubbii Waaqayyo biraa karaa raajotaa, ergamootaa fi namoota Waaqayyo waa'ee isaa akka dubbataniif isaan kaase barreessani dha. Namoonni, kitaabota Macaafa Qulqulluu keessatti hammataman barreessanis, Hafuura Qulquluudhaan geggeefamanii waan barreessaniif.

2. Jalqabaa fi dhuma addunyaa kanaa kan ibsu waan ta'eef

3. Yaada Waaqayyo ilmaan namootaaf qabu ibsa waan ta'eef

4. Sagalee baduu fi geddaramuu akkasumas barabaraan hin jijjiiramne ta'uu isaa

Macaafni Qulqulluun kuufama caaffattoota hafuura Waaqayyoo of keessaa qabanii ti. Macaafni Qulqulluun walitti qabama macaafota 66 ti. Isaan hunduu barreeffamoota namoonni Waaqayyoo hafuura Waaqayyootiin geggeeffamanii barreessanii ti.

Macaafa Qulqulluu macaafota biraa irraa kan adda isa godhus namoonni isa caafan Hafuura Waaqayyootiin geggeefamani barreessuu isaanii ti. Macaafa yaadi Waaqayyoo keessatti katgabame waan ta'eefis Macaafni Qululqulluun burqaa ogummaa jireenyaa ti. Kanaafis barsiisaaf, qajeelchaaf, ifataaf, akkasumas gorsaaf ni gargaara. 2Ximo. 3:16-17.

Macaafa Qulqulluu namoota gara afurtamaa ta'an kan baruuta garagara fi sadarkaa jireenyaa garagaraa irra jiraatantu barreesse. Haa ta'u iyyuu

malee waan isaan barreessan kan isaan keessa kaa'e (inspired) hafuura Waaqayyoo isa tokkicha waan ta'eef iddoo itti waliin mormu hin qabu. Yaadni isaas jalqabaa hamma xumuraatti wal qabataa fi kan wal deggaree adeemu dha.

Macaafni Qulqulluun iddoo kutaa gurguddaa lama qaba. Isaanis: Kakuu Moofaa (isa dhaloota Kiristoos dura ta'ee fi barreefame) fi Kakuu Haaraa ( isa Dh.K booda ta'ee fi barreeffame) ta'u.

Kakuu mootaan kitaabota 39 yeroo ta'an Kakuu Haaraan immoo 27 of keessaa qaba. Walii galatti kitaabota 66 jechuu dha. Akkaataa caasaa barreefama isaanii ilaaluudhaan Kitaabota Macaafa Qulqulluu keessa jiraan iddoo garagaraatti qoodnee qayyabanna. Fakkeenyaaf Kitaabota Kakuu Moofaa keessa jiran Kitaabota Musee, K. Seenaa, Kitaabota Jechamaa (walaloo), Kitaabota Raajii jennee afuritti qoodna. Gabatee kanatti fufee jiru ilaali.

| Lak | Qoodama | Maqaa Kitaabaa | Baay'ina Kitaabotaa | Baay'ina Boqonnaawwanii |
|---|---|---|---|---|
| *Kakuu Moofaa* | | | | |
| 1 | Kitaabota Musee | Uum –Keessa deebii | 5 | 187 |
| 2 | K. Seenaa | Iyyaasuu-Asteer | 12 | 249 |
| 3 | Jechamaa (walaloo) | Iyyoob—Weedduu Weeddotaa | 5 | 243 |
| 4 | Kitaabota Raajii | Isaayaas--Milkiyaas | 17 | |
| | Raajota gurguddoo | Isaa—Daani'eel | 5 | 183 |
| | Raajota Xixiqqoo | Hosee—Milkiyaas | 12 | 67 |
| | **Ida'ama** | | **39** | **929** |
| *Kakuu Haaraa* | | | | |
| 1 | Wanggeelota | Maat—Yohannis | 4 | 89 |
| 2 | Macaafa seenaa | Hojii Ergamootaa | 1 | 28 |
| 3 | Ergaawwa | Roomee---Yihuudaa | 21 | 121 |
| 4 | K.Raajii | Mul'ata Yohannis | 1 | 22 |
| | **Ida'ama** | | **27** | **260** |
| | *Walii gala* | | *66* | *1,189* |

### 8.2. WANTOOTA SAGALEEN WAAQAYYOO ITTI FAKKEEFAMAN

1. Billaa Qara lamaa Ibr 4:12
2. Burrusa--- kan laphee diddaa cabsuu danda'au  Erm 23: 29b
3. Sanyii --faca'ee ija garii kennuu agarsiisa  1Phex 1:23
4. Daawwitii/ofilaallee  Yaaqa 1:23-25
5. Ibidda Erm. 23:29
6. Ibsaa Faar. 119: 105
7. Soorrata  1Phex 2:2; Ibr 5:12, 1Qoro 3:21

### 8.3. BARBAACHISUMMAA DHUBBIIFFACHUU/DHAGA'UU WANGEELAA

1. Sagalee Waaqayyoo dhaga'uun amantii waan fiduuf  Room. 10:17
2. Namatti yakka isaa himee qalbii jijjiirrachiisa HoE 2:14-17
3. Sagalee Waaqayyoon dhaga'uun waan qulqulleessuuf 2QOro. 7:1
4. Lammata dhalachuu waan fiduuf  1Phex. 1`:23
5. Dhugaa waan nama barsiisuuf  HoE 17:11
6. Jajjabina waan kennuuf  1Tesl 4:18
7. Dhaala jireenya bara baraa waan dhugoomsuuf  Yoh 5:23

## 9. BARUMSA 8FFAA. ABBOOMMII KURNAN

Hawaasa Kamuu keessatti naamusi akka jiraatuuf seerrii fi heerri jira. Heerrii fi seerri tumamus namoonni hawaasa sana keessa jiran akkaataa gaarii fi fudhatamaa ta’etti akka walii wajjin jiraataniif gargaara.

Haaluma kana fakkaatuun Waaqayyo saba isaa wajjin hariiroo gaarii qabaachuuf akkasumas immoo sabni isaa walii isaa wajjin walitti dhufeenya gaarii akka qabaatan gargaaruuf wanta namoota irraa fedhu/barbaadu akka abboomiitti Museetti kenne. Mee luqqisiiwwan kanatti fufanii kennaman yaadaan qabii dubbisi.

Seera Keessa deebii 19:1-19; 24:12-18; 31:18

Waaqayyo saba isaatiif kakuu gale. Kakuun inni jalqabaa kun Kakuu Moofaa jedhama. As irratti wanti nuti dagachuun nu irra hin jirre, walitti dhufeenya saba isaa wajjin uumuu keessatti tarkaanfii isa jalqabaa kan fudhate Waaqayyo dha. Isatu dursee namaaf kakuu gale. Ergasii booda immoo namaafis ga'ee kenne.

Waaqayyo Abboommii isaa kurnan gabatewwan dhagaa lama irratti barreessee harka garbicha isaa Museetiin saba isaatti erge.

Gabatee inni jalqabaa Abboommii 1-3 baata. Yaadni isa irratti mul'atu gabaabaatti waa'ee *Waaqayyoon jalala* kan ibsu dha. Gabateen dhagaa inni lammaffaan immoo Abboommii 4-10 baata. Inni immoo waa'ee *jalala namoota* kan abboomu dha. Egaa walumaa galatti Abbommonni kurnanuu waa'ee *JAALALAA* kan dubbatan dha jechuu dha.

### 9.1. Bu'aan Abboommii/seeraa Maal?

- Waaqayyo nuu fi namoota nu wajjin jiraatan eeguuf seera kenne.
- Waaqayyo waan ofii isaatii nurraa fedhu nu hubachiisuuf seera isaa nuuf kenne
- Seerri cuubbuu nutti agarsiisa. Jireenya cubbuu fi jireenya qajeelummaa gidduutti daangaa kaa'a.

Abboommiiwwan Kurnan kan isaan kennaman bara duriitti yoo ta'an illee, har'as akkuma gaafasii barbaachisoo dha. Waaqayyo namoonni seerrata isaa akka eegan har'uma iyyuu ni barbaada. Waan hundumaa caalaa garuu Waaqayyo akka jaallannu (akka jaalala qabaannu) nurraa barbaada. Seera Waaqayyoo irra daddarbuun fedha isaa malee jiraachuu dha. Jireenyi fedha isaa ala jiraachuu immoo cubbuu Waaqayyottii gargar nu baasu dha.

Mee Abboommonni Kurnan Waaqayyo akka eeganiif bara Museetti saba isaatiif kenne maal faa turan? Jireenya keenyaa wajjin immoo akkamitti wal qabatu?

## 9.2. IBSA ABBOOWWIIWANII

### *9.2.1. Abboommii Tokkoffaa:*

Ana Duratti Waaqa Kan biraa hin qabaatin! (Bahuu 20:2-6; Keessa Deebii 5:7 Sirriitti dubbisi!)

Abboommii maal nu ajaja? Akka nuti Waaqayyoon isa dhugaa malee (Isa Waaqaa fi lafa uume, isa bara baraan jiraatu, isa warra Isiraa'eliin biyya garbummaatii baase, Isa tessoon isaa Waaqarra ta'e malee waaqolii biraa hin Waaqeffanne (hin amanne, hin waammanne, hin abdanne, hin sodaanne, hin kabajne) nu abbooma.

Waaqayyo isa duratti (fuula isaa duratti), isatti daballee, isaa wajjinis wal qixxeesinee wanta became ykn wanta uumame kamuu akka hin waaqeffanne nu ajaja. Ajaja kana cabsuun Isiraa'eloota irratti dhekkamsa gurguddaa baay'ee fichisiisee ture. Fakkeenyaaf: kadhatni isaanii akka hin daga'amne, hamaan akka isaan irra gahe, akka boojuutti dabarfamanii kennaman, akka fuula Waaqayyoo arguu dadhaban Macaafa Qulqulluu keessaa iddoo baay'eetti argina.

Abboommiin kun kan nu hubachiisu, Waaqayyo tokkicha qofa akka ta'e, isa malees kan biraan 'Waaqayyo' ta'uu kan danda'u akka hin jirre mul'isa.

Abboomiin kun Waaqayyoon duwwaa jireenya keenya irratti akka tokkoffaa goonu malee wanti biraan akka nu irratti caalee hin argamne nu ajaja. Yeroo tokko tokko namni otuma 'Waaqayyoonan waaqeffadha' jedhuu, qabeenya, beekumsa, watoota biyya lafaa kanaa baay'ees of irratti waaqomsaa argina.

Yeroo tokko tokko fakkiiwwan (kam iyyuu isa 'fakkii Yasuus' jedhamu dhabalatee jechuu dha), namoota fi ergamoota kam iyyuu, uumama kamuu (laga, muka, bineensa, aduu, ji'a, urjii, Seexana, qaalluu, Awuliyaa, qulqulloota (Maariyaa, Aabboo, Goorgisii,kkf, dabalatee),fi kan biroos Waaqeffachuun abboommii kanaan dhowwameera.

Atumtuu, kana dhabnaan jiraachuu waanan danda'u natti hin fakkaatu, waan jettu qabdaa? Wanta yeroo kee isa caalu, laphee kee hundumaa caalaatti wanta fudhate qabdaa? Yeroo Waaqayyoof qabdu kan laachuufii dandeessu jechuu dha. Ulfina Waaqayyoof qabdu si harkaa kan saamu! Waaqayyo ana duratti waaqolii kan biraa hin qabaatin nuun jedha!

Meegaaffilee kana irratti waliin mari'adhaa:

1. Wantoonni namootatti Waaqolii ta'an maal fa'i?
2. Ati wanti kanaan dura/hamma har'aatti Waaqolii sitti ta'an jiru?
3. Amanaan tokko abboommii tokkoffaa eegaa jiraachuu isaa akkamitti beeka?

Kutaalee kana qayyabadhu: Bahuu 15:11; K. Deebii 5:7; 6:5; 6:14; Iyya 24:18-24; II Moot 17:29-35; Far 29:2; 73:25; 81:9;Isa 26:4; 43:10; 44:8; 45:21-22; 46:9; Erm 25:6; 35:15;Maat 4:10; 1 Qor 8:4; Efe 5:5; Filp 3:19 ;Qol 2:18 ;I Yoh 5:20-21; Mul. 19:10

### *9.2.2. Abboommii Lammaffaa:*

**Maqaa Waaqayyo Waaqa keetii akkasumaan hin dhahin Waaqayyo maqaa isaa akkasumaan kan dhahu utuu hin adabin hin dhiisuu**

(Bahuu 20: 7; K.Deebii 5:11)

Waaqayyo nama irraa maal barbaadee abboommii kana kennee? Waaqayyo maqaa isaatiif kabajaa fi ulfina guddaa akka kenninu barbaada. Sababni isaa Maqaan Waaqayyoo eenyumma isaa waan mul'isuuf. Kanaafuu, Maqaa Waaqayyoo kabajaa dhowwachuun akka Waaqayyoon salphisuuttu lakkaa'ama.

Namni tokko Maqaa Waaqayyoo akkamu argetti itti fayyadama yoo ta'e (wanta salphaafis ta'ee wanta sobaaf, iddoo hin barbaachifnetti, haasaadhuma isaa/ishee minyeeffachuuf ykn dhugaa fakkeessuuf) Maqicha salphisa jira. Nama kana, egaa, Waaqayyo akka Inni jiilchuuf adabu abboomiin kun dubbata. Namni akkasii yoodhuma cubbuu biraa hin hojjenne ta'e illee, yakkattii qul'aa godhamee hin ilaalamu.

Mee gaaffilee kanatti aananii jiran dubbisaa ti irratti mari'adhaa:

1. Namoonni yeroo akkamii Maqaa Waaqayyoo akkasumaan dhahu?
2. Wantoonni akka namoonni maqaa Waaqayyoo akkasumaan dhahan nama taasisan maal fa'i?
3. Ati wanti kanaan dura/hamma har'aatti maqaa Waaqayyoo akkasumaan akka dhooftu si godhan maal fa'i? isaan Kana akkamitti of irraa kutuu dandeessaa?
4. Amanaan tokko abboommii lammaffaa eegaa jiraachuu isaa akkamitti beeka?

Kutaale kana qayyabadhu: Lewota 19:12; 24:11-16; K.Deebii 5:11; Fars 50:14-16; Fakk 30:9; Erm 4:2; Maat 5:33-37; 23:16-22;26:63-64; 2 Qor 1:23; Yaq 5:12

### *9.2.3. Abboommii Sadaffaa:*

Guyyaa Sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu.(Bahu 20: 8-11)

Guyyan sanbataa mallattoo Waaqayyoof saba isaa gidduutti barootaaf taa'e dha (Bahuu 31:11). Waaqayyo sabni isaa Israa'el Waaqayyo isa waan hundumaa uumee ta'uu isaa fi Inni guyyoota ja'a keessatti wantoota hundumaa akka uume ittiin dhugaa bahuuf mallattoo kaa'ame dha.

Guyyaa kana namni qulqullummaatti eeguun akka barbaachisu abboomiin sadaffaan nu abbooma. Waaqayyo kan inni guyya torbaffaa irratti boqote dadhabnaan miti. Garuu nuuf fakkeenyuummaa nuuf kaa'uuf jedhee ti. Abboommii kana akka warra kaaniitti haaraa godhee nuuf hin laanne, garuu yaadadhu jedhe. (Uum 2:3)

Maal goonee guyyaa Sanbataa qulqulleesinaa? Dubbii afaan keenyaan, hojii keenyaan, yaada keenyaan Waaqayyoof ulfina laachuudhaan qulqulleesina.

Guyyaa torbaffaa keessatti maal faa gochuutu eeyyamamaa dha? Hojii mataa keenyaa irraa ni boqonna, Waaqayyoon ittiin Waaqeffanna, Namoota dhukkubsatan gaafachuuf, warra gaddan jajjabeessuuf akkasumas Waaqayyoon dhaggeeffachuuf [Dubbii isaa qayyabachuu fi kadhachuun].

Sanbatni guyyaa isa kamii? Bara durii keessatti warri Yihuudotaa sanbata jedhanii kan itti fayyadamaa turan Sanbata Duraa/Sanbata Xiqqaa/Saftii dha. Sanbatni Guddaan immoo jalqaba torbanii godhamee beekama. Haa ta'u iyyuu malee:

1. Gooftaan Yasuus kan inni itti du'aa ka'e,
2. Hafuurri Qulqylluun Bartoota irra kan inni dhufe akkasumas HoE. 2:1-
3. bartoonni Walitti qabamanii Waaqeffataa kan turan Guyaa jalqaba torbanii jedhamu kan irra waan tureef nuti amantoonni Kakuu Haaraa Sanbata Guddaa akka guyyaa torbaffaatti itti fayyadamna.

Uum. 2:3 ; Bahuu 16:23-30; Bahuu 31:13-14 ; Lew 19:3 ; Lew 23:3; Keessa deebii 5:12-15; Isa 56:4-6

### *9.2.4. Abboommii Afraffaa:*

Biyya ani Waaqayyo Gooftaan kee siif kenne keessa bara dheeraa akka jiraattuuf, **abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni.**

Abboommiin kun maal jedhuu akka ta’ee fi akkamitti akka hojiirra oolu irratti mari’adhaa!

Abbaa kee fi haadha kee inni jedhu maatii keenya warra nu godhatan, hiryoota isaanii, namoota dubbii Waaqayyoo nu barsiisan, namoota akka isaan biyya bulchaniif Waaqayyo isaan kaa’e (Rom.13:1-7) fi hangafoota keenya of keessatti qabata.

“Ulfina kenniif” jechuun maal jechuu dha? Abboomamiif, isaa dhaga’i, kabajaa barbaachisaa ta’e laadhuuf, gaarii godhiif jechuu dha.

Abboommiin kun daa’imman qofaaf kan kenname miti. Namoota hundumaa ilaallata. Ga’eesota Abbootaa fi haadhota qabanis jechuu dha. Sababni isaa immoo maatiin keenyas ta’ee warroonni biyya bulchan aboo kana kan isaan fudhatan Waaqayyo biraa waan ta’eef.

Qola.3:20
Fak. 23:22

### *9.2.5. Abboommii shanaffaa:*

Hin ajjeesin

Ajjeesuu jechuun maal jechuu dha? Lubbuu baasuu; dhiiga dhanalaasuu, jibbuu—

Lubbuu baasuun: Kan ormaa fi kan ofiiti. Macaafa Qulqulluu keessatti Waaqayyo Ani nan ajjeessa anumtnu immoo nan kaasa jedheera. Kanaaf lubbuu nama biraas ta’ee kan ofii baasuun hojii Waaqayyoo keessa galanii duraa balleessuu dha. (1Sam.2:6-7)

Waaqayyo maaliif abboommii kana kennee? Namni yeroo maal faa godhu abboommii kan cabsaa? Abboommii kana eeguuf wantoonni nu gargaaran maal faa ta'uu danda'u?

Waaqayyo yeroo Qaayin Abeliin ajjeese isa abaare (uum.4:8-12).

Mee gaaffilee kanatti aananii jiran dubbisaa ti irratti mari'adhaa:

1. Namoonni yeroo maal gochuu isaatiin nama ajjeesuu danda'aa?
2. Wantoonni akka namoonni nama ykn of ajjeesu nama taasisan maal fa'i? Attam godhee amanaan tokko isaan kana irraa of eeggachuu danda'aa?
3. Amanaan tokko abboommii shanaffaa eegaa jiraachuu isaa akkamitti beeka?

### *9.2.6. Abboommii ja'affaa*

**Hin ejjin**

Ejji maa inni? [irratti mari'adhaa!]

Hin ejjin jechuun jireenya qulqullummaa jiraachuudhaan Waaqayyoon jaalladhu jechuu dha. Waaqayyo maaliif abboommii kana kennee?

1. Waaqayyo jireenya maatii (gaa'ela) keenya eeguudhaaf abboommii kana kenne. Kanaaf abbaan manaa fi haati manaa waliif amanamanii jiraachuutu isaaniif ta'a. (Maat. 19:5-6; Ibr.13:4).

2. Jireenya gaa'elaa alatti wal-qunnamtii qaama saalaa godhamu ittisuuf kenname. Kanaafuu Abbaan manaa fi haati manaas nama gaa'elaan itti hidhamanii jiran dhiisanii nama biraa bira akka hin dhaqne ittisa. (Lewwoota 18:20;20:10; 2Sam. 11:3-4,27; Marq.10:11-12)

3. Fedhii fi yaadni hamaa ta'e qalbii keenya akka hin dhaalle nu ittisa. Kun jireenya keenya dhaalee argamnaan cubbuu nutty ta'a. 'Namni ija hawwaa tiin gara dubartii ilaalee garaa isaatiin akka isheetti ejjetti lakkaa'ama.' (Maat.5:27-28; Efe. 5:3-5)

Kun immoo ija hawwaatiin gara dubartii akka hin ilaalle nu dhowwa. Dubartoonnis hamma isaaniif danda’ametti jireenya obboleessi isaanii ittiin gufatu jiraachuu fi mul’isuu irraa of qusachuun gaarii dha.

4. Waaqayyo hojiidhaan, dubbiidhaan, akkasumas yaadaan jireenya qulqullaa’aa akka qabaannu barbaada. (Efe 5:3; Qol.3:4-5; 1Tesl.4:3-7)

   Kanaafuu hojii keenyaan, dubbii/jechoota keenyaan akkasumas yaada keenyaan wanta nuunis ta’ee nama biraa gara ejjaatti geessu irraa of eeggachuutu nurra jiraata. [Fakkeenyota garaa garaa fudhadhaatii irratti mari’adhaa!]

Abboommiin kun warra fuudhe/heerumtes ta’ee nama hin fuudhin/heerumin ni ilaallata.

Abboommii kana eeguuf maal gochuutu nuuf ta’a? [Irratti mari’adhaa!]. Wantoota kanaaf kakaasan irraa baqachuun ogummaa guddiaa dha. Macaafni Qulqulluun Seexana akka ifannu yemmuu nu gorsu, ejja garuu jedha (. Fakkeenyaaf: Fiilmota, qaqqabaa, qoosaa fi wantoota kan biroos warra akka nuti yaadaan, dubbiidhaan, hojiidhaanis qulqulloota hin taane nu godhan irraa of eeggachuu nu barbaachisa.

Yeroo fuunuu fi heerumnu; ijoollee keenya yeroo fuusifnuu fi heerumsiifnu of eegganoo baachisu gochuutu nurraa eegama. Fkn. Dur (haradhuma iyyuu bakka gaagaraatti] dhiironnis ta’ee ijoolleen durbaa nama gaal’elaaf hin barbaannetti dirqisiifamanii (yeroo baay’ee karaa maati) hidhamanii argina. Kun immoo kufaatii ejjaatiif isaan saaxiluu ni danda’a.

Abbaan manaa fi haati manaa yeroo hundaa wal jeequun, wal amanuu dhabuun, abbann manaa fi haati manaa wal-hiikuun akkasumas haadha manoota baay’ee fuudhuun kufaatii ejjaaf saaxiluu ni danda’a.

Ejji Waaqayya’ela ofii irratti cubbuu hojjechuu dha. (Uum. 39:9)hag. Dhagni keenya ejjaaf otuu hin taane Waaqayyoof uumame. Ejji cubbu dhagna ofii irratti hojjetamu fi mana qulquluummaa Waaqayyoo xureessu dha. (1Qor.6:13, 15-20).

Waaqayyo jirenya geddarame akka jiraannu barbaada. Kanaan dura jireenya akkasii keessa jiraachaa turre ta'uu dandaa. Ammaa booda garuu Waaqayyoof of quleessuuf qophaa'u qabna. (1Qor 6:10-11; Efe.4: 17,19-20)

Yasuus Dubartii ejja irratt qabamtee gara isaatti fidamte sana yemmuu arge, "anis sitti hin faradu, garuu itti hin deebi;'in jedheen (Yoh.8:10-11)

### *9.2.7. Abboommii Torbaffaa:*

**Hin Hatin(Keessa Deebii 5:19)**

Hin hatin jechuun maal jechuu dha?

- Abboommiin kun qabeenyaa nama kan biraa milqsuun ykn karaa amanamummaa of keessaa hin qabneen fudhachuu dhiisuudhaan akka Waaqayyoon jaallanuu fi sodaannu kan nu ajaju dha. Kunis amanamoo akka taanu kan nu gaafatu dha. Namoonni yeroo hatan amanamummaa isaanii dhiisan jechuu dha. Inni kunis:
    - Namoonni wanta hojjetan qulqullinaa fi akka hojjechuun isaan irraa eegamutti hojjechuu yeroo dhiisan,
    - hojii mindaa itti rgatanitti dhibaa'oo yeroo ta'an
    - Meeshaa/tajaajila gurguran keessatti gatii isaaniif malu irra dabarsanii yeroo gaafatan (Erm.7:9-10)
    - Madaallii yeroo dogongorsan
    - mattaa yeroo fudhatan,
    - hojettoota isaniitiif mindaa isaaniif taa'u kennuufii yeroo dhiisan, (Lew. 19:13)
    - ergisa/liqii namaa dagachiisanii hambifachuuniin fi kkfiin. amanamummaa ofii dhiisuu jechuu

- Yeroo fi akkaataa namni nu hin arginetti qabeenya namaa ykn kan keenya kan hin ta'in fudhachuun hanna dha. (Lew.6:2-7). Isa hatuu wajjin waliif galuunis akkasuma fuula Waaqayyoo duratti ciigasisaa dha. (Far.50: 16-18)

- Namni nama qofa otuu hin hin ta'in Waaqayyoonis hatuu yeroo baay'ee mul'ata.(Milk.3:8) Qabeenyi nuti it itti jiraannu, yeroon keenya fi wanti nuti qabnu hundumtuu kan Waaqayyoo ti. Keessattuu immoo Kennaa, wareega fi kurnaffaa Waaqayyoof kennuun nurra jiru

hambifachuun hanna jedhama. [Waa'ee kurnaffaa Boqonnaa 10 keessaa ilaali]

Inni akka ulfina isaatiif ta'utti akka itii fayyadamnuuf nutti kenne. Yeroo nuti immoo gar-malee itti fayyadamnuu fi yaada Waaqayyoo ala isa goonu saamaa/hataa jira jechuu dha. Yeroo keenyaa fi wantoota biraan kan Waaqayyoof kennamuu qabu yeroo hambifannu ykn kan ofii keenyaa ittiin hojjennu hataa jirra jechuu dandeenya.

- Waaqayyo saba isaa gidduutti hanna ilaaluu hin barbaadu. Kanaaf hattuun jidduu isaanii akka hin jiraanneef warra isiraa'elitti otuu dubbatuu argina. Seera Bahuu. 21: 16; 22:1-4,10-15 yoo dubbifne, hattuun akka adabamu dubbata. .
- Hanni akka nuti Waaqayyo dura hin dhaabanne nama godha. Sababni isaa hataa fuula Waaqayyoo dhaquun akka Waaqayyo nuuf hin godha. (Erm.7:9-11; Hos.4: 1-2).

- Cubbuun hannaa akkuma acubbuu ajjeechaa fi ejjaa kan garaa keessaa madduu fi kana jireenya namaa xureessu dha. (Maat. 19:18) Kunis yoo itti qalbii hin diddiiratamu ta'e, mootummaa Waaqayyoo keessaa nama baasa. (1 Qor.6:10;). Macaafn Qulqulluun "*Inni hataa ture deebi'e hin hatin*" jedhee gorsa. (Efe. 4:28)

Egaa Waaqayyo obboleessa/ obboleetti keenya akka jaallannuu fi qabeenyaa isaa/ishee miidhama akka oolchinu malee isa/ishee akka saamnuu fi gar-malee qabeenya isaa/ishee duraa balleesinu/saamnu/hannu hin barbaadu.

Waaqayyo waan hojjenu hundumaa keessatti (xiqqaas taa'e guddaa) amanamoo akka taanuuf akka nu gargaaruuf kadhachuunis jireenya keenyaa barbaachisaa dha. (Luq.16:10-12).

Wanta kanaan dura beeknees ta'ee, otuu hin beekin goonee har'a immoo yeroo dubbii Waaqayyoo yeroo barannu hanna ta'uu isaa hubanneef qalbii keenya diddiirachuun barbaachisaa dha. Wantoota deebisuu dandeenyu taanaan deebisuun gaarii ta'a. (Luq.19: 1-10 Fakkeenyummaa Zakkiwoos)

### *9.2.8. Abboommii Saddeettaffaa:*

"Hiriyaa kee irratti sobaan dhuugaa hin bahin" (K.Deebbii 5:20 )

Abboommiin kun hiriyaa keenya irratti sobaan dubbachuu fi maqaa isaa/ishee baleessuu akkasumas isa /ishee ganuu irraa of nu eeggachuudhaan Waaqayyoon akka jaallannu nu ajaja.

Yeroo baay'ee namoota hamanna; waa'ee namootaas wanta dhugaa hin taane dubbannee maqaa balleesina. Kun immoo nama irratti sobaan dhugaa bahuu jedhama.

Abboomiin kun waa'ee namaa waan dhugaa hin taane dubbahcuu, hamachuu, dabrsanii waan hamaatti dabarsanii kennuu fi maqaa xureessuu fi sobaan gowwoomsuu irraa nu ittisa (Fakk. 25:18; 24:2)

- Waan hin dhagaeenye akka waan dhageenyeetti, waan hin beekne akka waan beeknuutti, waan hin argin akka waan argineetti fuula abbaa firdii durattis ta'ee namoota biratti waa'ee nama tokkoo sobaan dubbachuus irratti dhugaa bahuu ta'a. (Bahuu 23:1)

- Kanaafuu yeroo hundumaa waa'ee nama biraa wanta dhugaa taa'e qofa akka dubbannu Waaqayyo sagalee isaatiin nu abbooma. Namni tokko balleessaa yoo qabaate illee hamma dandeenyetti kallattiidhaan isa/ishee haasofsiisuutu nurra jira. Waa'ee namaas yeroo dubbannu jaalalaan ta'uu qaba.

Waaqayyo sobaan nama irratti dhugaa bahuu in ciiga'a. (Fakk. 6:16-19; 14:25). Kanaafuu Waaqayyo dhuga baatota sobdoota ni adaba. (Fakk.19:9; 21:28; Zakariyaas 5:2-4). Qabeenya sobaan argamu qabaachuu irra hiyyeessa ta'uun akka wayyu kitaabni Qulqulluun barsiisa. (Fakk. 19:22).

Bara Kakuu Haaraa dura nama irratti keessatti abboommii kana eeguun barbaachisaa akka ta'e fi cubbuun isaaf abbomamuu diduu kan keessa namaatii bahu ta'uu isaa Gooftaan barsiiseera. (Mat. 15:19; Luq.18: 20)

Kanaafuu kanaan dura nama irratti sobaan dubbachuu fi dhugaa isaa balleessuu akkasumas maqaa namaa balleessuudhaan namoota yakkinee yoo jiraanne fuula Waaqayyoo duratti qalbii diddiirachuun barbaachisaa dha. Kanaanis dheekkasaa fi firdii Waaqayyo sababii kanaatiif nutti fiduu dana'uu jalaa jalaa bahuu dandeenya.

Elzaabel sobaan Naabot irratti dhga baatota sobaa bittee isa ajjeesifte. Waaqayyo garuu waa'ee kanaaf ishee adabe. (1Mot. 21: 8-13,32)

#### 9.2.9. *Abboommii Sagalii fi Kudhan*

HIn hawwin: Haadha manaa hiriyaa keetii, Mana Hiriyaa keetii, Qabeenya isaas… hin Hawwin.

Hawwiin maal? Hawwiin yada/ fedha wanta kan ofii hin taane tokko kan ofii godhachuuf barbaaduu ti. Hawwiin waan qabanitti quufuu dhabuu fi/ ykn sassata ofittummaa irraa madda (Moot.5:20-27 Giyaaz; 1Moot 21:1-4 Ahab iddoo wayinii Naabot hawwuun isaa..)

Abboommiin kun akk nuti wantoota kan keenya hin taane kan ofii keenyaa godhachuuf nama nama biraa irratti jal'inia kam iyyuu hin goone nu ittisuuf ; kana gochuu keenyaan immoo Waaqayyoon jaallachuu fi sodaachuu keenya akka mul'ifnuuf nuuf kanname. Yeroo baay'ee wanta kan keenya hin taane yeroo arginu ni hinaafna. Utuu kan ofii keenyaa godhachuu dandeenyee jennee yaadna. Kana irraa kan ka'e immoo namoonni baay'een saamicha, ajjeechaa, hanna, dirqiin gudeeduu, mirga namootaa sarbuu, fi gochaa suukkaneessaa hedduu gochuu keessa seenu. Waaqayyo immoo wanta kan keenya hin taane (kan hiriyaa kee—konkolaataa, man, qabeenya fi haadha manaa) ilaallee hawwii hamaan akka nu keeessa hin galle brarbaadee abboommii kana nuuf kenne.

Waaqayyo wanta qabnutti akka quufnuu fi galata qabeeyyii akka taanu barbaada.

As keessatti hubachuun kan nuuf ta'u, abboomiin kun wanta 'hawwii' jedhamu tokko illee hin qabaatainaa jedha jechuu mit. Hawwiin gosa lama: Hawwii qulqulluu fi hawwii/badaa hamaa.

Abboomiin kun isa hamaa/badaa sana of keessatti akka nuti hin qabamne nu abbooma.

Hawwii qulqulluun, hiriyaa keenya irraa barree, otuu kan isaa/ishee hammeenyaan kan ofii keenyaa godhachu hin yaalin, *"Anis hojjedhee argachuutu anarra jira, jireenyi akkasii anaafis barbaachisaa waan ta'eef karaa gaarii ta'een achi ga'uuf maal faa gochuun qaba…"* jechuu dha.

Waaqayyo saba isaa fi gola isaa keessatti yakka hawwi fi frii isaa hin barbaadu. Kana yoo argu immoo ni adaba. (Milk.2:2-3). Gooftaan Yasuus sassata hundumaa irraa akka of eeggannu nu gorseera (Luq.12:15).

- Horii/sooroma jaallachuun hundee wanti hamaan keessaa maddu akka ta'e Phaawuloos dhuga baha. (1Ximo. 6:9-10). Rakkoo fi badiisa sasatni/ hawwiin nutty fiduu jalaa bahuuf waan qabnutti quufoo akka taanu Macaafni Qulqulluun nu gorsa. (Ibr. 13:5)

### 9.3. Xumura Abboommii kurnanii:

Egaa Waaqayyo sabni isaa isa sodaachuu fi jaallachuudhaan abboomiiwwan kanniin akka eegan brbaada. Yoodhuma abboommiiwwan kunniin jalqaba saba Isiraa'eliif kan kennamnii turan illee nuufis har'a baay'ee barbaachisoo dha. Sababni isaa immoo, wanta namooni Waaqayyo saba isaa wajjin waliif galee jiraachuu fedhu hundaa irraa barbaadu dha.

Yaadni abboommiiwwan kunniin keessatti calaqisiifaman yeroo walitti qabaman namoota keessatti jaalalli hundee qabaatee jiraachuu akka qabu kan mul'isan ta'a. Kanaafuu jaalalli aabboomii kana guutuu godha jechuu dha. Kunis immoo Waaqayyoon jaallachuu fi hiriyaa ofii jaallachuu dha. Namni Waaqayyoon sodaatuu fi jaallatu itti dabalees namni nama akka isaa jaallatu abboomota kana eeguun isa hin dhibu. Nus akkasitti (Waaqayyoon jaallachuu fi sodaachuudhaan, hiryaa keenyas jaallachuudhaan abboommii kurnan eeguu ni dandeenya.

# 10. BARUMSA SAGLAFFAA. IRBAAATA QULQULLUU

## 10.1. SEENSA:

Sagaleen Waaqayyoo fi Serri-Dhoksaa-Qulqulluu (the Word and the sacraments) utubaa lamaan waldaan Kiristaanaa irra dhaabattuu fi mallattowwan waldaa Kiristaana warra barbaachisoo dha. [Seera-dhoksaa-qulqulluu kan jedhaman sirna Cuuphaa fi Irbaata Qulqulluu ti.]

Waaqayyo sagalee isaa gurra keenyatti dubbachuudhaan qalbii keenyaa fi fedhii keenya argata; seera-dhoksaa-qulqulluu isa nuti qaama keenya irratti fi arraba keenyaan fudhannuunis lubbuu keenya xuqa. Namni Waaqayyoo tokko akkas jedhee barreesse*: sagalichi ergaa xalayaa Waaqayyo dhuunfaatti nuuf barreesse keessa jiruu yemmuu ta'u, seerri-dhoksawwan-qulqulluu immoo akka mallattoo fi chaappaa isaatii ti. Lachuu waliin deemu; inni tokko isa kaan kan ibsuu fi mirkaneessu/jabeessu dha*.

## 10.2. IRBAATNI QULQULLUUN MAAL INNI? YOOMIS JALQABAME?

Jechi Irbaata Qulqulluu jedhu kun darbee darbee Irbaata Gooftaa, Kennaa Qulqullu, akkasumas Dhiiga Gooftaa fi foon Gooftaa ni jedhama. Bakka tokko tokkottis *qurbaana* jedhamee beekama.

Irbaatni Qulqulluun seera amantoonni, isaaniif jedhee, dhiphachuu Gooftaa Yasuus Kiristoos ittiin yaadatanii fi aarsaa inni isaaniif jedhee baase/ kanfale immoo ofitti fudhachuudhaan fayyadamoo kennaa kanaa ta'ani dha. Kanaan dura Gooftaan Yasuus nuuf jedhee fannoo irratti of kennuu isaa, kun immoo har'as jireenya keenyaaf kan fayyadu ykn dhimma baasu ta'uu isaa kan ittiin dhugaa baanuu fi mul'ifnu dha.

## 10.3. WAHIYYOOTA IRBAATA QULQULLUU KEESSAA

Dhugaatiin akka dhiiga Gooftaatti fudhamnu cuunfaa wayinii (salphaa ykn nama hin macheesine) irraa kan qopheeffamu yoo ta'u, akka foon/dhagna isaatti kan fudhannu immoo buddeena (raacitii of keessaa hin qabne) irraa kan qopheeffamu dha. Wahiyyoota (elements) kanniin waanuma naannoo keenyatti salphaatti argamuu danda'an irraa qopheeffachuun ni danda'ama.

Seera kana kan dhaabe nama biraa otuu hin ta'in, Gooftaa Keenya Yasuus Kiristoos. Kanas halkan itti qabamuuf jedhutti yeroo jalqabaatiif bartoota isaatiif kennee, seera kana immoo itti fufanii akka raawwataniif abboome. (Maat. 26: 26-30; Marq. 14: 22-26; Luq. 22: 14-20; 1Qor. 11: 23-26 dubbisi.)

Yeroo buddeena kanaa fi wayinii kana fudhannu, isaantu gara dhagnaa fi dhiiga Gooftaattii geddarama jechuu miti; garuu Sagalee Gooftaan ofuma isaatii dubbate irraa kan ka'ee meeshaa (instrument) nuti keessaan foonii fi dhiiga Gooftaa fudhannu nuuf ta'u jechuudha malee.

### 10.4. Kaayyoo Irbaata Qulqulluu fudhachuu

Yeroo Irbaata Qulqulluu fudhannu, kaayyoo maaliitiif akka isa fudhannu beekuun barbaachisaa dha. Kanas Macaafa Qulqulluu yeroo qayyabannu akka itti fufee jirutti argina:

- Dhiphinaa fi gidiraa Yasuus fannoo irratti waa'ee keenyaaf fudhate yaadachuuf (1Qor. 11:26)
- Dhiphinni fi gidiraan kun nuuf ta'uu isaa (dhuunfaatti ofitti firoomsuu fi itti fayyadamaa ta'uuf) (----)
- Isa of keessatti fudhachuudhaan dhagna Kiristoos isa qulqulluu wajjin tokkummaa qabaachuuf (Yoh. 6:56)
- Amantoota maaddii kana irraa wajjin hirmaannuu wajjin tokkoummaa qabaachuu keenya mul'isuuf (1 Qor. 10:17-18)

### 10.5. Bu'aa Irbaata Qulqulluu irraa hirmaachuu

Bu'aa (faayidaa) yeroo Irbaata Qulqulluu fudhannu argannu keessaa muraasi:

- Amantii fi jireenya hafuuraa keenyatti nu cimsa.
- Wayinii fi buddeena fudhannu kana keessaan fi isaa wajjin Gooftaan keenya Yasuus ofii isaa nuuf kenna, dhiiga isaa fi dhagna isaa nuuf kenna jechuu dha. Lubni kennaa kana kennus, " *Foon Kiristoos siif kan kenname, Dhiiga Kiristoos siif kan kenname dhiisuu cubbuutiif*" jedhaati laata. Kun immoo kan inni agarsiisu kennaa dhoksaa qulqulluu kana keessaan eebba ayyaana Waaqayyoo isa adda ta'e akka fudhannu dha. "*Siif kan kenname*" gaaleen (phrase) jedhu, isa durii(isa yeroo Yasuus fannifame) kan agarsiisu qofa otuu hin taane, '*kan ati amma fudhachuu fi itti fayyadamuu dandeessu*' jechuudhas.

- Innis dhiifamuun cubbuu, tokkummaa Kiristoosii wajjinii qabaachuu fi jireenya bara baraa argachuu kan ittiin dandeessu jechuu isaa ti; bakka dhiifamuun cubbuu jiru jireenyii fi fayyinnis jira waan ta'eef (Maat. 26:28; Yoh. 6:54-56 qalbifataan dubbisi).

- Irbanni Qulqulluun Kakuu Moofaa keessatti ayyaana faasikaa tiin kan fakkeeffame yoo ta'u, Faasikaan guyyaa warri Isiraa'el biyya Misirii bahuufhoolaa mudaa hin qabne qalatanii, dhiiga isaa balbala mana isaaniitti buusan ture. Namni dhiiga hoola faasikaa kana balbala isaa irraa hin qabne, dheekkamsa biyyicha guutummaa irratti dhufe irraa hafuu hin danda'u ture (Bahuu 12: 1-20). Akkasuma Kakuu Haaraa keessatti immoo, namni tokko illee dhiiga Yasuus malee dheekkamsa Waaqayyoo jalaa bahuu hin danda'u. Nama foon isaa nyaatee fi foon isaa nyaatetu jireeenya barabaraa of kessaa qaba. Dhiigni Kiristoos dhiiga Kakuu Haaraa waan ta'eef (Maat.26:28; Yoh. 6:53).

- 'Dhiiga Gooftaa fi foon isaa fudhachuu' inni jedhamu kun namoota tokko tokkoof salphaatti kan ilaalamu yoo ta'u, namoota kaaniif immoo wanta nama dhiphisu ta'ee argama. Gooftaan Yasuus garuu isa malee jireenya qabaachuun akka hin danda'amne barsiise. (Yoh. 6:53-58 irra deebi'ii dubbisi). *"Yasuus immoo, 'dhuguma dhuguman isiniin jedha, isin foon ilma namaa yoo nyaachuu dhaabaattan, dhiiga isaas yoo dhuguudhaa baattan, jireenya of keessaa hin qabdan. Eenyu illee foon koo kan nyaatu, dhiiga koos kan dhugu, jireenya barabaraa qaba; anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa."*

### 10.6. Kennaa Irbaata Qulqulluu eenyutu fudhata?

Dhiigni Gooftaa nama hundumaaf kan dhangala'e yoo ta'u, akka ta'utti irraa fayyadamuuf garuu namoota qophaa'etu fudhachuu qaba. Kunis:

- Qalbii diddiirannaa fi kadhannaadhaan sirriitti of qopheessuun baay'ee barbaachisaa dha. Haa ta'u iyyuu malee garuu, namni dhugaadhumaan fudhachuun isaaf ta'u fi namni qopha'e, nama jechoota, "*Kan siif kennamee fi kan siif dhangala'e, dhiisuu cubbuutiif*" jedhanitti amantii qabu dha. Namni kanatti hin amanne fi isa shakku hin qohoofne waan ta'eef fudhachuun isaaf hin malu. Jecha "**siif**" jedhu amannii, "**anaaf**" jedhani fudhachuuf garaa /laphee guutu barbaada wan ta'eef.
- Namni cubbuu qalbiin itti hin diddiiratamin qabus fudhachuun isaaf hin ta'u; qalbii diddiirannaadhaan waan of hin qopheessin jiruuf.

- Egaa namni otuu isaaf hin malin fudhatu, firdii of irratti fudhata" jedha (1Qor.11: 27-32).

Kanaaf namni otuu isaa hin malin Foonicha nyaatuu fi dhiigicha dhugu akkuma fidii of irratti fidu, namni qophaa'e fi amanee fudhatu immoo eebba ayyaana Waaqayyoo (dhiifamuu cubbu, Kiristoosii wajjin tokkummaa qabaachuu fi jireenya barabaraa) argata.

### 10.7. Namni tokko yoom Irbaata Qulqulluutti dhiyaachuu danda'a?

- Erga barumsa kanaaf kennamu fudhatee/baratee (maaliif akka fudhatu erga addaan baafatee )booda (1Qor.11: 27-32).
- Cubbuu keessa jirru irraa qalbii diddiirratee fi amantiidhaan garaa isaa erga qopheessee booda, (1Qor.11: 28)
- Yeroo waldaan Kiristaanaa itti kennicha kennitu hundaa. Macaafa Qulqulluu keessatti, "*Yeroo itti fudhattan hundumaatti"* kan jedhu jira; kunimmoo irra deddeebi'amuu jiru kan agarsiisu dha.
- Hamma biyya lafaa irra taa'ee dhufaatii Kiristoos itti eeggataa jiraatu hundaatti (1Qor. 11:26)

### 10.8. Irbaata Qulqulluu fudahchuu booda akkamitti jiraanna?

- Kokkummaa Kiristoosii wajjin qabnuu fi jaalala Waaqayyoo keessatti of eeguun (2Qor. 6:1; 2Yoh. 1:8-9)
- Tokkummaa obbolootaa eeguu fi warra hin amanne gara Kiristoositti fiduu (1Qor. 10:17)
- Gooftaa qofaadhaaf jireenya adda bahe qabaachuu (waliin makuu dhiisuu) (1Qor.10:21; Maat. 6:24; 2Qor. 6: 15-18)
- Hundee amanii keenyaa (jechuunis dhugaa amantiin keenya irratti bu'uureffame) jabeeffannee eeggachuu (1Xim.6:12-14)
- Namootaaf fakkeenya gaarii ta'uu fi akka bartuu/duuka-buutuu Yasuusitti isa dhugaatti jirrachuu fi deddeebi'uu (Efe. 4:2; Gal. 6:2)

Bara Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyo yeroo saba Isiraa'eliin biyya garbummaa (Misir) keessaa baasuuf ka'e, sabicha waan tokko gaafate. Hoolaa

mudaa hin qabne fudhadhaatii, mudhii keessan hidhattanii fi kophee isaanii kaa’attanii akkasumas ulee isaanii harkatti qabatanii akka nyaatan. Hoolaan mudaa hin qabne kun hoolaa Faasikaa jedhama. Faasikaa jechuun bira darbuu (pass over) jechuudha.

Macaafni Qululluun immoo, Kakuu Haaraa keessatti, “*Faasikaan keenya Yasuus nuuf gorra’ameera*” jedha. (1Qor. 5:7; 1Phe. 1:9) Kanaafuu, yeroo isa nyaannuu fi dhugnu, qopha’ummaa nurraa eegamuun malee akkuma arginetti, ija jabinaan dhiyaachuun nurra hin jiru.

# 11. BARSIIISA 10FFAA: CUUPHAA QULQULLUU

## 11.1. Cuuphaan maal inni?

Cuphaan seera Waaqayyo abboome fi bishaan sagalee Waaqayyootiin wal fudhate malee bishaan qofa miti. Cuuphaa Kiristaanaa cuphaa dhugaa kan godhu wal-fudhachuu bishaniichaa fi Dubbii Gooftaa Keenyaa akkasumas amantii keenya isa sagalee Waaqayyoo isa dhugaa irratti bu'uurefame dha. Kunis abboommii Gooftaa Keenyaa Yasuus Kiristoos irratti kan hundaa'e dha. (Maat.28:18-20). Bishaanni Sagalee Waaqayyoo malee itti fayyadamnu bishaanuma malee cuuphaa hin jedhamu.

## 11.2. Waa'ee cuuphaa wantoota hubatamuu qaban.

Cuuphaan, akkauma Irbaata Qulqulluu, gocha Waaqayyoo kan of keessatti baatu dha. Chuuphaa keessaan Waaqayyotu hojjeta. Kanaafuu, cuuphaan Seera-Dhoksaa-Qulqulluu (sacrament) isa lammaaffaa ta'uun beekama. Yeroo waa'ee Irbaata Qulqulluu baranne, Sagaleen Waaqayyoo fi seerri dhoksaa Qulqulluu (the Word and the Sacrament) utubaa lamaan Waldaan Kiristaanaa irra dhaabattu akka ta'e barachuu kee ni yaadatta. Deebifnee yaadachuudhumaaf:

> Sagaleen Waaqayyoo fi Serri-Dhoksaa-Qulqulluu utubaa lameen Waldaan Kiristaanaa irra dhaabattuu fi mallattowwan Waldaa Kiristaana barbaachisoo dha. [Seera dhoksaa qulqulluu kan jedhaman sirna chuuphaa fi Irbaata Qulqulluu ti.] Waaqayyo sagalee isaa gurra keenyatti dubbachuudhaan qalbii keenyaa fi fedhii keenya argata; seera-dhoksaa-qulqulluu isa nuti qaama keenya irratti fi arraba keenyaan fudhannuunis lubbuu keenya xuqa. Akka namni Waaqayyoo tokko jedhutti, Sagalichi ergaa xalayaa Waaqayyo dhuunfaatti nuuf barreesse keessa jiruu yemmuu ta'u, seerri dhoksawwan qulqulluu immoo akka mallattoo fi chaappaa Isaatii ti. Lachuu waliin deemu; inni tokko isa kaan kan ibsuu fi mirkaneessu/jabeessu dha.

Chuuphaa qulqulluun gochaa Waaqayyo ittiin nama tokko mucaa ofii isaa godhatu, lammaffaa dhalachiisu, fi kennaa Hafuura Qulqulluu kennuuf. Kanas bishaanicha fi sagalicha keessaan hojjechuudhaan godha.

2. Karaa cuuphaa qulqulluu namni tokko Waldaa Kiristaanaa fi amantootaan fudhatama argata. [kana jechuun karaa cuuphaa namni tokko gara waldaaatti dabalama; waldaanis isa ofitti dabalti jechuu dha]. Kanaaf jedhameeti seerri

cuuphaa fuul-dura amantootaatti raawwatama. Karaa biraa immoo amantoonni nama haaraa isaanitti dabalame kana baranii akka isaan kunuunsanii fi tokkummmaa wajjin qabaatan akkasumas akka kadhataniifii fi barsiisa kiristaanummaa barsiisanitti itti gaafatamummaa itti laachuuf.

3. Cuuphaa tokkicha isa dhagna Kiristoos keessatti cuuphaman amantoota yaadachiisuu dhaan, tokkummaa isaan gidduu jiru akka jabeessan hubachiisuuf ni gargaara.

### 11.3. Eenyutu cuuphuu danda'aa?

Namni seera dhoksaa qulqulluu irraa qooda fudhate, jechuunis namni Gooftaa Yasuusitti amanuudhaan bartuu isaa ta'e hunduu cuuphuu ni danda'a. (Maat. 28:19-20). Haa ta'u malee immoo, rakkoo fi dogongora uumamuu danda'u xiqqeessuuf Waldaan Kiristaanaa aboo Waaqayyo isheetti kenneen, namoota tajaajila kana geggeessan muuddi. Kanaaf jecha, yeroo baay'ee, lubni waldaa otuu seera cuuphaa qulqulluu adeemsisuu agarra.

Yeroo balaa/ariitiin jiraatutti garuu, bakka lubni hin jirretti abbaan Wangeelaa; bakka abbaan wangeelaa hin jirretti, jaarsoliin waldaa; bakka jaarsoliin waldaa argamuu hin dandeenyetti, namni miseensa guutuu waldaa Kiristaanaa ta'e (namni kennaa dhoksaawwan qulqulluun fudhate) cuuphuu ni danda'a. Erga seerri kun raawwatamee booda, yoo namni /daa'imn sun du'a baraarame garuu lubni, waldaa duratti, sirna sana jabeessuu qaba.

### 11.4. Kakuu Moofaa keessatti gaaddidduuwwan cuuphaa qulqulluu

- **Dhagna qabaa** (uum.17:8-14). Bara Kakuu Haaraa keessatti phaawuloos cuuphaa fakkeenya dhagna qabaa godhee fudhata (Qol.2:11-13). Seerri kun dhagna qabachuu dhiirota sanyii Abriham ta'anii ti. Hiikni isaa mallattoo kan Waaqayyo ta'uu dhagna ofii irratti fudhaachuu dha. Kanas nama mana Abrihamitti dhalatee fi isa keessa jiraatu maratu fudhachuu qaba. Da'imnis ta'ee namni guddaan.

- Galaana diimaa ce'uu (1Qor.10:1-3)

- Budiruu Nohi (1Phex. 3:20-21)

### 11.5. EENYUTU CUUPHAMA: DAA'IMA MOO NAMA GA'EESSA?

Akkuma dhagna qabaan Waaqayyoo fi saba isaa gidduutti kakuu fi mallattoo ture (uum.17:8-14), cuuphaadhaan immoo dhiifamuu cubbuu fi lammaffaa dhalachuu argachuudhaan mallattoo Hafuura Qulqulluu fudhanna. (1Phex. 3:21; Tito 3:5; Gal. 3:27) [Abriham nama Waggaa sagaltamii sagalii, ismaa'el nama waggaa kudha sadii fi Hisiyaaq immoo nama guyyaa saddeettii ta'anii otuu jiranii kakuu Waaqayyoo of irratti fudhatan.] Yeroo itti carraa isaa argatetti, namni kamuu mallattoo kan of irratti fudhachuu ni danda'a.

- Namni ga'eessi tokko cuuphamuun ba'eessa/ dansa/shaggaa ta'ee otuma jiruu, garuu immoo kan nuti maatii Waaqayyyoo taanuu fi fayyina argannu beekumsa keenya irratti hundoofnee akka hin taane haleellee beekuun baay'ee barbaachisaa dha. Sababni isaa fayyinni kennaa Waaqayyoo waan ta'eef (Ef.2:8).

- Manneetii amantaa kiristaanaa garagaraa jidduutti [kan warra wangeelaa ta'anis dabalatee jechuudha], yaadni wal morkatu dhimma kana irratti ni mul'ata. Isaan kaan daa'imman cuuphuun dogongora akka ta'etti barsiisu. Haa ta'u iyyuu malee garuu Macaafni Qulqulluun cuuphaadhaaf daangaa umurii tokko illee hin kaa'u. Yeroo itti wangeelli maatii tokko seenu maatiin sun guutummaatti otuu cuuphamanii nutti agrsiisa (HoE. 16:15; 31-34; 1Qor.1: 16). Kanas jechuun miseensi maatii tokko illee sababii umuriin isaa ga'aa hin taaneef keessaa hin hambifamne jechuu dha.

  Guyyaa tokko namoonni mucoolii baadhatanii gara Yasuusitti akka inni isaan eebbisuuf itti fidnaan bartoonni immoo isaan ittisan. Yasuus garuu, "Lakkisaa mucooliin gara koo haa dhufanii isaan hin dhowwinaa," jedhee warra ittisanitti dheekkame. Har'uma iyyuu Gooftaan warra carraa qabaatanitti mucooliin akka hin cuuphamne godhanitti dheekamuu hafaa laata? (Marq. 10:13-16; Luq. 18:16-17).

- Namni hundumtuu gadameessa haadha isaa keessaa yeroo bahu cubbuudhaan waan dhalatuuf dhiifamuun cubbuu hundumaaf barbaachisa; daa'imaafis ta'ee ga'eessaaf jechuu dha (Far.51: 5-12; Rom.5:12-14; 1Phex.3:21).

- Kanaafuu bu'aan cuphaan namaaf kennu:
  - Dhiifamuu cubbuu nama argachiisa (HoE.28:19-20). Kanaanis du'aa fi Seexana irraa nama fayyisa.
  - Fayyina bara baraa akka argannu nu taasisa (Marq. 16:16= kan amanee fi kan cuuphame ni fayya, kan hin amanne garuu itti faradama).

Seerri Cuuphaa Qulqulluu Akkamitti Raawwatama?
- Maqaa Abbaatii fi kan Ilmaa Isaa, kan Hafuura Qulqulluutiin (Maat.28:19)
- Bishaan itti facaasuun, itti naquun/dhangalaasuun, ykn immoo bishaan keessa galchanii baasuun.
- Bakki cuuphaan itti geggeeffamu eessa faa ta'uu danda'aa?
  - Qarqara lagaa (HoE. 16:13-15),
  - Fuuldura amantootaatti ykn waldaa keessatti. (HoE. 2:41)
  - Mana namaa keessatti (HoE 9: 17-18) ta'uu ni danda'a. kunis kan agarsiisu iddoodhan kan daangeffame akka hin taane dha.

**HUB.** Cuuphaan yeroo hundumaa maqaa Sadan-tokkummaatiin, sagalee Waaqayyootiinis ta'uu baannaan cuuphaa dhugaa ta'uu hin danda'u. Sabani isaa immoo, bishaanicha otuu hin ta'in bishaan sagalee Waaqayyoo wajjin wal fudhatetu cuuphaa ta'a waan ta'eef. Kana irraa kan hafe garuu wanti nuti goonu bishaanitti fayyadamuudha malee cuuphuu matumaa hin ta'u.

### 11.6. NAMNI TOKKO SI'A MEEQA CUUPHAMA?

Akka Efe.4:4-5 irratti barreeffamee jirutti, cuuphaan si'uma tokko qofa ta'a. Kanaafuu, namni al tokko Maqaa Abbaatti, kan Ilma isaatti fi Kan Hafuura Qulqulluutti cuuphame lammaffaa cuuphamuun isa hin barbaachisu. Takkaa cuuphamuudhaan ijoollee Waaqayyoo erga taanee, lammaffa immoo maal ta'uuf jennee cuuphamna? Maqaan Sadan-tokkummaatiin akka cuuphamnuuf kan abboome Gooftaa keenya Yasuus waan ta'eef, abbommii isaatiin kan godhame amantiidhaan erga fudhatamee booda jireenya nama sanaa irratti hojjeteera.Kanaafuu, lammaffaa cuuphuun barbaachisaa miti. '*Anoo daa'immummaa koottan cuuphame waan ta'eef hin beeku*' nama jedhuuf sagaleen Waaqayyoo inni 2Qor.5:7 irratti barreeffame deebii ni kenna. "*Nuyi amantiidhaan jiraanna malee, waan hudumaa ijaan arguu dhaan jiraanna miti*."

## 12. BARUMSA 11[FFAA]. KADHATA (PRAYER)

### 12.1. Kadhannaan Maali?

Kadhannaan, namoonni akka isaa wajjin dudubbataniif, karaa Waaqayyoo qopheesse dha. Namootaa wajjin kan nuti waliif galuu dandeenyu yeroo wajjin haasofnu.

Maatiin tokko walii wajjin haasa'uudhaan walitti dhufeenya isaanii cimsatu; gaddas ta'ee gammachuu isaanii waliif hiru. Bifuma kanaanis rakkoon isaan gidduutti uumame yoo ta'e illee hiiku. Kadhannaanis, akkuma kana, Abbaa keenya isa ta'e, Waaqayyoo wajjin dudubbachuudhaan kan gadda keenya, gammachuu keenya, dadhabbii keenya, wanta nu barbaachisu, galata keenya, amannaa keenya itti himnu dha.

Hariiroon nuti Waaqayyoo wajjin qabnu illee miidhame jira yoo ta'e, karaa Kadhata qalbii diddiirannaa hiikkachuu dandeenya.

Yeroon Waaqayyoo wajjin dubbannu ykn yeroon kadhannaa humna guddaa addunyaa kana jijjiiruu danda'u kan gad-dhiisisuu danda'u dha.

"Inni ana in waammata, anis deebii nan kennaaf, yeroo rakkinaatti isaa wajjin na jiraadha, achi keessaas isa nan baasa, ulfina akka inni argatus nana godha." (Far. 91:15)

### 12.2. Maaliif Kadhanna?

- Waaqayyo waan hundumaa beeka. Utuu nuti itti hin himinis waan nu keessa jiru, waan nu barbaachisu, waan nu sodaachisu, waan fuula keenya dura jiru beeka. Erga akkas ta'ee maaliif kadhachuun nu barbaachisa ree? Kan nuti kadhannuf waan Waaqayyo hin beekneef otuu hin taane:
    A. waan Gooftaan akka goonu barbaadu waan ta'eef. Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo arginu, kadhachuun wanta amantoonni hundinuu akka godhaniif abboomanani dha. Jechuunsi akka kadhannuuf **abboomamneerra** jechuu dha. Waaqayyos akka nuti kadhannu (isaa wajjin yeroo haasofnu qabaannu) in barbaada. Inni namoota waan jaallatuuf namoota michoomfachuu barbaada.

B. Karaa ittiin jireeenya moo'ichaa shaakallu dha. Jireenya Kiristaanummaa yeroo jiraannu, qorumsa garagaraatu nu mudachu danda'a. Qorumsi dhufu immoo amantii keenya iddoodhaa balleesuuf, qulqullummaa fi qajeelummaa irraa nu kuffisuuf, nagaa fi gammachuu keenya nu keessatti miidhuuf, karaa ulfinaa fi jireenyaa irraa nu kaachisuuf, abdii nu kutachiisuuf, kkf. Haa ta'u iyyuu malee, akka Gooftaan Yasuus barsiisetti karaan moo'icha ittiin argannu karaa humnaa fi hafuura Waaqayyoo tiin. Humnii fi Hafuurri Waaqayyoo immoo wantoota kadhata keenyaan guyyaa guyyaatti naqataa, dabalataa fi itti guddataa adeemnu dha. Kanaaf, Qorumsa ooluuf; yoo keessa gallee jiraannes keessaa bahuuf jireenya kadhannaa qabaachuun barbaachisa dha. (Maat.26:41).

C. Kadhannaan karaa itti Waaqayyo harkaa waan fudhannu dha. Gooftaan Yasuus nama kadhatuuf akka kennamu barsiisa isaa keessatti dubbateera (Yohannis 16:24; ;Yaaq. 5:16)

### 12.3. Attamitti kadhannaa?

A. Amantiidhaan
Ibro 11:6 "Amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu" (Maat. 7:7, 11; 18:19; 21:22; Marq 11:24; Yaq. 1:5-8; Mark 11:24; John 14:13; John 16:24; James 5:16; I Jn 3:22; I Jn 5:14-15

B. Akka jaalala Waaqayyootti.
1Yoh.5:14-15; Jer 29:11-13;Jer 33:3; Matt 7:7-11; Matt 21:22; John 14:13; John 15:7; John 16:24; James 1:5-6; James 4:3; James 5:16; I Jn 3:22

C. Maqaa Gooftaa keenya Yasuusiin

- Guutuun jaalala Waaqayyoo Gooftaa Yasuus qofa waan ta'eef nus Kiristoos Yasuus keessa waan nu dhokseef maqaa isaatiin jireenya keenya keessatti Jaalala isaa raawwata.

John 14:13-16; John 17:9,19,24; Rom 8:34; Eph 2:18; 3:12, 14, 21; Col 3:17; Heb 4:15; 7:25; 13:15; 1 Pet 2:5

D. Hafuura Qulqulluudhaan
   Zech 12:9-10; Rom 8:15; 8:26-27; 1 Cor 14:15; Gal 4:6; Eph 6:18; Yihuda 1:20
E. Jabaannee otuu addaan hin kutin
   Uum.32:24-26; Luke 18:1; 21:36; Rom 12:12; Eph 6:18; Col 4:2; 1Tes. 5:17;1 Pet 4:7;
F. Qalbii diiddirachuudhaan –
   Faarfaanaa 66:18-20; Fak. 28:9; Isa 1:15; 59:2-3; Jer 7:8-10; John 9:31; James 4:3; 1Phexros 3:9
G. Dhiifama gochuudhaan
   Yeroo cubbuu keenya akka nuuf dhiisuuf Waaqayyoon gaafannu hamaa warri kaan nu irratti godhaniif isaaniif dhiisuutu nu irra jira (Maat.6:14-15)

H. Soomaan (yeroo addatti fuula Waaqayyoo duratti gad of deebifnu qabaachuun) kadhata humna argachuuf godhan. "Inni akkasii kun soomaa fi sagadaan malee hin dana'amu" (Maat.17:21;Marq.9:29; Dan. 9:3-23; HoE.13: 2-3;14:23;)

### 12.4. Yeroo Attamii Kadhanna?

Yoo yeroo hundumaa kadhachuun barbaachisaa ta'e iyyuu, yeroo kadhannaa Gooftaa Yasuus irraa barachuu ni dandeenya. Gooftaan Yasuus:

- Ganama barii kadhateera(Maarq 1:35). Kadhatni ganamaa, guyyaa moo'ichaan guute akka jiraannuuf nu gargaaruu caalaa iyyuu, qalbii haaraadhaan waan godhamuuf bu'a qabeessa ta'a. Macaafa Qulqulluu keessatti amaleeffannaan kadhata ganamaa qulqulloota gidduu akka ture in argina (Faar. 5:3; 8313;143:8; Isa. 33:2)
- Galgala fi halkan kadhateera (Luqaas 6:12).
- Kadhannaan yeroo dhiphinaattis ta'ee yeroo gammachuu qabaannutti barbaachisaa dha. (Dan.6:10;HoE 1:14; HoE 12:5-16)

Jireenyi Qulqulloota Macaafa Qulqulluu keessa jiraniis waa'ee yeroo kadhannaa wan nu barsiisu qaba.

- Guyyaatti yeroo lama (Faar.88:1),
- Guyyaatti yeroo sadii(Dan.6:10 Faar. 55:17),
- halkanii fi guuyyaa (yeroo dheeraa fudhatanii) kadhachuun isaan biratti beekamaa ture.Jireenyi Daani'el fakkeenya gaarii dha.

Yeroo kadhannu ija walitti qabannee fi yeroo mijatu immoo jilbeenfannee kadhachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u iyyuu malee garuu, Kadhannaan ija

junuunfachuu ykn immoo jilbeenfachuu miti. Garuu Waaqayyoo wajjin wal-arguu fi isaa wajji dudubbachuu dha. Kan nuti ija walitti qabannuuf qalbiin keenya wantoota nutti mul'ataniin akka hin jeeqamnee fi yaada keenya sassaabbachuu akka dandeenyuuf qofa.

Garuu akka haala qabatamaa keessa jiraannuutti **bakka hundumaatti** (manattis, alattis, mana sagadaattis) yeroo kamuu Waaqayyoon kadhachuu ni dandeenya.

### 12.5. Kadhata Gooftaa Yasuus barsiise.

Gooftaan Yasuus waa'ee kadhannaa jireenyaa fi dubbiidhaan barsiise. Inni ofii isaatii yeroo hundaa akka hundaatti fi haala hundumaa keesstti kadhachaa ture. Galgala, Halkan walakkaa, ganama barii, iddoo awwaalaatti, iddoo beelaatti, yeroo gammachuuttis Abbaa wajjin haasa'aa ture. Yeroo dhiphinni itti dhufuu isaa bare illee, jabaate kadhachaa ture.

Akkuma inni godhe bartoonni isaas yeroo yerootti haa godhaniif- jechuunis haa kadhataniif- karaa garagaraa baay'ee isaa erga gorsee booda immoo Kadhata guddaa tokko isaan barsiisee jira. Kadhanni kun Kadhata Gooftaan Yasuus bartoota isaa barsiise ykn kadhata Gooftaa jedhamee beekama.

| |
|---|
| Yaa Abbaa keenyaa Waaqa irra kan jiraattu; Maqaan kee haa qulqullaa'u, Mootummaan kee haa dhufu; Jaalalli kee Waaqa irratti akka ta'e, akkasumas lafa irratti haa ta'u. Kan nu ga'u budeena keenya har'aa nuuf kenni. Yakkaa keenya nuuf dhiisi; nus warra nu yakkaniif akka dhiifnu. Gidiraatti (qoramatti) nu hin galchin; hamaa nu oolchi malee. Mootummaan kan kee ti hoo, humnis; galannis; baruma baraan Ameen. (Maat.6:9-13) |

Kadhannaan kun baay'ee gabaabaa haa ta'u malee guutuu fi waa'ee waan hundumaa kan of keessaa qabuu dha.

Kadhtni Gooftaan barsiise kun bakka lamatti qoodamee ilaalamuu ni danda'a.

**A.** Waa'ee Ulfina Waaqayyootiif kadhachuu:

i. Maqaa isaa qulqulleessuu
ii. Mootummaan isaa akka dhufu kadhachuu
iii. Jaalalli isaa Waaqa irratti akka ta'e, lafa irrattis akka ta'uuf kadhachuu

**B.** Bu'aa Namootaaf(kan ofii keenyaa dabalatee)

i. Buddeena har'aa borii akka argannuuf
ii. Dhiifama kadhachuuf
iii. Hamaa hundumaa irraa akka eegamnuuf kadhachuu.

Mee Kadhata Guddaa kana diddiignee tokko tokkoon haa ilaallu.

**I.** **"Yaa abbaa keenyaa,"** jechuunis 'Yaa isa nu uumtee, nu jiraachiftuu, nu geggeesituu' jechuudha. Waaqayyo *Abbaa* keenya ta'uu isaa kan mul'isu dha. (Rooma 8:15-17; Gal. 4:6-7; 2Qoro 1:22; Isa 63:16).

Kanaaf, kadhata keenya godhachuu keenya keessatti duraan dursinee hariiroo nuuf Waaqayyo gidduu jiru hubachuun barbaachisaa dha. Nuuf Waaqayyo gidduu firooma jabaa—sanyii isa kan abbaa fi mucaa gidduu jiruutu jira. Abboonni baay'een ijoollota isaaniitiif gaarii ta'uu dhiisuu danda'u ta'a. Inni nuti *Abbaa* jenne waammannu garuu, Isa gaarii fi qulqulluu ta'ee fi isa Waaqa irra jiraatu dha.

Nus Waaqayyo Abbaa keenya ta'uu isaa labsaa kadhachuu yeroo jalqabnu, walitti dhiyeenya gaarii isaa wajjin qabaachuu keenyaa fi Inni immoo waa'ee keenyaaf kan dhimmu ta'uu isaa yaadanna. Kun immoo wanta kadhannuuf **amantii** gudda akka qabaannu nu godha.

**Yaadadhu**:

- Ilma/intala/miyoo mana abbaa isaa/shee keessa jiruu/tu fi abbaan isaa/ishii itti gammadu, yeroo inni/isheen 'yaa abbaa koo' jedhee/ttee waa gaafatu/ttu, abbaan isaa /ishii tasumaa akka garaa itti hin jabaanne.
- Nuti ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya yoo hubannu, amalaa fi jirenyaan, qulqullummaa fi barbaachaan Abbaa keenya akka fakkaannuufis dubbiin Waaqayyoo nu gorsa. (Maat.5:48; Efe. 5:1-2 dubbisi). Sababni isaa

ijoolleen yeroo baay'ee bifaa fi amalaan Abbaa ishee fakkaatti. Kanaafuu, afaan duwwaadhaan abbummaa Waaqayyoo labsuu otuu hin taane, jireenyi keenyas sana dhugoomsuu qaba. Akkasitti gammachuudhaan otuu homaa hin dhabin Waaqayyo isa Abbaa keenyaa ta'ee fi hundumaan badhaadhaa ta'e harkaa waa fudhachuu dandeenya.

- Mucaan Abbaa isaa wajjin tokkummaa qabu hin eeggannee fi hin jabeeffane, harka abbaa isaa keessaa waa fudhachuu hin danda'u.

II. "**<u>Waaqa irra kan jiraattu</u>**": Kun immoo kallattii ittiin kadhachaa jirru qajeelfachuu keenya. Namoonni biyya lafaa kana irratti waan baay'ee amanatu. Warri Waaqayyoon abbaa isaanii godhatan garuu Waaqayyoo isa teessoon isaa Waaqa irra ta'e waammatu.

Gaaleen kun bakka hundumaa jiraachuu Isaa (1Moot.8:27), Guddummaa fi olaantummaa isaa (2Seen.Baraa 20:6), Humnaa fi aangoo Isaa (2Seen.Baraa 20:6; Faar.115:3), hundummaa beekuu isaa (Faar. 11:4; 33:13-15) fi qulqullummaa Isaa(Bahuu 26:15; Isa.57:15) agarsiisa.

**<u>II. "Maqaan kee haa qulqullaa'u</u>**": Maqaan eenyummaa fi amala isaa guutuu kan agarsiisu dha. Kanaafuu, guutummaan Waaqummaa isaa akka qulqulinatti ilaalamuu fi ulfinaan kabajabu kadhachuu keenya.

Attam goonee maqaa Waaqayyoo qulqulleessinaa?

- Hidhii keenyaan – Yeroo haasaan keenya guutuun qulqullaa'aa ta'u, yeroo dubbiin keenya warra dhaga'aniif ayyana kan dabalu ta'u, maqaan Waaqayyoo qulqulinatti eegama(Efe.4:29).
- Yaada keenyaan – yeroo hamaa nu keessaa ka'u moonee, aarii keenya illee ayyaanaa fi hafuura isaatiin to'annu, maaqaan Waaqayyoo ni qulqulleeffama.
- Jireenya keenya keessatti—Yeroo waan hojjennu hundumaa ulfina isaatiif jalqabnee, isumaan itti fufnee, isumaan immoo xumurru.
- Maatii keenya Keessatti– Yeroo ijoollee keenya naamusa gaarii fi adabatti guddifnu; hojjettoota nuuf hojjetanis karaa qajeelinaa irra geggeesinu, Maqaan Waaqayyoo in qulqullaa'a.
- Waamicha qabnu keessattii fi hojii hojjennu keessatti yeroo soba, gowwoomsaa, dogongorsuu isa yeroo baay'ee mul'atu irraa of eeggannuu fi butuu fi gurguruu keenya keessatti yeroo akka Waaqayyotti tolutti goonu.

Kanaafuu, yeroo maqaan kee haa qulqullaa'u ittin jennu, nutu Isa qulqulleessa jechuu otuu hin ta'in, akka inni qulqulluu fi ulfina qabeessa ta'e labsina jechuu dha. Inni ofuma isaatii iyyuu qulqulla'aa dha(Luqaas 1:49). Garuu *"Maqaan kee kabajamuu, sodaatamuu, fi ol ol qabamuu guddadhaan qulqullaa'aa godhamee bakka hundaatti haa beekamu; Sabni hundumtuus isa kana beekee ulfina siif ta'u siif haa laatu*" jennee kadhachuu keenya.

Maaqaan isaa kun nu birattis immoo qulqulluu akka ta'u hawwuu keenya. Maqichi jal'ootaa fi hamoota gidduutti wa'ee keenyaaf akka hin arrabsamne kadhachuu keenya(Rooma 2:24, Isaa. 49:11).

IV. "**Mootummaan kee haa dhufu":** Maat.3:2 ilaali. Kadhatni kun fedhii bittaan (mo'uun) Waaqayyoo iddoo hundumaatti akka ta'u barbaaduu kenyaa kan ibsu dha. Seerri Waaqayyoo bakka hundumaatti akka fudhatamu, Keessattuu immoo Wangeelli fayyinaa , hamma ulfinni Waaqayyoo lafa hundumaa guututti, bakka hundumaa akka ga'u barbaaduu keenya kan ittiin gaafannu dha.

Amma Seexanicha, isa hamaa sanatu, biyya lafaa seerrataa jira (Efe.2:2; 6:12; Maat. 4:8-9; Yoh.12:40;14:30; 3,31; HoE. 5:3; 2Qor. 4:4). Kana irraa kan ka'e, cubbuu fi hamminnii jireenya namootaa dhaaluu isaa irraa kan ka'e, biyyi lafaa cubbuudhaan laaqamtee jirti. Kanaafuu, Mootummaa Waaqayyoo akka dhufu yeroo kadhannu, mootummaa dukkanaatiin raawwannee mormaa akka jirru mul'isuu keenya. Yeroo sana inni hamaan sun waan mo'amuuf namoonni, isaan dukkaneeffamuu fi gowwoomsamuu jalaa in bahu (Mul. 20:2-3)

Mootummaan Waaqayyoo mootummaa birmadummaa fi nagaan, gammachuu fi jaalalli dhugaan keessa jiru(Rom.14:17).

**V. Jaalalli kee Waaqa irratti akka ta'u akkasum lafa irrattis haa ta'u:**
Kadhata kana keessatti, "Waaqa irratti gutummaatti akkuma raawwatamaa jirutti, jaalalli Waaqayyoo (*ykn in Waaqayyo fedhu, inni Inni abboome, inni Inni hojjete*) akka lafa kana irratti (*nu keessatti, waldaa keenya keessatti, biyya keenya keessatti, addunyaa irratti*) ta'u" gaafachuu keenya.

'Waaqa irratti xuraa'ummaan, hamminni, jal'inni, jibbi, dhiphinni, sodaan, boo'ichii fi ilkaan qaruun akka hin jirre, akkasuma immoo lafa kana irratti haa ta'u' jennee kadhachuu keenya. Kun ta'uu isaatiin immoo akka Waaqayyo ulfina argatuu fi mootummaan isaa dhufu barbaadu keenya dha.

Jaalalli Waaqayyoo akka ta'u kadhachuun, wanti nu gammachiisu haa ta'u jechuu miti. Yeroo tokko tokko wanti Waaqayyo akka nuti keessa dabarru barbaadu, nuuf(akka fooniitti) jabaa ta'uu danda'a. Haa ta'u iyyuu malee, 'Ani akkan jaalladhuu fi fedhu, akkan karoorfadhee fi akkan barbaadu otuu hin ta'in, akka Ati jireenya kootif, bara kootiif feetutti; akkan ittiin beekamuu fi jajamutti otuu hin ta'in, akka ati ittiin beekamtuu fi jajamtutti; akka waldaa fi biyyi karoorfattetti otuu hin ta'in akka Ati barbaaddutti; akka biyyi lafaa itti adeemuu fi jiraachuu barbaaddutti otuu hin ta'in, akka Ati abboomtetti wanti hundumtuu haa ta'u' jechuu keenya.

Jireenyi Gooftaan keenya Yasuus lafa kana irratti jiraatee fi barsiisin Macaafa Qulqulluu isa kana nu barsiisa (Qol 1:9; 1Tes 4:3; 1Tes 5:18; Ibr. 10:7; 10:36;13:21; 1 Phex 2:15).

## VI. Kan nu ga'u buddeena keenya har'aa nuuf kenni.

Inni "*buddeena*" jennee asitti nutti kadhannu kun nyaata, uffata fi waan jireenyi keenya akka itti fufee jiraatuuf nu gargaaru hundumaa of keessatti qabata. Kanaafuu, 'jirenyi keenya har'aa sirratti hundaa'a. Waan jireenya keenyaaf barbaachisu hundumaaf harka kee eegganna. Ana qofa miti hunduma keenyatu si eeggata' jechuu keenya. Inni itti dadhabne ija akka nuuf godhatuuf kadhachuu keenya malee teenyee, "Atumti Waaqa irraa gadi nuu haracaasi" jechuu akka hin taanes hubachuun barbaachisaa dha.

Har'aaf "kan nu ga'u" gaafanna. Fayyaa keenyaaf, guddina keenyaaf, jiraachuu keenyaaf ga'aa kan ta'e; akka ulfinni Waaqayyoo nu irraatti mul'atee, Inni galateeffamuu danda'utti gaafachuu keenya dha. Isa boriitiif dhiphachuu nu hin barbaachisu (Maat.6:33). Kanaafuu, buddeena keenya guyyaa guyyaan nu barbaachisuuf kadhanna.

"Buddeena **Keenya**" yeroo jennu, 'kan nama biraaf kaa'e jalaa saamii nuuf kennii, otuu hin ta'in qooda nuuf keesse' jechuu keenya.Buddeena

goowwoomsa fi dhibaa'ummaan dhufe otuu hin taane, isa dhugumaan isa kan keenya ta'e.(Fakk. 20:17; 30:27)

Yeroo gaafannus "nuuf **kenni**" jenna malee, 'nuu liqeessi, nutti gurguri, nuu ergisi, jenna miti. Kunis kan agarsiisu, eenyumti keenya iyyuu (sadarkaa jireenyaa kamuu irra yoo jiraanne jechuu dha), harka Waaqayyoo isa arjummaan kennu eeggachuu keenya kan ragaa bahu dha.

*VII. "Yakka keenya nuuf dhiisi nus kan nu yakkan akka dhiifnu"*

Waaqayyoo wajjin waliif galanii jiraachuu fi kadhatni keenya akka dhaga'amuuf dhiifamuu cubbuu argachuun baay'ee barbaachisaa dha. Walumaa galatti guyyaa guyyaatti akkaataa garagaraatti Isa gaddisiisuu fi yakkuu waan dandeenyuuf guyyuma guyyaatti dhiifama gaafachuun akka nurra jiru kadhata kana keessatti Gooftaan Yasuus barsiise. Dhiifamni asitti gaafannu, isa otuu hin amanin dura goone miti; isaf dursinee Gooftaa biraa dhiifama arganneerra. Inni nuti as keessatti kadhannu garuu isa guyya guyyaatti dogongorruu fi karaa irraa kaannuuf, Waaqayyo biraa dhiifama argachuuf jennee ti.

Haa ta'u iyyuu malee, yeroo dhiifama ofii keenyaaf gaafannu, nummoo warra nu yakkaniif dhiisuutu nurra jira. Akka barsiisa Gooftaa Yasuusitti, hammuma warra kaaniif dhiisuu dandeenye nuuf immoo nuuf dhiisi jennee waan kadhannuuf, yoo dhiifama gochaa hin jirru ta'e akka of abaaraa jirrutti lakkaa'uun ni danda'ama. Namni yakka obboleessa isaa garatti qabatee, "Akkuman dhiiseefitti Ati immoo naaf dhiisi" yoo jedhe, 'atis yakka ani si yakke garaatti naaf qabadhu jechuu hin ta'u?

Maat. 6:14 "Namootaaf irra dadaarbaa isaanii yoo dhiiftaniif abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif in dhiisa"

Maat. 7:2 "Firdiidhuma isin namatti faraddaniin isiniittis in faradama; qodaa safaraa isin itti namaaf safartaniin isiniifis in safarama"

Maat. 18:21-35 "Pheexiroos, … 'Obbolessi koo si'a meeqa yoo na yakke dhiisuuf? Hamma si'a torbattii?' jedhee Yasuusiin gaafate. Yasuusis deebisee, 'Ani hamma si'a torbaatamamii torbaatti malee, hamma si'a torbaatti siin hin jedhu' jedheen".

Marq. 11:25-26 Yasuus "…Kadhachuuf yemmuu dhaabattan, abbaan keessan inni waaqa irraa yakka keessan akka isiniif dhiisutti, namni tokko waa isinitti yakkee yaada keessan miidheera yoo ta'e dhiisaaf! Isin yoo dhiisuu dhaabattan garuu abban keessan inni waaqa irraas yakka keessan isiniif hin dhiisu" jedhe.

Efe.4:32; Qol.3:13; Yaq.2:13; 1Yoh.3:10 Dabalii dubbisi!

*VIII "Qoramatti nu hin galchin; hamaa nu olchi malee"*

Waaqayyo akka hamaadhaaf nama hin qorre Macaafni Qulqulluun in dubbata. (Yaq.1:13) Garuu kadhata kana keessatti, akka Inni qoramsaaf hin eenyamneef kadhanna. Sababni isaa qorumsa nutti dhufu keessaa nu oolchuu waan Inni danda'uuf.

Kanaafuu, yeroo "*qoramatti nu hin galchin*" jennu, '*akka nuti qorumsa keessa gallu hin godhin, akka cubbuudhaa fi humna isaatiin qabamnu hin godhin, karaa saaxilamoo nu godhu irra akka adeemnu hin godhin, hamaa nu keessaa fi nuu alaa ka'utti nu hin kennin, yaada ofii keenya isa hamaa, yaada namootaa, fi kan biyya laafaattis nu hin kennin*' jechuu dha.

Ciroon i*nni 'hamaa nu oolchi malee'* jedhu kun yeroo baay'ee "Isa hamaa ykn Seexana" harkaa nu oolchi jedhanii kadhachuu dha. Macaafni Qulqulluun Seexanaan iddoo baay'eetti "isa hamaa" jedhee dubbata (mee Maat.13:19; 1Yoh. 2:13-14; 1Yoh.3:12 dubbisi). Kanaafuu, kadhatni kun 'humna Seexanaa, kiyyoo isaa, hafshaalummaa isaa, qorumsa inni nutti fidus nu oolchi' jechuu dha. Karaa biraas, 'qoramuu fi gidiraa nu fuula dura jiru, rakkoo ulfaataa fi dhiphisaa nuti keessa galuu dandeenyu nu oolchi' jechuu dha.

Yeroo baay'ee qorumsi yaada hamaa keessa namaatti dhalatu irraa (arguu, dhaga'uu ykn yaaduu irraa kan dhufuun) jalqaba. Yaada hamaa dhalate kana sirriitti irratti yaadanii yeroo jedhan gochuuf nama saaxila. Kanaaf, Macaafni Qulqulluun, "*hawwiin cubbuu ulfoofti, cubbuunis du'a deessi*" jedhee Yaq.1:15 irratti dubbata.

As keessatti jechi "*nu oolchi*"(deliver us) jedhu, isa keessatti hidhamnee fi qabamnee jirru keessa illee nu baasi jechutti hiikamuu ni danda'a. 'Waanjoo qoramsaa fi gidiraa nurra jiru nurraa cabsi, hidhaa nutti jiruttii nu furi—humnaan keessaa butii nu baasi' jedhanii kadhachuu dha.

Egaa qoramsi karaa baay'ee namatti dhufuu danda'a:

- Karaa yaada garaa keenya keessaa ka'uu
- Karaa namaa
- Karaa Seexanaa
- Karaa biyya lafaa (dhaba fi badhaadhummaa, isa mul'atuu fi isa dhaga'amuu, isa har'aa fi isa borii, kkf.)

Kanaaf nummoo qorumsa karaa fi bifa kamiinuu dhufu jalaa akka nu oolchuu fi moo'ichas akka nuuf kennuuf kadhata guddaa kana keessatti yeroo hundumaa kadhanna.

*Ix. Mootummaan kan keeti'oo, Humnis, Galannis Baruma baran. Ameen.*

Hima kana yemmuu diddiriisinee ilaallu:

- **Mootummaan [**bara baraan**] kan keeti**: Kadhata kanaa olitti kadhanneen wal qabsiisfnee, sababiin itti Waaqayyoon gaafanneef maal akka ta'e ibsuu keenya. Kunis, *"Mootummaan"* kan Isaa ti. Isatu wan hundumaa irraatti ajajuu danda'a. Isatu waan hundumaa to'ata. Wanti nuti kadhanne hundumtuu waan harka Waaqayyoo keessa jiruu fi to'annoo Isaatii ala hin taane ta'uu isaa kan ittiin raggaasifnu dha. (Maat 5:13). Egaa wanti nuti kana keessatti jenne, 'kana hundumaa kanan si kadhadheef sabanii ati waan hundumaa irratti mootummaa ykn ola'aanutummaa fi aangoo qabduuf. Waan jireenya keenyaaf barbaachisu nuuf kennuun, yakka keenya nuuf dhiisuun akkasumas qoramsa nu oolchuun siif danda'amaa' hiika jedhu of keessaa qaba.

- **Humnis [**bara baraan kan kee ti**]**: 'Gidiraa nu oolchuudhaaf akkasumas hamaa nu irratti dhufu jalaa nu baasuuf humna situ qaba, ati abbaa aangoo ti. Qorumsa nutti fiduu waan danda'eef qofa, biyyi lafaa fi seexanni akkasumas haalli garagaraa humna nu irratti hin qabu. Kan humna hundumaa fi aangoo hundumaa qabu sidha.'( 1Seenaa 29:11, Rom.1:16,20). Itti daballees, '*nuti dadhaboota, isa jenne baay'ee gochuun nu dhiba; siin garuu kan si dhibu tokko illee hin jiru*' jennee kadhachuu keenya.

- **Galannis [**bara baraan kan kee ti**]**: jechi galata jedhamee hiikame kun 'Ulfina, kabajaa ol'aanu' jechuus ni ta'a. 'Ati Isa Waaqa irra jiraattu, isa Abbaa nuuf taate, Isa Maqaan kee qulqulluu ta'e, Isa mootummaan isaa dhufee hundumaa dhaalu,… waan taateef, Galateeffaamaa fi kabajamaa

taatee bara baraan jiraatta. Aangoon kee, mootummaan kee, galanni kees isa yeroodhaaf mul'atee badu otuu hin ta'in isa barabaraan jiraatu dha' jechuu keenya.( Luq. 2:13-14, Mul'ata 7:8-12, 19:5-8).

Gama biraadhaan immoo, 'waan si kadhanne kan hundumaa fayidaa keenyaa fi ulfina ofii keenyaaf otuu hin ta'in ulfina fi galata keetiif jedhiitii nuuf godhi' jechuudha. 'Kana hundaa yeroo gootu kan ittiin galateeffamu, kan ittii jajamuu fi kabajamu si dha'.

- **Ameen**: jechuun, 'Sirriidhuman kadhadhe. Akkasuma haa ta'u,waan jedhame kana maratti waliif galeera' jechuu dha.

# 13. BARUMSA 12^FFAA^. KURNOO

## 13.1. Kurnoon maal? Yoomis jalqabe?

Kurnoon amaleeffannaa namoonni galii argatan keessaa tokko kurnaffaa (1/10) isaa akka Kennaatti Waaqayyoof dhiyeessan dha. Shaakalli akkasii kun kan inni jalqabe seenaa namaa keessatti jaarraa baay’ee fagoo fula dura.

Yeroo jalqabaatiif kan inni Macaafa Qulqulluu keessatti barreeffame Uum. 14: 17-20 irratti(kutaa kana dubbifadhu). Abriham yeroo obboleessa isaa looxiin harka diinota isaa harkaa buusee deebi’aa ture, wantoota booji’ee dhufe keessaa kurnaffaa(1/10) isaa ‘Mootii Saalemiif’ ykn immoo Malkatsedeq lubba guddichaaf kenne.

Yaaqoobis Waaqayyo duratti yeroo wareegu, wanta Waaqayyo isaaf kennu hundumaa keessaa tokko kurnaffaa isaa Waaqayyoof kennuuf waadaa gale(Uum. 28:22) .

Seera Musee keessatti waa’een kurnoo bal’inaan ibsamee argina.(Lew.27:30-32). Isa keessatti sabni Waaqayyoo midhaan maasii irraa, ija mukaa coratan irraa, horii foonaa keessatti baay’ataniif keessaa tokko kurnaffaa isaa akka Waaqayyoof kennan ajajamanii jiru.

- Kanaafuu, kurnoof ka’umsa kan ta’e, bara Kakuu Moofaatti seera yeroo ta'u (K.Deebii 14:22-25) bara Kakuu Haaraatti garuu amantoonni jaalalaafi fedhiidhaan kennuutu ta'a (2Qor 8:15). Kunis arjummaa Gooftaa keenyaa beekuudhaaf jaalalaan mataa ofii iyyuu dabarsanii Gooftaadhaaf kennuu irratti kan hundaa'e ta'a. Kennaan gammachuudhaan hin kennamne hundumtu ija guutuu qabaachuu hin danda'u (2Qor 9:6-7).

Egaa dubbiin Waaqayyoo waa’ee kurnoo yeroo dubbatu akkas jedha:

- “Inni ana Waaqayyoof kan qulqulla’e dha… Karra saawwaa Keessaa, karra bushaa’ee keessaa, guutummaa horii ulee tiksituu ijala jiru keesssaa harki kurnaffaan hundinuu ana Waaqayyoof qulqullaa’a haa ta’u” (Lew.27:30-32)
- "Midhaan hundumaa keessaa … angafa horii keenyaa gara mana Waaqayyootti geessuudhaaf walii galleerra." Nahimiiyaa 10:35-36

- Ati dhugumaan wanta waggaa waggaatti lafa kee irraa galfattu hundumaa keessaa kudhan keessaa tokko baasuun si irra jira." Keessa Deebii 14:22.

*Kurnoo Qofaan Waaqayyoon ni gammachiisaa?*

Bara kakuu/Irbuu Haaraattis, Gooftaan Yasuus yoo Kurnoo kennuudhaan hin mormine ta'e iyyuu (Luqaas 18:12), namoota otuu kurnoo isaanii kennanii wanta Waaqayyo isaan irraa barbaadu kan biraa hin goone komatee jira.

"… baala kefoo, inchilaala, ija dimbilaalaas kudhan keessaa tokko Waaqayyoof in kennitu, garuu seera Waaqayyoo isa caalu… in dhiiftu.." Maat. 23:23.

Waan arganne hunumaa keessaa kurnaffaa baasuuf yeroo gaafatamnu, hunduma isaa Waaqayyo akka nuuf kennee, nummoo isaan nuuf kennaman sana caalaatti Waaqayyoof jaalal caalu qabaachuu keenya akka agarsiifnuuf abboommiin kun kenname. Isaafa abboomamuudhan isa sodaachuu keenya mul'isuuf akkasumas isa Waaqayyo nuuf kenneen hojiin Waaqayyoo akka hojjetamu akka eeyyamnu Waaqayyo nu irraa barbaada.

Bara Kakuu Moofaa keessatti kurnoon kennamu hunduu namoota hojii Waaqayyoo hojjetan ittiin gargaaruuf akka ta'uuf Waaqayyo abboome. Isaan jireenyi isaanii Waaqayyoof hojjechuudhaan kan adda bahe yoo ta'u, namoonni warri hojii kan biroo irratti bobba'an immoo tajaajila Waaqayyoo kana isa Waaqayyo isaaniif kenneen akka deggaran abboomaman. (Seera Lakkoofsaa 18:21-32)

- "Qabeenya kee… isa duraatiinis Waaqayyoof ulfina kenni." (Fakk. 3:9)
- Museen Lewwootaan,"Ati guutummaa bara kee Gooftaa sodaachuu akka bartutti kudhan keessaa tokko . . . nyaadhu." Jedhee abboome (Keessa Deebii 14:23).

  "Ati yommuu isaaf kennitu gammachuudhaan isaaf kenni malee garaan kee hin micicin! " (Keessa Deebii 15:10)

- Tokko kurnaffaan gale kun Lewwootaaf, namoota galaa ta’aniif, ijoollee abbaa fi haadha hin qabneef, dubartii abbaa manaa hin qabneef waan isaan irraa nyaatan akka ta’uuf Waaqayyo abboome. (Keessa Deebii 26:12-16)

### 13.2. Kurnaffaa Eenyufaatu Baasaa?

#### *13.2.1. Saba Waaqayyoo hundumaa*

Sabni Waaqayyoo (amantootni) warra kan Waaqayyoo ta’ani dha. Warri akkasii immoo Waaqayyoof kennuu irraa waan hambifatan hin qaban, lubbuu isaanii illee taanaan jechuu dha.

"Yommus namoonni yihudaa hundinuu kudhan keessaa tokko gara mana Waaqayyootti fiduu in jalqaban." (Nahim.13:10-12)

#### *13.2.2. Tajaajiltoota / Luboota/*

Warri mana Waaqayyoo keessa hojjetanis kennuun isaan irraa eegama. Kunis guutummaa jireenya isaanitiin tajaajiluuu agarsiisa.

"Warri Lewwonni kudhan keessaa tokko isa argatan sana keessaa gara mana Waaqayyootti fidan." (Seeraa lakk. 18:26, Nahim. 10:38;18:26)

Qabeenyaa keenyaan tajaajiluuf kennuu qabna.Waa’een kennuu waa’ee Waaqayyoon duroomsuu otuu hin taane, waa’ee caalchisanii jaallachuu fi Waaqayyoof ulfina kennuu ti.

" Qabeenya kee… isa duraatiin Waaqayyoof ulfina kenni." Fak. 3:9

“Waaqayyoo  nama gammachudhaan kennu in jaallata." 2Qor 9: 7b

**Hub.**Kurnoo kennuun isa Waaqayyoof jaalalaan kenninu hin ittisu. Garuu inni akka kurnoo ajaja hanga murtaa’e tokko kennuu miti. Akka garaatti murtoo goonetti kennuu abboomamne waan ta’eef.

-" Namni adduma addaan hamma danda'u haa kennu," K.Deebii 16:17b

Kurnaffaan kan Waaqayyoo waan ta'eef yoo baasuu baanne Waaqayyoon hatuu ta'a.

-" Isin kudhan keessaa tokkoon, aarsaadhaanis ana in saamtu." Milk. 3:8

*Eebba kennuu*

Gama biraadhaan immoo, Waaqayyoof kennanii eebbifamuunis in jira. Milkiyaas 3:10. Yoo Waaqayyoof kennuu dhiifne abboomii eeguu dadhabuu irraa kan ka'e dheekkamsi nu irra bu'u jira. K.Deebii 28:15-58

# 14. BARUMSA 13FFAA. SEEXANA

## 14.1. SEEXANNI EENYU? ESSAAS DHUFE?

Macaafni Qulqulluun Waaqayyo uumaa akka ta'e yemmuu nutti himu, waa'ee uumama uumamaniis akka barbaachisummaa isaatti wanta nuti beekuu qabnu nutti hima. Uumama Waaqayyoon uumaman keessaa tokko Ergamoota Waaqarraa ti. Ergamoonni waaqarraa uumama warra hafuura ta'an dha; qaama fooni hin qaban, garuu yeroo barbaachisaa ta'etti qaama mul'atuun namootatti argamuu ni danda'u.

Haa ta'u iyyuu malee Macaafni Qulqulluun guyyaa akkasii uumaman jedhee hin kaa'u. Ergamoonni lakkoofsi isaanii kumaaf kitila ta'an uumamanii akka jiraatanii fi Waaqayyoof akka hojjetan garuu Macaafni Qulqulluun ragaa baha.(K.Deebii 33:2; Far. 68:17; Maat.26:53; Ibr. 12:22; Mul.5:11). Isaan keessaas muraasa isaaniis maqaa ni dhaha. Fkn. Gabri'eel fi Michaa'el.

Akka barsiisa Macaafa Qulqulluutti, Ergamoota Waaqarraatiif sagaduun hin ta'u (Qol.2:18; Mul'ata 19:9-10;22:8-9).

Ergamoota Waaqayyoof hojjechuuf uumaman keessaa gartuun tokko Waaqayyo duratti cuubbuu hojjetanii waan argamniif Waaqayyo gad isaan darbate. Kanaafuu, Ergamoonni Waaqayyo isaan uume, Ergamoota gaarii ykn qulqulluu(good angles) fi warra hamoo (Evil angels) jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Kan gaarii fi hamaa isaan jechisiises walitti dhufeenyaa ykn hariiroo isaa Waaqayyoo wajjin qabani dha malee akkaataa isaan jalqabumaa jalqabanii itti uumaman miti.

- "Waaqayyo ergamoota iyyuu warra cubbuu hojjetan gad darbatee, boolla dukkanaa keessatti funyoo sibiilaatiin hidhamnii guyyaa firdiitiif akka kaa'man godhe malee, isaan hin qusanne." (2Phex. 2:4);

- "Isa Waaqayyo ergamoota warra aboo isaanitti kenname irra darbanii, lafa taa'umsa isaanii gad dhiisan funyoo hidhaa bara baraatiin dukkana jalatti hidhee, firdii isa guyyaa guddaa sanaaf isaan eegu yaadadhaa." (Yihuda 6).

Macaafni Qulqulluun mootota Baabiloonii fi Xiroositti fakkeessee waa'ee Kufaatii Seexanaa yeroo dubbatu, Waaqayyo irratti ka'uun isaa fi ulfina

Waaqayyo qofaaf malu kan ofii godhachuuf kajeeluun isaa akka isa salphisee fi qiliileetti isa darbachiise heera.

- "Ati idddoo dhaabaa Waaqayyoo isa Eden jiru keessa turte; dhagoonni gati jabeeyyiin hundinuu, daardiyyon, Tophaaziyon, Yaasphis, Kirsoliixos, sardoniikis, Beerilos, Safiiros, Kaabunkil, Simaaragidosis si miidhagsu turan. Wanti sitti naqamee fi sitti maxxanfame hundinuu warqee irraa hojjetame; isaanis yemmuu ati uumamte qopheeffaman. … garuu ati…jali'inni si keessa guute, cubbuus hojjette; kaanaaf ani tulluu Waaqayyoo irraa akka waanta xuraa'aatti gad si darbadhee si balleesse..(Hisqi'el 28:11-19),

- " Ati yaa ilma ganamaa [*Lusifeer]*, isa akka bakkalcha barii ibsuu! Attamitti bantiiwwan Waaqaa irraa gad darbatamte! Ati inni saba gad qabaa turte, amma immoo attamitti lafatti dabalamte! At garaa kee keessatti, 'Ani gara bantiiwwan Waaqaatti ol nan baha, urjoota Waaqayyoo gararraas teessoo koo nan dhaabbadha, tulluu iddoo walga'ii isaa dhuma gara bitaa jiruu irras nan taa'a; duumessoota ol fagoo irratti ol nan ba'a, isa hundumaa gararraa jiraatuttis of nan fakkeessa' in jette. Ati garuu iddo lafa jalaatti in darbagtamte, qilee keessas in buute." (Isaaya 14:12-15)

Yeroo itti ergamaa guddichi -garuu immoo cubbuutti kufe- kun gad darbatame, tokko sadaffaan macca Waaqa irraa warri isa deggaran isaa waajjin akka kufan kitaabni dubbata. (Mul.12:4). Ergamichi kufe kun Seexanicha yeroo jecdhamu, warri isaa wajjin kufan immoo ergamoota Seexanaa jedhamu (Maat.21:41).

Jechi **Seexana** jedhu Afaan Ibirootaa irraa kan dhufe yoo ta'u afaan Griikiitti immoo Diyaabiloos jedhamee waamamu. kana jechuunis *diina, mormituu, hammeesituu* jechuutti hiikama. Seexanni mormituu dhimma Waaqayyoo fi mormituu dhimma namoota Waaqayyoo ti.

Yoodhuma jalqaba mudaa kan hin qabne, Waaqayyoon qulqullummaadhaan kan tajaajilu ture illee, erga cubbuutti kufee booda jireenya qalbii diddiiratee

deebi'u kan qabu hin turre. Kana irraa kan ka'e, hamma har'aatti hojii Waaqayyootiin morumuu fi namoota akka bifa Waaqayyootti uumaman wallaalchisee hacuucuu fi du'atti geessuu hojjechaa jira.

Amaloota inni qabu irraa kan ka'e, Macaafa Qulqulluu keessatti, Seexanni maqoota baay'eedhaan waamama. Maqoonni isaaf kennaman kunniin waa'ee amalaa fi hojii isaa kan ibsani dha.

- Lubbu ajjeesaa, abbaa sobaa: ---Gooftaan Yasuus namoota Waaqayyoon dhaga'uu dhiisanii hojii isasaniitiin Seexana fakkaatanitti yemmuu dubbatu akkas jedhe:

  "Isin kan abbaa isa tokkoo, kan Seexanaa ti; kajeellaa **hamaa** isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabaa jalqabee inni sun **nama ajjeessaa** ture; dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabanne. Inni **sobaa dha**, abbaa sobaa tis; kanaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessa jiru dubbata." (Yoh.8:44). Itti dabalii Yoh.8:40 dubbisi.

- Isa hamaa/jal'aa: --- "… inni hamaan dhufee dubbiicha isa garaa isaa keessatti facaafame in butata." "Inkirdaadis ilmaan isa hamaa ti" (Maat.13:19;38)
- Hattuu:--- Maat. 13:15 Yoh. 10:10
- Gowwoomsituu: Mul. 20:10; 2 Xim.3:13; 2Qoro 11:3
- Hammeesituu obbolootaa:Mul'ata 12:10 Zakka 3:1
- Diina (Maat. 13:25,28,39)
- Hafuura hamaa (Maat.13:19,38)
- Hafuura xuraa'aa (Maat.12:46)
- Mootii biyya lafaa kanaa (yoh.12:31; 40:30;16:11

*Kanaaf Amantoonni*:

a. Soba Seexanaa irratti dammaquun qabu
b. Sagalee Waaqayyoo irra dhaabatanii isa kan Seexanaa qoranii adda baafachuu fi irraa goruu qabu

c. Amantii Gooftaa irratti qabaatan irraa kana ka'e, hojii isaanii isa gaariidhan Seexanaan mormuu qabu (1Phex.5:7-9)

d. Fuula Gooftaatti gad of deebisuu qabu (Yaaqo. 4:6-7)

### 14.2. TOOFTAALEE SEEXANAA:

*Seexanni akkaataa garaagaraatiin jireenya namootaa Waaqayyo irraa adda baasee, badiisatti geessuu yaala. Akka fakkeenyaatti kaasuuf:*

- **Sammuu namootaa duucha/dukkaneessa**: akka namoonni hubatoo hin taane godha. Kanaanis namni dhugaa adda baasee baree dhugichaan akka birmadduu hin bane dhowwa. "Inni hamaan ....... yaada warra hin amanin sanaa jaamseera" (2Qoro. 4:4)
- **Inkirdaada facaasa**. Dhugaa fi qulqulluu inni ta'e dubbiin Waaqayyoo yeroo jireenya namaatti facaafamu, inni immoo haala mijataa barbaadee, wanta dubbichi akka ija nu keessatti hin godhanne godhan facaasa. Amantii dhabuu, soda, soba, hammina, hama, wal irratti ka'uu, tuffii, ejja, hawwa, kkf. facaasa. (Maat. 13:25-30) Kana gochuudhaan immoo hojiin dukkanaa ijoollee ifaa gidduutti akka bakka godhatu godhee maasii Waaqayyoo xureessa.

- **Amantoota qora**. Seexanni tooftaa itti fayyadamee jireenya namootaa miidhu keessaa tokko qorumsa. Karaa gara garaa ka'uudhaan amantoonni jireenya jiraatanii fi dhugaa argatanitti gammadanii akka hin jiraanne gochuuf carraaqa. Kana immoo Gooftaa keenya Yasuus irratti iyyuu yaaleera waan ta'eef dinqifachuu fi sodaachuun nu irra hin jiru. Garuu isa mo'uudhaaf dubbii Waaqayyootiin guutamuu fi dammaqnee kadhachuutu nurra jira. <u>*Fakkenyaf:*</u>

  A. **Mamsiisuun:** Lubbuu haaraa mamsiisu yaala. Amantoonni fayyina isaanii, dhugaa dubbii Waaqayyoo, abdii qaban, akkasumas isaaniif yaaduu Waaqayyoo akka isaan maman godha. Akkasitti gufachiisuufis namoota, haalota, qabeenya, ulfina, fi kkf.tti fayyadama.

  B. **Obasa dhabsiisuun**. Macaafni Qulqulluun "Rakkina obsaa" jedha. Seexanni garuu rakkina keessa galle keessatti akka nuti guungumnu, akka Waaqayyo irratti dubbanu, hamaa goonu, abdii kutannu fi cubbuu keessa gallu gochuuf bifa garagaraatiin of mul'isa.

     - Iyyoobiin yeroo rakkinaa keessatti akka inni Waaqayyo irratti dubbatu gochuudhaaf Seexanni haalotaa fi namootatti fayyadamee qorumsa itti baay'isa ture. (Iyyob.1-2)

C. **Miidhagina biyya lafaa dura qabuun**: Waan ijaa fi qalbii namaa gojomaasisuun nama qora. Kan inni kana godhuuf immoo jaalalli wantoota biyya lafaa nu keessa galee inni kan Waaqayyoo immoo akka nu keessaa baduuf ykn hir'atuuf. Biyya lafaa jaallachuun immoo diina Waaqayyoo akka nama godhu Macaafni Qulqulluun dubbata. (1Yoh.2:15-17)

- *<u>Fakkenyaf</u>:- Hewaan --- Ilaaltee→gojomaate→kuttee nyaatte→Ulfina Waaqayyoo of irraa dhabde.*

- **Tokkummaa diiga:** Seexanni amantoonni, tajaajiltoonni akkasumas namoonni Waliif galanii hojii Waaqayyoo irratti akka waliin hin bobbaane gochuuf jedhee isaan gidduutti wal irratti ka'uu, jibba, hinaaffaa, weennoo, oduu sobaa fi tuffii facaasuudhaan tokkummaa diiguuf dhama'a.

  Inni Yasuusiin iyyuu Abbaa isaa wajjin walitti buusuuf yaalii guddaa godhee ture. Akka inni hin fannifamne dhowwuuf (Maat.16:21-23), akka inni yaada abbaa isaa dhiisee aboo qabuun ofii isaa qofa tajaajilu gochuuf akkasumas akka yaadni isaa biyya lafaa kanatti hidhamee yaada Abbaa isaa irraa kaatu gochuuf baay'ee carraaqe.

  Inni Waan jaalala Waaqayyoo hin ta'in jaalala Waaqayyoo fakkeessee, hawwii fi of-tuuludhaan jereenyaa namaa guuta. Yasuu garuu Sagalee Waaqayyoo itti dubbachuudhaan isa mo'ate. (Maat.4:1-10).

- **Ni Hammeessa:** Nama Yasuus Kiristoositti amanee fi qalbii diddiiratee cubbuun isaa dhiifameef, cubbuu dhiifame sanaan doorsisa. Yeroo tokko tokko immoo cubbuu salphisee fi xinneessee agarsiisuudhaan nama cubbuu keessa erga galchee booda, karaan ba'aa akka hin jirree fi sichi Waaqayyo akka nama sana simachuu hin dandeenye godhee deebisee dhiphisa.

  Namni dubbii Waaqayyoo of keessaa hin qabnee fi Waaqayyoo wajjin tokkummaa dhuunfaa hin qabanne hammeessuu isaa kanaan abdii kutatee miidhamuu ni danda'a. Macaafni Qulqulluun garuu cubbuu akka hin goone nu dhowwa. Haa ta'u iyyuu malee, cubbuu niti kanaan dura gooneef immoo araarsaan Abbaa bira akka jiru nuttii himuudhaan abdii dhiifamuu cubbuu keenyaa argachuu keenya nutti dubbata (1Yoh.2:1-2).

### 14.3. MAQOOTAA SEEXANAA

- **Seexana** == Hammeesituu; mormituu–

  Zak.3:1 *"…Iyyaasuun angafni lubaa ergamaa Waaqayyoo dura utuu dhaabatuu, Seexanni immoo isa hammeesuufdhaaf gara mirgaa isaa dhaabachaa utuu jiruu inni anatti agarsiise"*

  Maat.4:1 "Ergasii Yasuus Seexanaan qoramuudhaaf, Hafuura Qulqulluudhaan gara lafa onaatti geeffame,"
- **Diyaabilos** (Gk. Diabolos)==gowwoomsituu.

  Mul.12:9 *"Bineensi guddichi akka jawwee sun, bofni bara durii, inni Diyaabilos, Seexana jedhame, inni guutummaa biyya lafaa wallaalchisu gara biyya lafaatti gad in darbatame; ergamootni isaas isaa wajjin gad in darbataman."*

  Yoh 3:8
- **Bi'el zebuul==**gooftaa titiisotaa; maqaa masoo warri Ibirootaa Seexanaaf kennan"

  Maat. 12:24 *"...Namichii kun Bi'el zebul angafa seexanootaa duwwaadhaan hafuurota hamoota baasa" jedhan*.
- **Beliyaar ( Beliyaal)**==Heb. "fayida maleessa", kan gatii hin qabne, jal'aa

  2Qor.6:15 **"***Kiristoosii fi Seexanni (beliyaar) attamitti walii galu ree? Inni amane isa hin amanne biraa qooda maalii qaba ree?***"**
- **Luusifeer**==hiika jecha Afaan Ibirootaan"ilma ganamaa" jedhuf kan Laatiniitti hiikame.

  Isa. 14: 12 *"Ati yaa ilma ganamaa, isa akka bakkalcha barii ibsuu! Attamitti bantiiwwan waaqaa irraa gad darbatamte!"*
- **Abadoon (Apholiyoon)==**mancaasaa, balleessaa, diigumsa, isa diigu

Mul.9:*11 "Isaan mootii of irraa qabu turan, inni immoo ergmaa iddoo lafa jalaa sanaa ti; maqaan ergamichaa afaan Yihuudotaatti 'Abadoon', afaan Griikiitti immoo 'Apholiyoon' jedhama; innis 'Balleessoo" jechuu dha*."

- **Hadheessituu Obbolootaa**

Mul'ata 12:10 "*Ani immoo waaqa keessaa sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis, "Amma fayyinni, aangoon, mootummaan kan Waaqayyo keenyaa, aboonis kan Masihii Isaatii ta'eera; hadheessituun obbolootа keenyaa inni halkanii fi guyyaa Waaqayyo keenya duratti isaan hadheessaa ture immoo gad darbatameera*."

- **Hamajaajii**

1Phexros. 5:8 *"Of qabaa, dammaqaa! Seexanni hamajajiin keessan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti, nama liqimsuu barbaadee in nanna'a"*

- **Wallalchisaa(Isa gara badiisaatti geessu)**

Mul'ata 12:9 *"Isaan mootii of irraa qabu turan, inni immoo ergmaa iddoo lafa jalaa sanaa ti; maqaan ergamichaa afaan Yihuudotaatti 'Abadoon', afaan Griikiitti immoo 'Apholiyoon' jedhama; innis 'Balleessoo" jechuu dha*."

- **Isa Hamaa**

Maat. 13:19 *"Akka sanyiin karaa bukkeetti facaafame ta'e, eenyu illee dubbii mootummichaa dhaga'ee yoo hubachuu dhaabaate, inni hamaan dhufee dubbicha isa garaa isaa keessatti facaafame fudhata."*
1Yoh. 5:19 "Nuyi kan Waaqayyoo akka taane guutummaan biyya lafaa immoo harka isa hamaa jala akka jiru in beekna."

- **Abbaa sobaa:**

Yoh. 8:44 Yihuudota warra dubbii isaa dhaga'anii isa simachuu hin barbaannetti Yasuus akkas jedhee itti dubbate*, "Isin kan abbaa isa tokkoo ti, kan Seexanaa ti; kajeellaa hamaa isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture. Dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabanne. Inni sobaa dha, abbaa sobaa tis; kanaaf yemmuu sobu garaa isaa keessaa fuudhee dubbata."*

- **Isa biyya lafaa seeratu**:

Yoh. 12:31 *"Yeroo firdiin biyya lafaa kanaa amma, inni hamaan biyya lafaa kana seerratus amma gad in gatama"*

- **Waaqicha bara si'anaa**:

2Qor. 4:4 *"Inni hamaan waaqayyicha bara si'anaa kana ta'e, yaada warra hin amanin sana jaamseera; inni ifa ulfina Kiristoos, isa fakkaattii Waaqayyoo wangeela keessaa ibsu sana, akka hin argineef isaan dhowweera"*

- **Isa qilleensa irraatti aboo qabu:**

Efe.2:2 *"Yeroo sanatti isin toora biyya lafaa kanaa duukaa buutanii deddeebi'aa, aboo qilleensa keessa jiru irratti isa gooftummaa qabuuf abboomamaa turtan; hafuurichi hamaan amma namoota Waaqayyoof hin abboomamne gidduutti hojjechaa jira"*

- **Isa nama qoru:**

1Tes.3:5 *"Sababii kanaaf, kana caalaa obsuu waan dadhabeef inni nama qoru isin qoreera yoo ta'e, wanti nuti itti dadhabaa turre kan waa'ee hin baafne akka hin taanetti, amantii keessan beekuufan isa gara keessanitti erge"*

Maat.4:3 "Yemmus inni isa qoru dhufee, "Ati dhugumaan ilma Waaqayyoo yoo taate, dhagoonni kun buddeena akka ta'aniif aboomi" ittiin [Yasuusiin] jedhe.

**Abboo dukkanaa**:

Qola. 1:13 " Inni aboo dukkanaa jalaa nu baasee, gara mootummaa ilma isaa isa jaallatamaatti nu dabarse"

### 14.4. Amanaan tooko Seexana akkamitti mo'ata?

Dubbiin Waaqayyoo namni Yasuus Kiristoositti amanee isa duukaa bu'u Seexa irratti aboo akka qabu dubbata. Kanaaf jecha "Waaqayyoof of kennaa, *Seexanaan mormaa isin dhiisee ni baqataa*" jedhamee barreeffamee jira (Yaq.4:7-11). Seexanaan mormuu kan nuti dandeenyu garuu amantii Gooftaa Keenya Yasuus Kiristoos irratti qabnuun. Maqaa Gooftaa Yasuusiin, amantii dubbii Waaqayyoo irratti hundaa'een, hojii isaa diduudhaan, ifa (qajeelummaa Waaqayyoo) keessa jiraachuudhaan Seexanaan mormuu dandeenya(1Phex.5:7;1Yoh.1:5-7;Luq.4:3-12;Efe.4:26-32;6:11-16)

Amanaan Maqaa Yasuusitti amanuu fi humna Hafuura Qulqulluu qabu hunduu Seexana mo'achuu ni danda'a, namoota isaan qaban keessaa baasuus ni danda'a, summii fi xibaara inni godhuun hin miidhamu(Mar.16:16)

Yeroo Seexanni namoota keessatti hundee godhatee fi tooftaa cimsatee qabatu, amantoonni humni Waaqayyoo inni guddaan akka isaanii wajjin bahee nama qabame sana luba baasuuf soomaa fi sagadaan fuula Waaqayyoo turuu isaan brbaachisa.

# 15. BARUMSA 14FFAA.SOORTUMMAA KIRISTAANAA (CHRISTIAN STWARDSHIP)

## 15.1. HIIKAA FI MADDA YAAD-RIMEE SOORTUMMAA

Yaadni soortummaa jedhamee mata duree kana keessatti barsiifamu isa Macaafa Qulqulluu keessatti soortuu, hoji adeemsistuu, mana eegduu, bulchaa qabeenya nama qacaratee ykn hojjechiifatuu jedhamee ibsame jireenya kiristaanummaa wajjin wal qabsiisuudhaan.

Soortummaan Kiristaanaa karaa jireenyaa isa keessatti wanti hunduu kan Waaqayyoo ta'uu isaa mul'ifnu dha. Kanaafuu, qabeenyaa hundumaa ulfina Waaqayyoo tii fi faayidaa namootaatiif itti fayyadamuu tu nurra jiraata. Waa'een soortummaa, yaada-rimee wa'ee qabeenya, yeroo, maallaqa, kurnoo…Waaqayyoof kennuu bira darbu dha. Soortuun nama dhimma nama biraa, isa imaanaadhaan itti kenname, akka nama sanaa ta'ee raawwachiisu dha. Bara durii keessatti namni biyya bulchu/mootiin bakka hin jirretti, namoonni biyyicha bulchan warra soortuu turan. Yeroo mootichi deebi'ee dhufu garuu soortuun sun waan godhe hundumaaf itti gaafatamummaa guutuutu irra jiraata. Kanaaf, waan godhee fi maaliif akka godhe hunda mootichaaf ibsuutu irraa eegama (Luq.16:2). Utuma mootiin biyyaa jiruus, soortuun dhimmoota guyya guyyaa raawwachiisuu ni danda'a. Haa ta'u malee, dhimmichi kan soortuu sanaa otuu hin ta'in kan mootichaa/kan isa isatti kennee ti. Fakkeenyaaf"

- Eli'ezer mana Abrihamiif soortuu ture(Uum.15:2-3)" [2] Abraam garuu, "Yaa Waaqayyo gooftaa, utuu ani dhala dhabee jiruu, maal anaaf kennuuf jirta? Namni mana koo dhaalus Elii'ezaar nama Damaasqoo kana" jedhe. [3] Abraam ammas, "Kunoo, ati dhala naaf hin laanne, hojjetaan mana kootii ana dhaaluuf jira" jedhe."

- Yoseef qabeenyaa biyya Misir irratti soortummaatti muudame (Uum. 41:40) "[39] Mootiin Gibxii yommus Yoseefiin, "Erga Waaqayyo kana hundumaa akka ati beektu godhee, namni hubataanii fi ogeessi akka keetii hin jiru; **40** ati manakoo irratti gooftummaa in fudhatta, sabni hundinuu akka ati ajajjutti in abboomamu, ani immoo teessoo moo-tummaa koo duwwaadhaanan si gararraa jira" jedhe."; UUm.44:1;

- Yoseefis man isaatiif soortuuwwan qaba ture. Uum.43:19 "Kanaaf isaan gara namicha hojii mana Yoseef adeemsisu sanaatti dhi'aatanii balbala manichaa duratti isaa wajjin dubbatan."

Gooftaan Yasuus fakkeenyaan wa'ee namoot kennaa itti kennee dubbateera.Luqqisiiwwan armaa gadii qayyabadhu:

- Maat.20:8 "Yeroo galgalaa'es abbaan waynichaa isa hojii isaa adeemsisuun, `Hojjetoota waami! Warra booddeetii jalqabii hamma warra duraatti, beenyaa isaanii baasiif!' jedhe"
- Luq. 12:42-47 "Gooftaan immoo deebiseefii, "Egaa hojjetaan amanamaanii fi ogeessi, gooftaan isaa naa'ota isaa warra kaaniif yeroodhaan nyaata isaan ga'u has kennuuf, mana isaa irratti hojii adeemsiftuu godhatu, isa kam ree? 43 Egaa hojjetaan kun gooftaan isaa dhufee akkanuma utuu hojjetuu kan isa argu gammachuu qaba. 44 Dhuguman isiniin jedha, gooftaan isaa qabeenya isaa hundumaa irratti ajajjuu isa godhata. 45 Garuu hojjetaan sun yaada isaa keessatti, `Gooftaan koo dhufuu in tura' jedhee dhiiraa fi dubartii warra isaa wajjin hojjetan reebuu, ofii isaatii immoo nyaachuu, dhuguu, machaa'uus yoo jalqabe, 46 gooftaan isaa guyyaa inni hin yaadatinii fi yeroo inni itti hin maminitti in dhufa, mataa isaas in tarsaasa; guyyaa isa dhumaattis ga'aa warra hin amaninii in hiraaf. 47Hojjetaan waan gooftaan isaa isa irraa barbaadu beeku, akka irraa barbaadame sanatti immoo hin qopheessine yookiis hin hojjenne kun, rukuttaa baay'ee in rukutama."

Phaawuloos akkasitti waa'ee soortummaa barsiisa:

- 1Qor.4:1-2 "Namoonni akka hojjetoota Kristositti, warra hojii dhoksaa Waaqayyoo adeemsisuun itti kennameetti, nu lakkaa'uun in ta'a. [2] Warta hojii adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaadama"
- Titoos 1:7 " Ilaaltuun hojii waldaa tokko, hojii Waaqayyoo in adeemsisa erga ta'ee, waan ittiin jedhan kan hin qabne ta'uun isa irra jira; ofii isaa malee warra kaan kan hin gammachiifne yookiis nama dafee aaru yookiis machaa'aa yookiis nama lola jaallatu, nama bu'aa karaa dalgaa argachuuf sassatu ta'uun isa irra hin jiru."

Kanaafuu, Sooruun galfata namatti kenname kam iyyuu akkaataa gaariitti qabuu fi ittiin hojjechuu jechuudha.

Waaqayyo Kennaa garagaraa akka badhaadhummaa fi arjummaa isaatiitti nutti kenneera. Isa inni nutti kenne kanaan immoo akka inni nurraa barbaadutti hojjechuutu nuuf ta'a.

- 1Phex.4: 10 "Akka hojii adeemsiftuu gaggaariin kennaa Waaqayyoo isa garaa garaa hojii irra oolchanitti, namni adduma addaan kennaa ayyaanaa isa argate, warra kaaniifis akka waa'ee baasutti ittiin haa hojjetu."

Akka barsiisa Macaafa Qulqulluutti, biyyi lafaa fi wanti isa keessa jiru hindinuu kan Waaqayyoo ti. Kennaan ulfinaa fi badhaadhummaa hundumaas Waaqayyo biraa namaaf dhufa. 1Seenaa 29:12. Waaqayyo immoo yeroo namoota uume akka eeganii fi akka tottolchaniif akka itti fayyadamuun irra jiruttis akka itti fayyadamniif wanta uume hundumaa irratti namoota muude. (Uum.1:28)

Nus namoonni har'a Waaqayyo nu waame tajaajila keenya kamuu keessatti hojii soortummaa hojjenna. Kana jechuun immoo galfatatu(imaanaatu/kennattaatu) nu haraka jira jechuu dha. Isa goonu fi maaliif akka goonu hunumaa immoo fuula Gooftaa duratti deebii yeroo itti laannuu fi galmee ittiin hojii adeemsifnu yeroo agarsiifnu qabna. Sabanni isaas kennaan hundumtuu kan nuti of harkaa qabnu Waaqayyo biraa kan nuuf kenname waan ta'ef ulfinaan qabuu qabna.

- Hoj.Erga. 17:24-25 "*Waaqayyo, biyya lafaa, kan isa keessa jirus hundumaa kan uume, gooftaa waaqaatii fi lafaa ti; inni galma harki namaa ijaaretti hin galu. Ofii isaatii sanyii namaa hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas in kenna; kanaaf harki namaa kan isaaf hojjechuu danda'u, wanti isaaf barbaachisus hin jiru*."
- Farfa. 24:1 "*Hundinuu kan Waaqayyoo ti, biyyi lafaa fi warri isa keessa jiraatanis kan isaa ti*"

Egaa erga Waaqayyo isa waan hunumtuu kan isaa ta'e erga ta'e fi nummoo namoota hojii isaa adeemsisan erga taanee, yeroo hundumaa fi iddoo hundumaatti waan hundumaaatiinis tajaajiltoota ta'uuf qophaa'oo ta'uutu nurraa eegama.

### 15.2. GOSOOTA HOJII SOORTUMMAA

Salphifnee qabachuuf akka nuuf ta'utti soortummaa bakka shanitti qoodnee haa ilaallu.

#### *15.2.1. Namummaa sooruu*

Akka sagalee Waaqayyootti namummaa keenya sooruun itti gaafatamummma nurra jiru dha. Sababni isaa immoo namummaan keenya kennaa Waaqayyo nuuf kenne dha. Namummaan keenya mana qulqullummaa Waaqayyooti. Kanaaf namummaan keenya guutymmaan buusaa dhagnan keenyaas ulfina Waaqayyoof kan mijatan ta'uutu irra jiraata. Kanaaffuu akka dhukkubsatuuf,, akka miidhamuuf, akka salphatuuf darbarsinee kennuun nurra hin jiraatu. Macaafni Qulqulluun foon keenya isa du'u irratti cuubbuun akka hin moone nu akeekkachiisa.

- 1Qor.3:16 " *Isin mana qulqulluummaa Waaqayyoo akka taatan hafuurri Waaqayyoos isin keessa buufatee akka jiru in beektanii ree ?"*

- Room 6:13 "*Bu'aa dhagna keessanii mi'a jal'inaa gochuudhaaf harka cubbuu jala hin galchinaa! Garuu akka namoota warra du'a keessaa ba'anii jireenya argataniitti, Waaqayyoof of kennitanii, bu'aa dhagna keessanii mi'a qajeelinaa gochuudhaaf harka Waaqayyoo jala galchaa!"*

- Rom.6:19 "*…bu'aa dhagna keessanii xuraa'ummaadhaa fi seera malee jiraachuu jala galchitanitti, am-ma immoo qulqullummaatti jiraachuudhaaf bu'aa dhagna keessanii qajeelina jala galchaa!"*

- 1 Qor.6:19-20 "*Halalummaa baqadhaa! Cubbuu namni hojjetu keessaa warri kaan hundinuu dhagna namaa hin tuqan; namni halaleen garuu dhagna isaatti cubbuu hojjeta. [19]Dhagni keessan mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isa isin keessa jiru ta'uu isaa hin beektanii ree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan; mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii, isin kan ofii keessanii miti. 20 Waaqayyo gatiidhaan isin bitate; kanaaf guutummaa dhagna keessaniin waan inni ittiin galateeffamu hojjedhaa!"*

Kanaafuu namni waan dhagna isa miidhu irraa of eeggachuun, dhukkoboota gargaraa irraa of ittisuun, qulqullummaa ofii eeggachuun, soorata madaalame soorachuun, summii fi wantoota nu miidhanitti fayyadamuu dhiisuun

barbaachisaa dha. Akkasitti namummaa fayya buleessaa fi Waaqayyoof ulfina kennuu fi kennisiisuu danda'u qabaanna.

Waaqayyoon sodaachuu fi isa amanachuu. Fakk. 3:5-8 " *Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin!* [6] *Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif in qajeelcha. Ani ogummaa qaba ofiin hin jedhin; Waaqayyoon sodaadhu, wanta hamaattiis fagaadhu!* [8] *Kun fayyaa dhagna keetiif, cimina lafee keetiifis in ta'a.*"

### 15.2.2. Lubbuu Sooruu

Waaqayyo lubbuu keenya, Lubbuu ormaa, fi kan uumama biraa eegumsa akka qabaatuuf dirqama nutti kenneera. Addaam yeroo jalqabaaf uumama kan biraa tajaajiluuf Waaqayyo harkaa galfata fuudhe (Uum. 1:27-28).

Amalli Waaqayyoo qulqullummaa, qajeelummaa tokkummaa, fi jaalala dha. Namni yoo itti gaafatamummaa Waaqayyo harkaa fuudhe fiixaan baasuuf hamma danda'u dhama'e Waaqayyo immoo Seexanaan qoramuu irraa isa eega ykn qoramsa Seexanaa mo'achuu isa dandeesisa.

Tokkummaa qabaachuun jireenya dhuunfaa ofii irraa jalqaba. Nama ofii isaa fi Waaqayyoo wajjin tokkummaa qabutu namoota biraa fi uumama kan biro wajjin tokkummaa gaarii qabaachuu danda'a. Kanaaf jecha Waaqayyo lubbuu ofii keenyaatiif, lubbuu namoota biraatii fi lubbuu uumama kan biraaf eeggannoo akka goonuuf imaanaa nutty kennee ti jira.

Namni lubbu isaa hin soorre lubbuu isaa ajjeesa. Akkaataan itti lubbuu keenya soorruu fi isa dhiisuudhaan immoo duuni nuti keessatti lubbuu keenya gannu gosa garaagaraatu jira. Duuni bakka sadiitti qoodama: du'a lubbuu du'a foonii fi du'a afuuraa ti. (seensa barmoota kanaa keessatti ilaali).

<u>Lubbuu keenya kan nuti soorruuf</u>

1) *Lapheen namaa hamaa dha waan ta'eef akka cubbuutti dabarsee of hin laanneef.*

Kanaaf kan nama gargaaru immoo dubbii Waaqayyoo dhaga'uu fi garaa ofii guutuun isaaf abboomamuu dha. Namni sagalee Waaqayyoof iddoo hin kennu yoo ta'e hammeenyi gara isaa akka inni tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabu hin eegganne (jechuunis du'a hafuuraa akka du'u, akka inni lubbuu isaa cubbuutti dabarsee kennuudhaan of yakku (du'a barabaraa akka du'u) akkasumas wantoota foon isaa miidhanii lubbuu fi foon isaa gargar baasanitti dabarsee of kennuudhaan (du'a foonii du'uun) of yakka.

Dubbiin Waaqayyoo immoo cubbuun keessa namaatti akka hin mooneef nama eega.

Seera uumamaa 4:6” Waaqayyo yommus Qaayiniin, "Maaliif aartee bobaate? Maaliifis mataa buufte? [7] Wanta gaarii utuu hojjettee, of jetta turte midi ree? Wanta gaarii hin hojjettu yoo ta'e garuu, cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata, si argachuus in kajeela; ati garuu isa irratti aboo godhadhu!" jedhe.”

Keessa.Deebii 32:46-47 “[46]"Dubbii ani har'a isinitti beeksisu kana hundumaa garaa keessan keessa kaa'adhaa! Ijoolleen keessanis dubbii seera kanaa hundumaa gaarii godhanii akka eeganiif isaan abboomaa! **47** *Dubbichi jireenya keessan malee*, dubbii isiniif waa'ee hin baafne miti; dubbichaanis biyya isa Yordaanosin ceetanii qabachuufjirtan sana keessa bara dheeraa in jiraattu" jedhe”;

Fakk.4:10-13 “**10** Dhaga’i yaa ilma ko, dubbii koo fudhadhu! Barri jireenya kees in baay'ata. **11** Ani karaa ogummaa si barsiiseera, daandii qajeelaa irras si geggeesseera. 12 Yommuu adeemtu karaan sitti hin dhiphatu, yommuu fiigdus hin gufattu; **13** gorsa siif kennamtetti jabaadhu, gad ishee hin dhiisin! *Lsheen jireenya kee waan taateef*, ba'eessa godhii eeggadhu!”;

Fakk.4: 23 wanti jireenyaaf barbaachisu yaada garaa keessaa waan ba'uuf, yaada kee ba'eessa godhii eeggadhu!

Yoh.6:68 “**67** Yasuus yommus warra kudha lamaaniin, "Isinis immoo adeemuu in barbaadduu iyyuu?" jedhee gaafate. [6R] Simoon Phexros deebisee, "Si dhiifnee eenyu bira dhaqna ree? Gooftaa, dubbii waa'ee jireenya bara baraa nama barsiisu situ qaba'o.”

Kana jechuun ‘dubbiin yoo dhaga’anii fudhatan du’a barbabaraa nama oolchu Gooftaa bira akka jiru dha. Kanaafuu laphee Gooftaatti dhiyaatanii sagalee isaa dhaga’unn lubbuu ofii sooruu ta’a.

2) *Hammeenyi laphee namaa lubbuu akka hin balleesineef*

Amanaan tokko hammeenyi garaa namoota biroo keessatti qopheeffame akka lubbuu isaa hin balleesineef of eeggachuu dhaan lubbuu isaa sooruutu irra jira. Macaafni Qulqulluun akka of eeggannuuf kan nu akeekkachiisu miidhamni [karaa tokkos ta’ee karaa biraa] lubbu keenya irra akka hin geenyeef:

Maat.7: 15 Yasuus itti fufee, "Raajota sobduu irraa of eeggadhaa, isaan hoolaa fakkaachuudhaaf raroo hoolaa uffatanii gara

keessan in dhufu; keessa isaaniitiin garuu yeeyyii butatanii dha.”

Maat.24:4 Yasuus immoo deebisee, "Homtinuu akka isin hin wallaalchifnetti akeekkadhaa!

Maarq.8: 15 “ Yasuus isaan akeekkachiisee, "Ilaalladhaa! Raacitii warra Fariisotaa fi raacitii Herodis irraa of eeggadhaa!" jedhe”

Rom.16: 17 “Obboloota ko! Warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa; isaan irraa fagaadhaa! [18]Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadanii hojjetu ma-lee, Kristos gooftaa keenyaaf hin hojjetan; isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namoota garraamotaa in gowwoomsu.”

Filphi.3: 2-3 “Warra maqaa dhagna-qabaatiin akka sarootaa foon dhagna namaa kukkutuudhaan hamaa godhan irraa of eeggadhaa! [3] Nuyi garuu dhagnaqabaa isa dhugaa arganneerra; isa kan foonii amanachuu dhiifnee, Kristos Yasuusiin of in jajna, hafuuraanis Waaqayyoof in hojjenna.”

3) *Waaqayyoo wajjin akka ta’utti jiraachuuf*

Namni tokko akka Waaqayyoof ta’utti jiraachuu isaatiin lubbuu kan isaas ta’ee nama biraa sooruu danda’a.

Qol. 1:10 “ireenya gooftaadhaaf ta'u jiraachuu, yeroo hundumaa waan isatti tolu gochuu, hojii gaarii ta'e hundumaatti ija godhachuu, Waaqayyoon beekuuttis guddachuu akka dandeessaniif kadhachuu keenya”

Rom.6: 4 “Nuyi cuuphamuudhaan du'a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra; Kristos humna abbaa isa ulfina-qabeessaan warra du'an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna.”

Galat.5:16

1 Phex.1:15-16 “Inni isin waame qulqulluu akkuma ta'e, isinis adeemsa keessan hundumaan qulqulloota ta'aa! Inni caaffata qulqullaa'aa keessatti, "Ani qulqulluu waanan ta'eef, isinis qulqulloota ta'aa!" jedheera.

### *15.2.3. Soortummaa Yeroo*

- Kutaan kun yeroon kennaa Waaqayyo nuuf kenne waan ta'eef akka ta'utti akka itti gargaaramu nu barsiisa. Kanaa achi yeroon nuti itti hojjechuu hin daneenye jira waan ta'eef.

Lallaba 9:10 "Wanta harki kee hojjechuu beeku hundumaa humna kee guutuudhaan hojjedhu! Iddoo lafa jalaa lafa dhaquuf jirtu sana, hojjechuun, itti yaadanii waa qopheessuun, beekumsi, ogummaanis hin jiru."

Lallaba 5:4 "namni gowwaan harka isaa dachaafatee taa'ee, jireenya ofii isaatii balleessa"

Yoh.11:9-10 " Yasuus garuu deebisee, "Ifni guyyaa tokkoo sa'aatii kudha lama qaba mitii ree? Namni guyyaadhaan adeemu, ifa aduu waan arguuf hin gufatu. 10 Namni halkaniin adeemu garuu, ifa of keessaa waan hin qabneef in gufata" jedhe"

Yoh.12:35 "Yasuus immoo, "Ifni amma iyyuu yeroo gabaabaadhaaf isin bira jira; dukkanni akka isin hin qaqqabnetti, ificha utuu qabdanii adeemaa!"

Qol.4:5 "Yeroo isiniif kenname utuu hin dabarsin itti hojjechuudhaan, namoota waldaa kristiyaanaa keessa hin jirree wajjin akka itti jiraattan ogummaadhaan amaleeffadhaa!"

Yohannis 9:4 Yeroon keenya qusannee itti gargaaramuun nu irraa eegama. Gooftaan keenya Yasuus akkas jedhe. "Hojii isa ana ergee guyyaadhaan hojjechuun naaf in ta'a." .

Efe. 5:15-17Guyyaadhaan waan nu irraa eegamu raawwachuun nuuf in ta'a.

*<u>Yerootti gargaaramuu</u>*

Sagalee Waaqayyoo bu'uura godhachuudhaan amanaan tokko yeroo Waaqayyoof laate eeguu, yeroo maatii wajjin qabu kabajuu, yeroo tajaajila hafuuraaf qabu kabajuu, yeroo hojiif qabu kabajuu fi yeroo wantoota biroos kabajuu qaba.

### 15.2.4. Sortummaa qabeenyaa/leeccalloo ykn Maallaqaa

Jireenya jiraannu keessatti qabeenyaa fi horiin lafa irratti itti gargaaramnu kan keenya miti. Waaqayyotu akka galfataa ykn kennattaatti akka nuti kenne. Kanaaf kan harka keenya keessa jiran horii fi qabeenya lafa irra jiran akka jaalala Waaqayyootti akka itti gargaaramnuuf malee akka arginetti baalessinuuf nutty hin laanne.

Hundumtuu kan Waaqayyoo ti.

- Haagee. 2:8 Meetichis warqechis kan koo ti
- Lewwoota 25:23Laftichi kan koo ti.
- 1Timo. 5:7Nuyi waanuma tokko illee fidnee gara biyya lafaa hin dheefne.
- Faarf. 50:10-12; 24:1

Akka amanaa (amantuu) tokkotti horii keenyaas ta'e qabeenya keenya tajaajila mootummaa Waaqayyoo tiif ooluutu irraa eegama.
Kakuu Moofaa achii as dhufni kennaa namoonni mana Waaqayyootiif kennanii kan akka kennaa galataa, kenaa hangafaas ibsamee ti jira. Kennaan angafaa isa amantoonni omicha horii fi omisha qonna isaanii irraa isa jalqabaa (angafa) Waaqayyoon ittiin kabajuuf kennani dha.

keessa Deebii 26:1-4 "Ati biyya Waaqayyo gooftaan kee dhaala godhee siif kennutti galtee, qabattee yeroo keessa jiraattu,
2midhaan laficha isa Waaqayyo gooftaan kee siif kennu irraa jalqaba galfattu keessaa fuudhii guubootti naqii, iddoo Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'ate sanatti geessi! 3
Lubicha isa yeroo sana hojii irra jiruunis, "Ani har'a biyya Waaqayyo nuuf kennuudhaaf abboota keenyaaf kakate sanatti galuu koo Waaqayyo gooftaa kee duratti nan beeksisa" jedhi! 4Yommusi lubichi guuboo sana si harkaa fuudh fuula iddoo aarsaa Waaqayyo goof; keetii dura has kaa'u! "

[Waa'ee kurnoos barumsa baratte yaadadhu]

# 16. BARUMSA 15[FFAA]. WALDAA KIRISTAANAA (CHURCH)

## 16.1. WALDAA KIRISTIYAANAA JECHUN MAAL JECHUU DHA?

Jalqaba barumsa kanaatii kaafnee hanga ammaatti wantoonni baay'een kan waa'ee fayyinaa fi jireenya Kiristaanni tokko dhuunfaatti argachuu fi qabaachuu danda'u irratti kan xiyyeefatu ture. Haa ta'u iyyuu malee garuu, jireenyi Kiristaanummaa jireenya dhuunfaatti jiraatamu qofa miti. Macaafa Hojii Ergamootaa yeroo qayyabannu akka arginutti, Gooftaatti amanee fayyuun nama dhuunfaa tokkoo gara tokkummaa gartuu amantootaatti akka geessu hubanna.

Egaa kan nuti waldaa Kiristaanaa (church) jennee waamnu, jireenya Kiristaanummaa tokkummaadhaan gartuun amantootaa keessaa jiraatan dha. Yeroo baay'ee akkaataa hubannaa namootaa irraa kan ka'e jechi Waldaa kiristaanaa jedhu kun akkaataa garaagaraatti otuu fayyaduu mul'ata.

**Fakkeenyaaf:**

- Ijaarsa manichaa (Isa amantoonni keessatti walitti qabaman),
- Wal-ga'ii amantootaa naannoo tokkoo,
- Amantoota barsiisa tokko hordofan (fkn. W. Makaana Yasuus, W. Guutuu Wangeelaa,…) fi
- Tokkummaa qaama Kiristoos guutummaa biyya lafaa irra jirtuu (waldaa Kiritaanaa ishee tokkittii fi qulqullooftuu) Mul'ata 7:9-17; Mul'ata. 21:22-27.

Jechi Waldaa Kiristaanaa ykn 'Church' jedhamee hiikame kun jecha Giriikii isa 'Eklesiyaa' jedhamu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaa: Walga'ii (gumii) namoonni 'adda ba'an' kaayyoo adda bahe tokkoof godhan dha. Egaa Waldaan Kiristaanaa walitti qabama namoota Waaqayyoof saba ta'uuf adda bahanii ti. (1Phex. 2:9-10).

> *"Isin garuu qomoo fo'amaa dha, luboota mana mootummaa ti, saba qulqullaa'aa dha, warra dhuunfaa Waaqayyoo ta'anii dha. Waaqayyo hojii isaa isa jajamaa akka labsitaniif dukkana keessaa, gara ifa isaa isa dinqisiisaatti, isin waame."*

Waldaattiin waldaa mul'attuu fi hin mul'anne jedhamtee lamatti qoodamti. Isheen mul'attu ishee amma naannoo tokkotti argamutu yoo taatu, isheen hin mul'anne immoo tokkummaa amantoota dhaloota hundumaa, bara hundaa fi lafa hundumaa irra jiraatanii ti.

Ergamichi Phaawuloos Waldaa Kiristaanaa akkaataa sadiin ibsa: Saba Waaqayyoo, Dhagna Kiristoos fi mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu.

1. Saba Waaqayyoo:

- Waaqayyo amantoota saba ofii isaa godhachuuf akka inni fo'ate ibsa. (2Qor. 6:16). Waldaan qaama saba Waaqayyo irraa ijaaramte dha. Isaan kan isaa,innis kan isaanii ti. Waaqayyotu ofii isaatii isaan filachuuf tarkaanfii isa jalqabaa fudhate. (2Tes. 2:13-14;1Tes.1:4)
- Waaqayyo qomoo hundumaa keessaa saba ofii isaaf uummate.(Rom.9:42-26)
- Saba isaa kanaaf Waaqayyo eeggannoo, gargaarsa, fi eegumsa wal irraa hin cinne godha. "akka agartuu ija isaatti isaaniif of eeggata" (keessa deebii 32:10)
- Isaan irraa immoo of hambifachuu fi yaada ofii hiruu tokko malee saba dhuunfaa isaa akka ta'aniif Waaqayyo irraa barbaada. Kana agarsiisuuf immoo akkuma bara Kakuu Moofaatti warri Isiraa'el dhagna qabaa dhagna isaanii irratti fudhatn, amantoonni Kakuu Haaraa immoo dhagna qabaa isa keessaan ta'u of irratti akka mallattootti fudhachuutu isaaniif ta'a.

  Rom.2:29 "Namni keessa namummaa isaatii isa bakkeetti hin mul'anneen Yihudii ta'e garuu, Yihudii dhugaa dha; dhagna-qabaan yaada garaa namaas dhagna-qabaa isa dhugaa dha; kunis hojii hafuura Waaqayyoo ti malee, hojii seericha isa caafamee miti. Namni akkasii kun Waaqayyo biratti malee, namoota biratti hin jajamu"; akkasumas Philp.3:3 dubbisi.
- Waaqayyo saba isaa kana irraa qulqullummaan isaaf adda bahuu barbaada. Waldaan Kiristaanaa misirroo (ashilee) Kiristoos waan taateef

qulqullummaa ishee eeggattee Gooftaa deebi'ee dhufee ishee fudhatuuf of qopheessuutu irra jiraata. (Eph.5:25:27)

2. Dhagana Kiristoos

- Kun kan mul'isu waldaan jiraachuu qaama Kiristoos mul'isuuf kaa'amuu ishee ti.
- Waldaa akka dhagana Kiristoositti fudhachuun, isheen wiirtuu keessatti Waaqayyo hojii isaa raawwachuuf xiyyeefatee jiru ta'uu ishee agarsiisuuf.

> Efe.1:22-23 "*Waaqayyo waan hundumaa miilla Kiristoos jala kaa'e; Goofticha waan hundumaa gararraa jiru kanas waldaa Kiristaanaatiif kenne. Waldaan Kiristaanaa dhagana Kiristoos; inni waan hundumaa karaa hundumaan guutu, guutummaa isaatti dhagna isaa kanatti in jiraata*."
>
> 1Qor. 12:27 "Ammas hundumti keessan dhagna Kristos, adduma addaanis bu'aa dhagna isaatii ti"

- Dhagana Kiristoos ta'uun kun isa amantoonni akka gartuutti Kiristoosii wajjin tokkummaa qabaatan mul'isa.
- Kitistoos mataa Waldaa Kiristaanaa ti; kana keessatti immoo tokkoon tokkoon amantootaa buusaa dhagnicha isaa ti. Rom12:5;1cor.10:16;12:27)
- Waldaan dhagana Kiristoos ta'uu isheetiin, amantoonni tokkoon tokkoon isaanii tokkummaa Kiristoos irraa kan ka'e walii wajjin qaban kan muliftu dha.

3. Mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu

- Waldaa Kiritaanaa gara jiraachuutti kan fide Dhufuu Hafuura Qulqulluu ti. (1Qor.12:13)
- Waldaan Kiristaanaa, akka dhuunfaattis ta'ee akka gumiitti, Hafuura Qulqulluudhaan guutamtuu dha. Kanaaf nuti akka amanaa tokkoottis ta'e akka gamtaatti mana qulullummaahafuura Waaqayyoo ti. Waaqayyotu nu keessaa fi nu gidduu buufata.

4. Maatii Waaqayyoo ti

- Yeroo Yasuusiin fudhannudhan lammaffaa dhalannu maatii Waaqayyootti dabalamna, ijoollee Waaqayyoo waan godhamnuuf. Kana irraa kan ka'e immoo Hafuurri Qulqulluun akka nuti 'Abbaa ' jennee Waaqayyoon waammachuu dandeenyuuf laphee keenyatti ergama (Rom. 8:14-17).
- Kanaafuu Waldaan maatii Waaqayyoo(warra mana Waaqayyoo)ti. (Efe.2:19; 1Xim.3:15)
- Kun immoo kabaja guddaa nuti qabnu (-Ayyaanicha irraa kan ka'e ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo ta'uu keenya) kan nu yaadachiisa. Kanaafuu, akka miseensa maatii Waaqayyootti amala qabaannee jiraachuun nurra jirus nu yaadachiisa. AKka miseensa Maatii isaa ta'uu keenyaa fi firooma isaa wajjin qabnu nu yaadachiisuudhaan wanta nu barbaachisu hundaaf abbaa keenya isa waaqaa irraa akka amanannus kana beekuun nu cimsa. (Maat.6:25-34)

## 16.2 Amaloota Waldaa ishee Dhugaa taatee

### 16.2.1. Tokkummaa

Tokkummaa Waldaa Kiritaanaatiif bu'uura kan ta'u Waaqa tokko irra dhaabachuu ishee keessa kan dhufu dha (Efe.4:1-6). Namoonni dhugaadhaan miseensa waldattii ta'an saba tokkicha; kanaaf waldaa isheen dhugaan tokkummaa isheetiin beekamti. Tokkummaa jechuun garuu guutuutti walfakkaachuu jechuu miti. Waldaa ishee Kakuu Haaraa keessa tajaajiloota garagaraa (1Qor.12:4-6) fi wantootta ijoo hin ta'in (fayyina irratti dhiibbaa kan hin qabne) irratti immoo ilaalcha garagaraatu ture(Rom.14:1-15:13). Barsiisa dhugaa wangeelaa isa bu'uura ta'e irratti garuu waliig galu(1Qor. 15:11, yihudaa 3). Dabalatas kutaalee kana qayyabadhu: Rom.3:20;Yaq.2:24;Fiph.f2:5-7; Qol.2:9)

Akkaataan itti waaqeffannaan adeemsifamus garagara ta'uu danda'a. Akkaataan Waaqeffannaa waldaa Qornxoos keessa jirtuu (1Qor.14:26) isa kan warra Paalestine keessa jiruu wajjin tokko akka ta'uu dhiisuu danda'u Macaafuma qulqulluu irraa beekuu dandeenya. Warri Paalastiine keessa duraan amanii Juudizimii hordofaa turan gara seera durii irratti xiyyeeffachuu qabaatanii, isa kan warra qoronxoos caalaa seerri itti cimaa dha.

Dhaaba amantaa (fkkn. WAMY, WAGW, kkf) kamuu keessa haa jiraatanii tokkummaan hafuuraa warra lammaffaa dhalatee gidduu jira. Waamichi tokkummaaf Kakuu Haaraa keessatti godhamu, egaa, tokkummaa bu'uurawaa (fundamental) isa hafuurrichi lammaaffa dhalachuun wal qabsiisee nuuf kenne eeggachuutti malee waldoonni warri kaan diigamanii hudumtuu mana tokko keessatti akka walitti qabamaniif miti (Efe.4:3).

Amantoonni gartuu tokko jal jiran immoo addatti tokkummaa jabaataa qabaachuu qabu. Sababni isaa ciminii tokkummaa isaan gidduu jiru caalaatti mul'ata waan ta'eef.

Gooftaan Yasuus tokkummaa mul'atee namoota ala jiran gara Mootummaa Waaqayyootti fidu amantoonni akka qabaataniif kadhate. Tokkumman inni jedhu kun garuu isa kan hafuuraa ti. Isa kaayyoo fi adeemsa jireenyaa mul'atuun tokko ta'an.

### 16.2.2. Qulqullummaa (holy)

Sabni Waaqayyoo saba qulqulluu dha (1Phex.2:9). Yeroo keessa gad-lixnee ilaalluu immoo Waldaan Kiristaanaa qulqullooftuu dha, tokkoon tokkoon amantootaa karaa Kiristoositti amanuu, isaaf adda bahuu, fi karaa qajeelummaa isaa isa guutuu irraa fudhachuu qulqulloota waan ta'anif.

Waldaan yeroo Kiristoos keessa taatee fuula Waaqayyoo dura dhaabattu mudaa fi waan ittiin jechaa kan hin qabne tati. As keessatti waa'ee waldaa ishee mul'attuu fi hin mul'annee yaadachuun gaarii dha. Waldaa isheen mul'attu namoota Kiristoositti hin amanatin jiran illee waan of keessaa qabaattuuf mudaa malee ta'uun ishee rakkisa. Waldaa isheen dhugaan garuu walitti qabaman namoota karaa Kiristoos fayyina dhugaa argatanii ti.

Kiristoosii wajjin tokkummaa qabaachuu, jireenya qulqullummaa mul'atus of keessa qaba. Kanaafuu, tokkummaan waldaan kiristaanaa Kiristoos isa mataa ishee ta'ee wajjin qabaattu amala gaarii, jireenya qulqullaa'aa fi tokkummaa walii wajjin amantoonni qabaniin ibsama.

Waldaan qulqullummaatti keessummaa taate waldaa Kiristoosiif keessummaa taate dha. Kana jechuun garuu akka abdii nu hin kutachiifnetti amala waldaa ishee Kakuu Haaraa keessa ture yaadachuun

gaarii dha- dogongoorri, dadhabbii fi kufaatiin garagaraa ishee keessa ture. Haa ta'u iyyuu malee garuu qulqullumman hamma ta'e namootatti alatti mul'atu immoo bifa waldattii isa hin dhokfamne dha.

### 16.2.3. Guutummaa ykn hundumaa kan of keessatti hammattu

Waldaan hundumaaf banaa dha. Harki ishee qomoodhaan, bifaan, saalaan, umuriidhaan, sadarkaa jireenya hawwaasummaatiin, beekumsaa fi seenaa amala tii otuu adda hin baasiin ofitti qabachuuf kan qophoofte dha. (Maat.28:19; Mul.7:9 dubbisi). Wanti barbaachisu Yasuus Kiristoosiin dhuunfaatti gooftaa jireenya ofii godhatanii fudhachuu, seera cuuphaa qulqulluu keessa darbuu fi isa wangeelli ayyaana Waaqayyoo fudhachuu mul'isuu dha.

### 16.2.4. Ergamtummaa (Apostilic)

Ergamaan nama tajaajila fi du'aa ka'uu Yasuus Kiristoosiif dhuga baatuu ta'uu dhaan aboon Wangeela baachuu/labsuu itti kenname dha (Luq.6:12; HoE.1:2;1Qor.15:8-10).

Ergamoonni Yasuus Kiristoosii fi warra isaan booda amanitii Kiristaanummaa fudhatan hundumaa gidduu warra dhaabatan dha. Isheen hundee raajotaa fi ergamootaa irratti kan hundoofte dha (Efe.2:20; Maat.16:18; Mul.21:14). Egaa ergamtummaan waldaa Kiristaanaa barsiisa, amantii fi dhugabahumsa 'kanaan dura qulqullootatti kennamen' waliif galtee jiraachuu ishee irra dhaabata(Yihuda 3; HoE 2:42). Ergamoonni har'a iyyuu taanaan hammaa waldaan barsiisa Macaafa Qulqulluutiin jireenyi ishee, barsiisi ishee fi lallabni ishee akka haareffamuuf eenyyamteef irratti hundaa'ee, waldaa ni geggeessu ni ajajus.

Jechi Ergamaa(Apostle) jedhu kan hiika afaan Griikii *apsotoloi* jedhu irraa dhufe yoo ta'u, 'isa ergame' jechuutti hiikama. Kun immoo akka waliigalaatti yoo fudhatame namoota Gooftaan lallaboota, barsiisota, warra waldaa dhaabu, kkf gohdee erge kan of keessatti qabatu dha. Kana jechuun garuu warri har'a jiran kun aboo ittiin caaffata qulqullaa'aa isa ergamoota warri Goofataa harkaa fudhatanii barsiisan jijjiiruu qabu jechuu miti. Bakka tokko tokkootti muudamni akkasii otuu waldaa keessatti namootaaf kennamuu ni

mul'ata garuu, barsiisa Macaafa Qulqulluu gar-malee hubachuu irraa kan dhufu dha.

### 16.3. HUNDEEFFAMA WALDAAN KIRISTAANAA

Waldaan Kiristaanaa yoom dhaabatte? Waldaan Kiristaanaa guyyaa pheexeqoosxee jalqabde. Kanas kan jedhameef,

- waldattiin du'uu, du'aa ka'uu fi ol bahuu Yasuus irratti waan hundoofteef(Gal.3:23-25);
- Utuu dhiigaan hin bitamin Waldaan Kiristaanaa argamuu hin dandeessu waan ta'eef (Efe.1:20)

### 16.4. BULCHIINSA WALDAA

1. Waldaan tokko jalqaba yommu dhabbattu kan geggeessaanii fi kan bulchan maanguddoota /gargaartoota/ qabaachuutu ta'a (phexros 5:4; 1Ximotioos 3:1-13; Tiitoos 1:5-9; HoE 6:3-6).
2. Akka seera Waldaa Makaana Yasuusitti /Beetelitti) maangudoota bifa lamatu jira.
    1. Maanguddoota geggeessan Ykn kan bulchan
    2. Maanguddoota barsiisan (Lubootaa fi barsiisoota Wangeelaa. (1Qor. 12:8; Efe 4:11-12; HoE. 21:8)

2. Maanguddoota geggeessan /bulchan/

- Maanguddoonni kun holoota Waaqayyoo eeguudhaaf adaraan itti kennameera (Yohan. 21:17, H.Erg. 20:28)
- Hoolonni saba Waaqayyooti. (Isqi'el 34:31)

3. Amantoonni maanguddootaa fi abboomamuutu irra jirata. (1Phex. 5:5; 1Tes.5:12-13; 1Xim. 5:17;Ibro. 13:7)

#### *16.4.1. Caasaa Bulchiinsa Waldaa (gadii hamma oliitti)*

A. Amantoonni muraasi akka waldaatti hin dhaabbatin jiran kan akka walddaatti of hin danda'in "Bakka lallabaa/buufata lallabaa" (preaching place) jedhama. Buufatni lallabaa kan walda haadha taate tokko jalatti bulu yoo ta'u, yeroo ulaagaa ittiin waldaa ta'u guutu of danda'ee waldaa Amantootaa (Congeration) ta'a.


B. Waldaan Amantootaa (Congregation)—gurmuu miseensa guutuu 2– fi isaa oltu qabaatee seera fi ulaagaa Waldaan tokko guutuun isheef ta –baay'ina namaan, dinagdeen, humna namaan qabachuun—guuttee an beekamtii argatte dha. [Ulaagaan kun seera ittiin bulmaataa waldaa ti(EECMh) keessaa kan jiru malee seera Macaafa Qulqullu miti]

C. Sabakaa (Paris ) =Waldaa Amantootaa 10-30 kan ta antu walitti dhugee uuman Salphaadhumatti waldaa 10 fi i aa ol s baka tokko uummachuu da da'u. bulchan Yk 10 ol k n bulcha n/

D. Sinood sii (syn d)= sa akoota 5-10 walitti dhu ee sino oosii tokko uumee akka tokkootti bula.

E. Bulchiinsa ol-aanaa Makaana Ya uus = Sinodoos nni biy attii ke ssa jirah henduu walitti dufanii waldaa Makaana Yasuus Itiyoophiyaa uu u.


F aldoonni Warra wange laa Waldoot anaa w rra wange laa



Fak: Caasaa BUlchiins Waldaa Warra Wangeelaa Makaana Yasuus Itiyoophiyaa

a (Evangleical churches union) uu u Isaanis akka tokkoot i bulchiinsa

G nyaales aatti sir i bulchiinsa Kiristaa aa Adu yaa (w rld




Fk2. Caasaa bulchiinsa Waldaa MY Itiyoophiyaa

Isaan kun hundumtu walitti dhufeenya cimaadhaan waldoota kana geggeessu. (HoE 14:23 6:1-7, 12:24)

**Namni tokko maaliif miseensa waldaa ta'aa ?**

a/ Kiristoosiin dhugaa ba'uudhaaf (Maat. 10:32-33; Roma 10:4-10)
b/ Waaqayyoon walii wajjin waaqessuudhaaf. (Faar 13:2-7, 122:1)
c/ Kiristoosii wajjin tokko ta'uu dhaaf . (Maat. 18:20)
d/ Hafuuratti dammaquudhaa fi jabaachuu. (Rooma 14:19; Qola. 3:16).
e/ Namoonni hundinuu akka fayyaniif, akka eebbifamaniif hojii Waaqayyoo wal gargaaruudhaaf (Maat. 10:7-8; 28:19-20; HoE. 10:42).

### 16.5. Xumura.

- Barumsa kana kanfudhatan, amantooti kakuudhaan maaddi Gooftaatti dhi'aatan kun barumsa kanaan kan bilchataan, raawwatanii kan geeddaramanii fi karaa isaanii kanaan duraa irraa kan deebi'an ta'uutu irra jiraata. (2Mot 17:13; Erm 18:8;26:3)
- Biyya lafaa fakkaachuu irraa kan ofeeggatan ta'uu qabu. (Rom. 12:2; Efe 4:17)

“ Egaa si’achi akka warra saba Waaqayyoo hin ta’initti yaada waa’ee hin baafne duukkaa buutanii akka hin jiraanne maqaa Gooftaattin cimsinee isin gorsina”

''... Kanaafisi namni kan Kiristoos yoo ta’e uumama haaraa dha.
Inni moofaan darbeera, kunoo inni haaraan dhufeera...”
(2Qor. 5:16-18)

# 17. BARUMSA 16FFAA. DHUGAA BAHUU AMANTII KIRISTAANAA

Yeroo garagaraatti Kiristaanonni gaaffiiwwan isaan mudataniif deebii kennuuf jedhanii beeksisa amantii (kan amantii isaanii ittiin dhugaa bahan) gaggabaaboo fi sirrii ta'an barsiisa Macaafa Qulqulluu irratti hunda'anii baafatanii itti fayyadamaa turan. Beeksisi kunniin amantaa Kiristaanaatiif bu'uura guddaa ta'anii tajaajilaa jiru. Addunyaa Kiristaanonni keessa jiran hundumaatti, yeroo yerootti, jijjiiramoonni sasalphoon irratti haa godhaman malee, dhugummaan amantii Kiristaanaa hin jijjiramu. Beeksisa (dhugaa bahuu) Amantii Kiristaanaa jiran keessaa warren gurguddoon sandan: Dhugaa bahuu Amantii Ergamootaa, Dhugaa bahuu Amantii Niiqiyaa, Dhugaa bahuu Amantii Atenaatewoos yoo ta'an waldaa keenya Waldaa Makaana Yasuusiin Dabalatee Kiristaanonni waldaalee Ortodoxii, Kaatolikii fi Piroteestaantii marti ni fudhatu.

## 17.2. Dhuga Bahuu Amantii isa kan Ergamootaa

Gooftaan keenya Yasuus Kiristoos dhalatee waggaa soddoma yeroo ta'u hojii ergameef raawwachuudhaaf yerooo jalqabe, duuka-buutota kudha lama fo'ate. Namoonni fo'amanii Yasuu duukaa adeemaa turan kun **Ergamoota** jedhamanii beekamu.

Gooftaan Yasuus erga waggaa sadii fi walakka barsiisee, Waaqummaa isaas itti mul'isuudhaan of isaan hunachiisee booda, "**egaa dhaqaa wangeela mootummaa barsiisa" jedhee isaan erge. Isaanis ajaja Inni, "***Dhaqaa saba hundumaa... dubbii ani isinitti hime isaan barsiisuudhaan bartoota koo isaan godhaa" (maat. 28:19-20) jedhe isaan erge. Ergama kana irratti hundaa'anii Ergamoonni kun* Yerussaalamii jalqabanii hangaa Yihudaatti achiis hamma samaariyaatti wangeela barsiisaa adeeman.

Utuu kana gochaa jiraniis DKB bara 64 keessa yeroo jalqabaatiif namoota barsiisa ergamootaa kana fudhatanii Yasuusitti amananiin warri biyya Anxookiyaa keessa jiraatan, "**Kristiyaanota**"jedhanii waamaman. (HoE 11:26).

Warri Kiristaanota jedhaman kun (Amantoonni) Wangeela Kiristoos labsaa, tajaajilaa, fi Du'ee, Du'aa ka'uu Kiristoos dhugaa bahaa otuma jiratanii Jaarraa gara jalqabaa keessa barsiisi sobaa adda addaa maqaa

Kiristaanummaatiin baball'achuu jalqabnaan, Amantiin isaanii maal akka ta'e kan mul'isu dhugaa bahuu amantii ergamootaa isa jedhamu kana baafatan.

*'Dhuga bahumsi Amanii inni kan Ergamootaa' kan baafame naanno DKB 200 yoo ta'u maqaan inni ittiin beekamaa ture '<u>Dhugaa bahuu Amantii Roomaa</u>' jedhamee ture. Kana kan jedhamuu danda'ameef jalqabaaf Roomaa keessatti waan hojjetameef. Booda garuu Maqaan kun "Dhuga bahumsa Ergamootaa" kan jedhame bara 374tti jijjiirame.*

*Dhuga baatii kana kan barreessee Ergamoota warra Gooftaa Yasuusii wajjin deemaa turan kudha lamaan jechuu otuu hin ta'in, barsiisa isaanii irratti hundaa'ee dhuga bahumsa baafame ta'uu isaa kan agarsiisu dha.*

*Kaayyoon isaas barsiisa Ergamoonni Yasuus barsiisan bifa <u>gabaabaa</u>, <u>guutuu</u> fi <u>salphaatti qabatamuu</u> danda'uun kaa'uudhaan:*

- *barsiisa sobaa amantoota wallalchisaniin morumuu fi*
- *gaaffiiwwan isaan mudatan deebisuuf.(*Galatiyaa 1:4-; 2Phexiros 2:1-9, Yihudaa 4 Galatiyaa 2:4)

*Amantiin Kiristaanaa Barsiisa Ergamoonni Gooftaa Yasuus [warri isa irraa baratan] irratti hundaa'a.*
*Bartoonni kun yeroo barsiisan waan dhuga baatotas turan malee warra waan baratan duwwaa dubbatan hin turre.Akkas faa jedhanii:*

- *HoE. 4:20 "Nuyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhageenye himuu dhiisuu hin dandeenyu"*
- *1Yoh.1:1-2 "Waa'ee isa jalqabaa jalqabee turee, sagalee jireenyaa sanaa isiniif in caafna. Nuyi isa dhageenyeerra, ija keenyaan isa argineerra, ilaallees harka keenyaan isa qaqqabanneerra. Jireenyichi mul'ifameera; nuyi isa argineerra, isaafis dhugaa in baana; jireenya barabaraa isa abbaa bira ture, nuttis mul'ifame kana isinitti in himna."*
- *1Yoh.1:3 "Isin nuu wajjin tokkummaa akka qabaattaniif, isa arginee fi isa dhageenye sana isinitti in himna; tokkummaan keenyas immoo abbaadhaa wajjin, ilma isaa Yasuus Kiristoosii wajjinis."*

*Kana kan jedhan isaanuma keessaa garri kaan amanuu yeroo dhadhaban du'aa ka'uu booddee illee warri Yasuus of agarsiise waan turaniif, isaa wajjinsi*

*waggota sadii fi walakkaa waan dabarsaniif ija jabina guddaan barsiisaa turan. (Luq.24:39;Yoh.20:27)*

Inni Ergamoonni barsiisaa turan kun immoo gabaabsamee garuu dhugaa isa

*"Nan amanaa, hundumaa kan danda'u Waaqayyo Abbaatti, Uumaa Waaqaadf lafaatti,*

*Tokkicha ilma isaa Gooftaa keenya Yasuus Kiristoositti, kan ulfeeffames Hafuura Qulqulluudhaan, kan dhalates Maariyaam durbattii, kan fannifames bara Philaaxs phoonxoosichaatti, kan du'e, kan awwaalame, gara si'olittis kan gad-bu'e; guyyaa sadaffaattis du'aa kan ka'e; gara mirga Waaqayyo Abbaattis kan ol bahe, Achiis kan deebi'u, warra du'anii fi warra jiranitti faraduudhaaf,*

*Nan amana Hafuura Qulqulluutti, tokkicha qulqullaa'aa Waldaa kiristaanaa, tokkummaa qulqullootaa, dhiifamuu cubbuu, du'aa ka'uu foonii, jireenya barabaraas. Ameen."*

keessa jiru otuu hin gadhiisin yeroo akka qalbiitti qabatamuu danda'utti kaa'amu akkasitti dubbifama:

Dhugaa bahuun Amantii kiristaanaa kun kutaalee gurguddoo sadiitti qoodama:

### 17.2.1. UUmuu

*"Nan amanaa, hundumaa kan danda'u Waaqayyo Abbaatti, Uumaa Waaqaatiif lafaatti"*

**Kana jechuun Maal jechuu dhaa?**

Ani Waaqayyoon isa waan hundumaa uumee fi isa danda'aa ta'ettin amana. Kunis jiraachuu isaatti, anaa fi uumama biroo hundumaa kan uume ta'uu isaatti nan amana jechuu dha

### 17.2.2. Faayisuu

> *"Tokkicha ilma isaa Gooftaa keenya Yasuus Kiristoositti, kan ulfeeffames Hafuura Qulqulluudhaan, kan dhalates Maariyaam durbattii, kan fannifames bara Philaaxs phoonxoosichaatti, kan du'e, kan awwaalame, gara si'olittis kan gad-bu'e; guyyaa sadaffaattis du'aa kan ka'e; gara mirga Waaqayyo Abbaattis kan ol bahe, Achiis kan deebi'u, warra du'anii fi warra jiranitti faraduudhaaf "*

**Kana jechuun hoo maal jechuu dha?**

Yasuus Ilma Waaqayyoo akka ta'e nan amana. Inni Gooftaa nama hundumaa ti. Yasuus inni ani 'Ilma Waaqayyoo' fi 'Gooftaa' akka ta'e itti amanu kun:

- Isa Maariyaa ishee durba taate irraa [durbummaatti otuu iseen jirtuu] Hafuura Qulqulluudhaan ulfeeffame fi dhalate dha. Luqaas 1:34-35;2:4-7.
- Isa Bara Philaaxos phonxoos bulchaa biyya Yihuudaa ta'ee mootummaa warra Roomaatiin kaa'amee turettii (DhKD 26 –DhKB 36) fannifamuudhaan ajjeefame (Maat. 27:1-14). Kana jechuun isa seenaan addunyaa illee gaarii godhee beeku sana jechuu dha.
- Isa fannoo irratti du'ee (du'uun isaa sirriitti erga mirkanaa'ee booda)awwalamee garaa dachee keessa sheen ture. (Maat. 27:45-66). Isa waa'ee kootiif abaarsa seeraa fudhate.
- Isa Erga du'ee booda guyyaa sadaffaatti du'aa ka'e. Isa du'aa ka'uun isaa sirriitti mirkaneeffamee argame. (Maat. 28:1-15 ; HoE 2:24-35). Isa du'aa fi si'ol irratti gooftummaa qabu. Isa ammayyuu jiraataa ta'ee jiru.
- Isa otuu namoonni ilaalanii gara Waaqaatti ol bahe (Maarqos 16:19-20; HoE. 1:11). Amma hundumaa gararraa isa jiru. Wanta hunumaa iyyuu ofii gaditti isa ilaaluu fi to'atu. Isa harkisin dachee inni wanta ol bahe mara gad-deebisu isa hin danda'in.

- Isa erga ol bahee booda Mirga Waaqayyo abbaa ta'u. (Maat. 22:44; Ibr1:3-12,36; Luq 22:69)
- Isa sanyii namaa hundumaatti (warra du'anii fi warra jiranitti) farduudhaaf Waaqa irraa deebi'u (HoE 26:64, 7:56; Mula'ata 1:7; Luqaas 2:12). Isa aboonii fi aangoon Waaqummaa harka isaa keesa jiru. Isa qajeelinaan faradus.

#### *17.2.3. Qulqulleessuu*

> *Nan amana Hafuura Qulqulluutti, tokkicha qulqullaa'aa Waldaa kiristaanaa, tokkummaa qulqullootaa, dhiifamuu cubbuu, du'aa ka'uu foonii, jireenya barabaraas. Ameen."*

Ani Hafuura Qulqulluutti nan amana. Inni:

- Isa qama sadan Waaqayyo tokkichaa keessaa tokko ta'e dha.
- Isa ofii isaa Waaqayyo ta'e dha. Inni isa ani isa malee jabaadhee jireenya moo'ichaa jiraachuu hin dandeenye dha.
- Isa waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa fi waa'ee firdiif biyya lafaa ceeph'u dha.

Waldaan Kiristoos **waldaa tokkittii** ishee inni dhaabee fi eegu dha. Har'a namoonni bakka garagaraatti yoo Waaqefatu ta'e iyyuu, Waldaan tokkittiin fuula Gooftaa duratti fudhatamtu garuu ishee dhiiga isaatii fi Hafuura Qulqulluudhaan hundeeffamte qofa. Kiristoos tokkicha. Qaamni isaas tokkicha. Kanaafuu amantoonni hundumtuu qaama tokkicha kan ijaaru. Amma dhaabileen Kiristaanotaa hedduu ta'uu danda'u. Guyyaa dhumaatti garuu waldaa baay'ee otuu hin ta'in waldaa tokkichatu jiraata.
**Tokkummaa qulqullootaa:** Bifaan, biyyaa, baraan, qomoodhaan, afaaniin, saalaan, umuriidhaan otuu adda hin qoodin, warri Hafuurri Qulqulluun qulqulleesse hundumtuu tokkummaa qabu. Tokkummaanis jiraachuu, hojjechuu, waaqeffachuu fi Kiristoosiin ulfeessuu ni danda'u. Ani isa kanatti nan amana. Mul'ata 5:9-14, 14:1-4 Mul'ata 7:9-17

Ani Kiristoos fooniin akka **du'aa ka'e** nan amana. Akkasuma immoo guyyaa dhumaatti namoonni hundumtuu firdiidhaaf, fooniin akka du'aa ka'annana amana. Foonni inni du'u isa hin duunetti jijjiramee ni firdiidhaaf dhiyaata. Isayyaas 26:19  Isqi'el 37:1-14, Maate 27:52-53  Daani'el 12:2.

- Ani jireenya har'aa kana booda, **jireenyi barabaraa** akka jiru nan amana. Jireenyi barabaraa kunis karaa Yasuus Kiristoositti amanuu akka argamu nan amana. Kanaafuu, namni hundumtuu barabaraan itti fufee akka jiraatu_-warri Yasuus Kiristoositti amananii dhiifamuu cubbuu isaanii argatan qannoo barbaraatiif warri immoo isa Waaqayyo ilma isaatiif dhugaa bahe fudhachuu didanii cubbuu keessatti hafan dhiphina barabaraatti akka galan nan amana.

- **Ameen**. Kun sirrii dha. Anis itti walii galee fi amanee beeksifadheera. Dhuguma kun akkasuma in ta'a. Ani garaa guutuu amanee isa fudhadheera.

### 17.3. Dhugaa bahuu Amantii Niiqiyaa

Beeksisa Amantii Kiristaanaa isa kan ergamootaatti aanee DKB bara 325 tti kan hojjetame dha. Magaalaan Niiqiyaa isa yeroo ammaa Konstaantinoopil jedhamee beekamutti waan jalqabaaf labsameef Maqaan isaa kanatti waamame. Bara sanatti Ariyoos, namichi biyya Misiraa Iskindiriayaa keessa jiraatu- gegeessaa walda kan ture, barsiisa Waaqummaa Yasuus Kiristoosiin ganu waan barsiisuu jalqabeef, waldaan Kiritaanaa irratti mari'attee murtii akka dabarsituuf waamicha Mootiin Roomaa in Qonsxaanxinoos jedhamu godheen ibsa amantii kana baafatteetti.

Dhugaa bahuun Amantii Kiristaanaa inni kan Niiqiyaa (Nicene Creed) kun labsiiwwan **Waaqummaa Kiristoos** (Christ's Deity) kan dhugaa bahuu akkasumas barsiisa sobaa Ariyoosii fi barsiisota sobaa jaarraa 4ffaa keessa ka'an kan biros  mormuu fi balaaleffachuuf baafame.

Yeroo ammaa Waldaa MY keessatti yeroo ayyanaa garagaraa fi yaadannoo warra amantiif wareegamanii Lubni waldaa keessatti dubbisa.

In amanna hundumaa kan danda'u Waaqayyo isa tokkicha Abbaatti; Uumaa Waaqaa fi lafaa; Uumaa wanta argamuu fi wanta hin argamne hundaa.

In amanna kan dhalte tokkicha Ilma Waaqayyoo, Yasuus Kristoos Gooftaa tokkichatti; biyyi lafaa utuu hin uumamin,bara hunduma dura, Abbaattii kan dhalate, Waaqayyo Waaqayyotti dhalate, Ifa ifattii argame, Waaqayyo isa dhugaa, Waaqayyo isa dhugaattii argame, jiraachuun Isaa Abbaadhaa wajjin tokko kan ta'e; Inni kan uumame utuu hin ta'in kan dhalate. Wanti hundinuu isaan kan ta'e; waa'ee keenyaaf, waa'ee fayyina namootaatiif waaqa irraa kan gad bu'e; Hafuura Qulqulluudhaan Maariyaam durbattii foon uffatee nama kan ta'e; bara Philaaxoos Phenxeenichaattis immoo nuuf jedhee kan fannifame; kan dhiphate, kan du'e, kan awwaalames, Macaaf Qulqulluu keessatti caafamee (barreeffamee) akka jiru, guyyaa sadaffaatti warra du'an keessaa kan ka'e, gara Waaqaattis kan ol ba'e; gara mirga Abbaa kan taa'u; warra jiranii fi warra du'anitti faraduudhaaf lammaffaa deebi'ee ulfinaan kan dhufu. Mootummaan isaas dhuma kan hin qabnetti.

In amanna Hafuura qulqulluutti, Gooftaa isa jireenya kennu, isa abbaa fi Ilma biraa ba'u; Abbaa fi Ilmaa wajjin kan Waaqeffamu, Ulfina argachuun kan isaaf ta'u, isa karaa raajotaa dubbatetti.

In amanna, kan nam hundaa kan taate, tokkittii qulqullooftuu waldaa Kiristiyaanaa Ergamootaa; dhiifamuu cubbuu kan argachiisu cuuphaa tokkicha, du'aa ka'uu warra du'aniitti fi jireenya bara bara isa dhufuuf jiruus in eegganna.Ameen.

### 17.4. Dhuga bahumsa Amantii isa kan Atenaatewoos

Akka seenaan dubbatutti, Ibsi Amantii Atenaatewoosn kan inni baarreeffame Atenaatewoos isa Paatiriyaarkii Iskindiriyaa turen. Qabiyyee amma qabuun kan dhiyaate garuu jaarraa shanaffaa keessa akka ta'etti dubbatama. Ibsi Amantii kun barsiisota sobaa warra jiraachuu Sadan-tokkummaa fi Guutummaatti Waaqa ta'uu akksumas guutummaatti nama Kiristoosiin mormuudhaan kallatti garagaraatiin ka'aniin mormuu dhaaf qophaa'e. Ibsi/dhugaa bahuun Amantii kun barumsa bu'uuraa isa **jiraachuu Sadan-tokkummaa fi foon ta'uu Sagalichaa (Kiristoos)** gadi fageenyaan hubachiisu dha. Dhugaa bahuun amantii Atenaatewoos bifa ifaa ta'een kan barreeffamee fi yeroo tajaajila Waldaa Kirstaanaatti kan wal harkaa

fudhatamee faarfatamu dha. WAWMYI keessatti guyyoota ayyaanaa Lubichi dubbisa.

# 18. BARUMSA 17:DEEBI'EE MUL'ACHUU GOOFTAA FI GUYYAA DHUMAA

## 18.2. SEENSA

Barsiisi kun waa'ee lammaffaa deebi'ee gara biyya lafaa dhufuu Gooftaa Yasuus Kiristoos kan mul'isu dha. Kunis bara dhumaatti kan ta'u dha. Macaafni Qulqulluu waa'ee lammaffaa mul'achuu Kirstoos iddoo baay'eetti kan dubbatu yoo ta'u, Kakuu Haaraa qofa keessatti yoo xinnaate si'a dhibba sadii ol caqafameera.

- Gooftaan Yasuus galgala itti fannifamuuf qabametti akka deebi'ee dhufu bartoota isaatti dubbatee ture. Akkas jedhee, *"Yemmuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi'ee dhufeetan gara ofii kootiitti isini fudhadha"* (Yoh.14:3).

- Gaafa dhu'aa ka'uu isaa booda Yasuus otuu bartoonni isaa ilaalani ol bahetti ergamoonni Waaqayyoo lama dhuganii, akkuma kanatti akka inni deebi'ee dhufu dubbataniiru. Akkas jedhanii, "*... Yasuus inni isin biraa gara Waaqaatti ol fudhatame kun, akkuma amma itti gara Waaqaa dhaquu isaa argintan kantti immoo deebi'ee in dhufa*" (HoE. 1:11). Kana jechuun Yeroo deebi'u qaamumaan mul'atee, utuu namoonni arganii dhufa jechuu dha.

- Kakuu Haaraan deebi'ee dhufuu Gooftaa eeggachuudhaan kan guute dha. (Marq.13:26-27; 1Tes. 4:16-18).Har'as taanaan Amantoonni kana dagachuun irra hin jiraatu.

- Guyyaan itti Gooftaan Yasuus deebi'ee dhufu garuu hin beekamu. Yasuusis ofuma isaatii yeroo dubbatu Abbaa malee yericha kan beeku hin jiru jedheera. Kana jechuun immoo yeroo hundumaa qophoofnee akka eegganuuf nu akeekkachiisa.

- Kanaafuu ga'een amantootaa yeroo gooftaan itti dhufu adda baasanii beekuuf carraaquu otuu hin ta'in , Wangeela mootummaa isaa jabaatanii lallabaa isa eeggachuu dha. (HoE.1:8-11)

## 18.3. SABABOOTA DEEBI'EE DHUFUU GOOFTAA

Barumsi kun kan inni beeksisu akkamitti Waaqayyoo guyyaa tokko abaarsaa fi jal'ina sababii cubbuutiif har'a [bara Addaamii jalqabee] lafa irra jiru ittiin balleessu dha. Kunis akkaataa itti Waaqayyo waan

hundumaa haaraa godhu dha. Kana gochuuf immoo Waaqayyo diinota isaa yeroo inni itti adabuu fi warra kan isaa ta'an immoo iddoo dhiphiinnii fi gidiraan akkasumas hammeenyi tokko illee hin jirre dhaalchisutu dhufa. Egaa guyyaa kanatu guyyaa dhugaa jedhama.

- Kiristoos deebi'ee dhufee (Maat.24:27-30) guutummaa macca lafa irraatti faraduu isaa (Maat.25:31-46;1Qor.15:20-24) durayeroo dhuphuu guddaatu jira (TRIBULATION)(Maat.42:4-26)
- Biyyi lafaa Abbiddaan itti faradama (Isa. 66:16);
- Guyyaa dhumaa kanattis gargar calalamuun akka jiru mul'isuuf gooftaan fakkeenyota namaaf galuu danda'anitti fayyadamee dubbateera:

  .1. Holota fi re'oota: warra qannoo barabaraa keessaa qooda qabaatanii fi warra gubata barabaraatti darban(Maat.25:31-46)

  .2. Haammaa midhanii (qamadii fi inkirdaada)(Maat.13:38-43;Mul'ata 14:14-20)

  .3. Kiyyoo qurxummii keessaa isa gaarii fi isa gadhee gargar calaluu (Maat13:47-50)

Deebi'ee dhufuu Gooftaa

- Kun bu'uura abdii Kiristaanotaa isa jalqabuu raawwii karoora Waaqayyoo agarsiisu dha.
- Kutaan Macaafa Qulqulluu baay'een waa'ee deebi'ee mul'achuu Yasuus qulqullessanii mul'isu.
- Yasuusis ofuma isaatii akka deebi'ee dhufu abdachiiseera. Barsiisa isaa isa gara dhumaatti waa'ee guyyaa dhumaa barsiise irraattis, "*Yammus milikkinni ilma namaa waaqa keessatti in mul'ata;yeroo sanatti sabni biyya lafaa hundinuu boo'uuf jiru; ilmi namaa immoo duumessa waaqaa irra humnaa fi ulfina guddaadhan dhufuu isaa arguuf jirtu.*" (Maat 24:30)."Ilmi namaa ulfina isaatiin, ergamoonni Waaqayyoos hudninuu isaa wajjin in dhufu; yemmus inni teessoo ulfina isaatii irra in taa'a" (Maat 25:31) Jedheera. Mar. 13:26;Luq.21:27ilaali.

- Gooftaan Yasuus galgala itti fannifamuuf qabametti akka deebi'ee dhufu bartoota isaatti dubbatee ture. Akkas jedhee, *"Yemmuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi'ee dhufeetan gara ofii kootiitti isini fudhadha"* (Yoh.14:3).

- Barsiisa Yasuus ofii isaatiin kennetti dabalatee, waa'ee debi'ee mul'achuu Yasuus himoota baay'eetu barreeffamee Kakuu Haaraa keessatti argama.

- Gaafa dhu'aa ka'uu isaa booda Yasuus otuu bartoonni isaa ilaalani ol bahetti ergamoonni Waaqayyoo lama dhuganii, akkuma kanatti akka inni deebi'ee dhufu dubbataniiru. Akkas jedhanii, *"… Yasuus inni isin biraa gara Waaqaatti ol fudhatame kun, akkuma amma itti gara Waaqaa dhaquu isaa argintan kantti immoo deebi'ee in dhufa"* (HoE. 1:11). Kana jechuun Yeroo deebi'u qaamumaan mul'atee, utuu namoonni arganii dhufa jechuu dha.

- Phaawuloosis waa'ee deebi'ee mul'achuu gooftaa yeroo baay'ee dubbate. Fkn.Filp.3:20-21; 1Tes.4:15-16; 2Tes.1:7,10;Titos 2:13 dubbisi.

- Barreesitoonni Kakuu Haaraa warri kan biroonis wa'ee kanaa xuqaniiru. (Ibr.9:28;Yaq.5:7-8; 1Phex.1:7,13; 2Phex.1:16;3:4,12; 1Yoh.2:28

⇨ *Kanaafuu, deebi'ee dhufuun Gooftaa dhugaadhumatti barsiisa bal'inaan Kakuu Haaraa keessatti barsiifaman keessaa tokko dha.*

### 18.4. Yeroon isaa

Deebi'ee dufuun Gooftaa kan sirriitti beekamaa ta'e yoo ta'e illee, yeroon inni itti deebi'ee dhufu garuu hin beekamu. Waaqayyo guyyaa isaa murteessee haa kaa'u malee, guyyichi garuu dhala namaatiin kan beekamu miti. Kanaaf jedhee Yasuus, "*guyyicha Abbaa koo malee kan beeku hin jiru* "jedhe (Marq.13:32-33,35; Maat. 24: 36-44).

Yeroo bartoonni isaa waa'ee kanaatiif jabeessanii isa gaafatanitti, Yasuus akkas jedhee deebiseef, "*Yeroo ykn bara abbaan gooftummaa isaatiin dhaabe, beekuun isiniif hin kennamne*" (HoE 1:7).

## 18.5. BIFA AKKAMIITIIN DHUFA?

1. Qaamaan fi dhagnaa ittiin ol baheen (personal and physical):

   Kan Yasuus deebi'ee dhufu dhokatee [akkaataa namatti mul'achuu hin dandeenyetti] otuu hin ta'in, qaamaan. Kanas akkuma otuu bartoonni isaa ilaalanii ol bahe, otuu namoonni arganii deebi'ee dhufa. HoE.1:11;1Tes.4:16;Yoh.14:3.
   "akkuma itti ol bahetti, akkasumastti deebi'ee dhufa"
   Barsiisonni sobaa tokko tokko, yeroo inni dhufu 'beekuu hin dandenyu, amma iyyuu dhufee as jira, hafuuraan guyyaa Phexeqoosxeetii jalqabee dhufeera' jedhu.

2. Argamee (visible):

- Barsiisonni sobaa tokko tokko (fkn. Warri Dhuga- baatota Jehoovaa jedhaman) Yasuus Onkoloolessa 1, 1914 irraa jalqqabee biyya lafaa irratti mo'ii jalqabeera jedhu. Akka isaan jedhanitti, Yasuus erga ol bahee booda qaama /dhgana mul'achuu danda'u waan hin qabneef , argamni isaa akkaataa hin argamnetti jiraatee dhiibbaa uuma jedhanii barsiisu.
- Yaada isaanii kun garuu barsiisa Macaafa Qulqulluu wajjin walif hin galu.Irra deebinee HoE 1:9-11 yoo dubbifne, yeroo Yasuus ol fudhatame bartooni isaa isa ilaalaa turan. Otuu isaan isa duukaa gara waaqa ilaalaa jiranii ergamoonni yeroo itti mul'atan, "akkasumatti deebi'ee dhufa" jedhanii bartootatti dubbatan.
- Mee Maat.24:30 dubbisi. "*keessatti in mul'ata;yeroo sanatti sabni biyya lafaa hundinuu boo'uuf jiru; ilmi namaa immoo duumessa waaqaa irra humnaa fi ulfina guddaadhan dhufuu isaa arguuf jirtu.*"

3. Yeroo hin eegamnetti :

   Yoodhuma deebi'ee dhufuu gooftaa dura mallatooleen baay'een [kan akka xura'uummaa iddoo qulqullaa'aa dhaabatu (maat.24:15), rakkina guddaa (lk 21), dukkanaa'uu aduu (lk29)] ta'an illee, isaan yeroo itti inni dhufu isa sirrii isaa hin himan.
   Kanaafuu namoota baay'eedhaaf deebi'ee dhufuun gooftaa akka tasaatti ta'a.(Maat.24:37;1Tes.5:2-3;2Phex.3:3-4)

4. Moo'ichaa fi ulfina guddaadhaan:

- Yasuus yeroo deebi'ee dhufu akka isa jalqabaatti, gad-deebi'ummaadhaan otuu hin ta'in ulfinaa fi humna guddaadhaan. (Maat.24:30;marq.13:26; Luq.21:27).
- Ergamoota Waaqarraatiin marfamee dhufa. (1Tes.4:16)
- Teessoo ulfinaa irra ta'ee, saba hundumaatti farada (Maat.25:31-46)

### 18.6. Du'aa Ka'uu

Macaafni Qulqulluun du'aa ka'uu amanaa abdachiisa. Kakuu Moofaan keessatti kutaalee kana mirkaneessan baay'ee argachuu dandeenya. (Dan.12:2; Izq.37:12-14; Faar.49:15; Faar.17:15)

- Barsiisa Kakuu Haaraa keessattis waa'ee du'aa ka'uu bakka hedduuti arganna. (maat.22:29-32;Marq.12:24-27;Luq.20:34-38, Yoh.5:25,28-29)
- Ergaawwan Kakuu Haaraa keessattis waa'ee barsiisa du'aa ka'uu baay'ee argachuu dandeenya. Phaawuloos du'aa ka'uun foonii akka jiru amanee barsiisaa ture. (1Qor.15:51-52; 1Tes.4:13-16; 2Qor.5:1-10)
-

### 18.7. Du'aa ka'uun foonii ti

Rom.8:11"
Filph.3:20-21;
1Qor.15:44

### 18.8. Firdii dhumaa

Waa'een deebi'ee dhufuu goofataa dhimma firdii isa dhumaa wajjin wal qabatu dha. Namoota baay'eedhaaf kun fuldura isaanii yeroo ilaalanitti wanta guddaa isaan sodaachisu ta'eeti mul'ata. Dhuguma kan inni akkas ta'uuf warra Kiristoositti adda bahanii jiraatanii fi warra qajeelummaa hinqabnee wajjin warra itti fardamuuf. Warra Kiristoositti jiraniif garuu wanta, hawwiidhaan eegatamuu dha.

## KITAABILEE WABII:


-------. 2004. 3rd ed. Christian Workship and Litergy. A course for Diploma in Theology. Makane Yesus Seminary. Addis Ababa. Ethiopia.

-------. 2006.Barumsa Amantii cimsachuu. Waldaa Kiristiyaanaa Makaana Yesuus,Sinoodosii Gidduu Galeessa Itoophiyaa,Waldaa Amantoota Biiftuu Boolee.Finfinnee.(not published)

-------. Macaafa sirna sagadaa Waldaa Amantoota Wangeelaa Makaana Yasuus

-----------.1987. u U’f TÅÓ:: ¾¡`ef“ U’f fUI`f' u»=.¨.u?.S"’ >=¾c‹e ¾¨’’Ñ@M >ÑMÓKAf SU]Á& S"’ >=¾c‹e Y’-êOõ ¡õM:: >Ée >uv& >=fÄåÁ::

Adam Clarke . LL.D., F.S.A., (1715-1832). Commentary on the Bible.

Albert Barnes. (1798-1870). Notes on the Bible.

Bruce Milne. 1982. Know The Truth. A Handbook of Christian belief. Inter-Versity Press. England.

Jerry Falwell and Edward E. Hindson, *et.al.* 1983. Liberty Bible Commentary. Old-Time G ospel Hour, Lynchburg, Verginia.

Johann (C.F.) Keil (1807-1888) & Franz Delitzsch (1813-1890). Commentary on the Old Testament.

John Gill (Dr.). (1690-1771). Exposition of the Entire Bible.

John Nelson Darby. (1800 - 1882). Synopsis of the Old and New Testaments.

Kevin Smith (Dr). 2006. Corss Roads: *the way to leave and lead*. Course Material. SA Theological seminary. South Africa.

Luther’s Samll catechism. --------------------------

Matthew Henry. 1995. Conscise Commentary on the Whole Bible. OM Literature. Waynesboro, Georgia.

Millard J. Erickson. 1994. Christian theology .Baker books.Grand Rapids, MI 49516-6285. Michigan.

Rick Meyers. 2000. e-Sword Version 7.7.7.Equipping Ministries Foundation. USA. www.e-sword.net/support.html.

Thomas Hale and Stephen Thorson . 1996. The Applied New Testament commentary. Kingways publications, Eastbourne. England.

Vine, WE, Merril F. Ugger and William White,Jr. 1985. Expository Dictionary of Biblical Words. Thomas Nelson Publishers.

"gaa a ni b yy l faa guu u m at i buufate, l bbuu is at i y o hir'is , y o of balleess s, bu aan i aa m al re ?"

(angeela Luqaa 9: 5)

Galagalc a macaafa kanaafis ta'ee, barruulee kan biroo argachuu akkasumas g affii gaafachuuf ykn yaada kennuu yoo feeta teessoo kanaatti aa ee jiruun u qunnam.aa.

Teklu T. Guta
The ord-the Blood-the Spirit
P Box 4668 (Finfinne)
E-m il: tekluwbs@yahoo. om

6

T-1